

Fikadu Tasgara

Askalee caala 44.pdf

 PhD
 PhD
 Dembi Dollo University

Document Details

Submission ID

trn:oid::1:3620342176

Submission Date

Jul 31, 2026, 3:52 PM GMT+3

Download Date

Jul 31, 2026, 3:54 PM GMT+3

File Name

Askalee_caala_44.pdf

File Size

912.9 KB

88 Pages**21,862 Words****148,610 Characters**

27% Overall Similarity

The combined total of all matches, including overlapping sources, for each database.

Filtered from the Report

- Bibliography
- Quoted Text

Match Groups

-  **114 Not Cited or Quoted 26%**
Matches with neither in-text citation nor quotation marks
-  **8 Missing Quotations 1%**
Matches that are still very similar to source material
-  **0 Missing Citation 0%**
Matches that have quotation marks, but no in-text citation
-  **0 Cited and Quoted 0%**
Matches with in-text citation present, but no quotation marks

Top Sources

- 27%  Internet sources
- 0%  Publications
- 3%  Submitted works (Student Papers)

Integrity Flags

0 Integrity Flags for Review

No suspicious text manipulations found.

Our system's algorithms look deeply at a document for any inconsistencies that would set it apart from a normal submission. If we notice something strange, we flag it for you to review.

A Flag is not necessarily an indicator of a problem. However, we'd recommend you focus your attention there for further review.

Match Groups

- 114 Not Cited or Quoted** 26%
Matches with neither in-text citation nor quotation marks
- 8 Missing Quotations** 1%
Matches that are still very similar to source material
- 0 Missing Citation** 0%
Matches that have quotation marks, but no in-text citation
- 0 Cited and Quoted** 0%
Matches with in-text citation present, but no quotation marks

Top Sources

- 27% Internet sources
- 0% Publications
- 3% Submitted works (Student Papers)

Top Sources

The sources with the highest number of matches within the submission. Overlapping sources will not be displayed.

1	Internet	etd.aau.edu.et	18%
2	Internet	ir.haramaya.edu.et	5%
3	Internet	irlib.ambou.edu.et	2%
4	Internet	press.et	1%
5	Internet	repository.ju.edu.et	<1%
6	Internet	www.coursehero.com	<1%
7	Student papers	Haramaya University	<1%
8	Internet	nadre.ethernet.edu.et	<1%

YUUNIVARSIITII WALLAGGAA

XIINXALA OGAFaan DUBARTOOTA IBSAANII: OGAFaan FILATAMAN XIYYEEFFACHUUN

QORATTUU: ASKALEE CAALAA

GORSAA:WAAQTOLAA WAAQJIRAA (PhD)

3

**QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA BARNOOTA AFAAN
OROMOOFI OG-BARRUUTIIN GUUTTACHUUF QOPHAA'EE
YUUNIVARSIITII WALLAGGAATTI KOOLLEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI
NAMUMMAA MUUMMEE AFAAN OROMOOFI OGBARRUUF DHIYYAATU**

Waxabajjii, 2025,

Oromiyaa, Naqamtee

6

Waraqaa qorannoo barataa **Askalee Caalaa** mata-duree Ilaalcha hawaasni Dubartootaa qabu ogafaan filatame keessatti jedhu irratti geggeessumma koo jalatti hojjechaa ture dubbisee madaaleera. Kanaaf, uunka waraqaa qorannoo sagantaadigirii duraan boodaa waan guutee jiruuf akka inni dhiyeessuuf yaada kenneera.

Maqaa Gorsaa Ijoo

Mallattoo

Guyyaa

Maqaa Gorsaa Gargaaraa

Mallattoo

Guyyaa

Akka miseensa boordii qortoota Sagantaa Barnoota Digirii Duraan Boodaa (MA) tti, waraqaa qorannoo barattuu **Askalee Caalaa** qophaa'e dubbisee madaaleera. Akka koottiwaraqaan kun uunka waraqaa qorannoo Sagantaa Barnoota Digirii Duraan Boodaa AfaanOromoofi Oguma Barsiisuutiin ni guuta jedhee mirkaneesseera.

Gaggeessaa

Mallattoo

Guyyaa

Qoraa Keessaa

Mallattoo

Guyyaa

Qoraa Alaa

Mallattoo

Guyyaa

IBSA QORATICHAA

Ani qorattuun maqaafi mallattoon kiyya kanaa gaditti eerame waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo kan ta'eefi kanaan dura yuunivarsiitii kamiyyuu keessaatti qorannoo eebbaatiif kan hin dhiyaanne ta'uusaafi wabiileen qorannoo kanaaf dubbisee irraa fayyadame hunda isaanii wabii keessa kaa'uu kiyya nan mirkaneessa

Maqaa: **Askalee Caalaa**

Bakka: **Yuunivarsiitii Wallaggaa**

Mallattoo: _____

Guyyaa: _____

Gabaa jeewwan

Hiika	Jechootaa
Alalaa	wiixaa hodhaa halluun dibame
Ansha'oo	Dirree Lolaarratti milkaa'ina goonfachuu
Beera	Dubartii heerumte
Ceekataa	Gosa mukaa dawooma garaa fi ijaatiif tajaajilu
Daraboo	Hiriyyaa
Erbee	Itillee gogaarraa hojjatame kan irra ciisan
Hanfalaa	Hidhata mudhii dubartoota oromoo
Halchaa	Hawwii ykn fedhii
Harraabuu	Harooruu
Hincinnii	Gosa qoree baayyee xixiqqoo daran nama gubdu

GALATA

2 Duraan dursa waaqayyoo isa uumama hundaa walqixa uumeef galanii guddaan yaa ta'u jechaa ananis fayyaa isaa hunda caaluu naaf kenne addanaan nagaheef galanii yaata'u. itti aansuun, Akka qorannoo kana milkeessuuf beekumsaafi muuxannoo qabaniin nuffii tokko malee yeroo isaanii aarsaa gochuudhaan gorsa naa kennaniif Gorsaa koo Waaqtolaa waaqjiraa (PhD). Haaluma kanaan, Obbaleetti koo hamiileefi deeggarsa barbaachisu hundaan na maddii dhaabachaa turteen, Akkasuma Obbo makura Badhaane maanguddoo Aanaa dabalataa qarreen,qerroo maanguddoota gaadoota Abbaa saamu'eel hojjetoota gurmaa'insafiAadaaf turizimii Galata guddaa qabdu.

Baafata

Qabiyyee Fuula

IBSA QORATICHAA	III
Gabaajeewwan	IV
GALATA	V
Axareeraa.....	1
BOQONNAA TOKKOO.....	2
SEENSA.....	Error! Bookmark not defined.
1.1 Seenduubee Qorannichaa	2
1.2. Ka'umsa Qorannichaa	4
1.3. Gaaffilee Bu'uura Qorannichaa	5
1.4 Kaayyoo Qorannoo	5
1.4.1 Kaayyoo Gooroo Qorannichaa	5
1.4.2. Kaayyoo Gooree Qorannicha	5
1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa	6
1.6 Daangaa Qorannichaa	7
1.6. Hanqina Qorannichaa	7
BOQONNAA LAMA.....	8
2. SAKATTA'A BARRUU FIROOMAA	Error! Bookmark not defined.
2.1. Og-Afaan	8
2.2. Amaloota Ogafaanii	9
2.2.1. Hurruubummaa	9
2.2.2. Lufummaa.....	9
2.2.3. Uummatummaa.....	10
2.2.4. Jijjiiramummaa	10
2.2.5. Miidhagummaa	11
2.3. Ulaagaalee Qoqqoodinsa Ogafaanii.....	11
2.3.1. Unka.....	11
2.3.2. Hurrubbummaa	11

2.4. Faayidaa Ogafaanii	11
2.5. Ilaalcha	12
2.6. Akaakuwwan Ilaalcha Namaa	13
2.7. Ilaalchi Namaa Maaliin bocama?	13
2.7.1. Aadaa Ati Keessatti Guddatte.....	14
2.7.2. Maatii Si Guddise	14
2.7.3. Naannoo Ati Keessatti Guddatte	14
2.8. Dubartuummaan Maalii?	14
2.8.1. Siyaasaafi Dubartummaa	15
2.8.2. Dinagdee fi Dubartummaa.....	17
2.8.3 Ogafaan Oromoofi Dubartummaa	18
2.8.4. Mammaaksaafi Dubartummaa.....	20
2.8.5 Oduu Duriifi Dubartummaa.....	23
2.9. Jechamaafi Dubartummaa	28
2.10. Seera Siinqee	28
2.11. Yaadiddama Qorannichaa	29
2.12. Sakatta'a Qorannoo Aantee	31
BOQONNAA SADII	32
3. MALLEEN QORANNICHAA	32
3.1 Saxaxa Qorannichaa.....	32
3.2. Madda Ragaalee	33
3.4. Mala Iddattoo	34
3.5. Mala Iddattessuu	34
3.6. Meeshaalee Funaansa Ragaalee	35
3.6.1. Afgaaffii.....	35
3.6.2. Sakatta'a Dookimantii	36
3.7. Mala Xiinxala Ragaalee	36
3.8 Naamusa Qorannichaa.....	36
4. DHIYYEESSAA FI QAACCESSA RAGAALEE	38
4.1. Ilaalchi Dubartootaa Og-Afaan Filataman Keessatti	39
4.1.1. Haala Mammaaksa ofittummaa keessatti dhiyaateen	40
4.1.3. Ilaalcha Yaraa Mammaaksa Keessatti Dubartootaan Jedhaman	50

4.1.4. Ilaalcha Eeyyeentaa Dubartootaa Dhimmoota Hawaasummaa Keessatti	53
4.1.5. Ogafaan Keessatti Ilaalcha Dubartootaa Siyaasa Keessatti Yeroo Ibsu.....	56
4.1.6. Ilaalcha Dubartoota Oduudurii Keessatti	57
4.1.7. Ilaalcha Gama Kabaja Dhabuu Dubartootaaf Oduudurii Keessatti.....	57
4.1.8. Ilaalcha Gama Hawaasumaa Dubartootaa Ogafaan keessatti.....	59
4.1.9. Amanamummaan Dhabuun walqabatee oduu durii keessatti.....	59
4.1.10. Ilaalcha Dubartootaa Oduu Durii Hinaaffaa Agarsiisu Keessatti.....	60
4.1.11. Ilaalcha dubartootaa jechamoota keessatti	60
4.2. Gaheen Dubartoonni Sirna Gadaa Oromoo Keessatti Qaban.....	64
5. CUUNFAA, ARGANNOO FI YABOO	67
5.1. CUUNFAA.....	67
5.2 ARGANNOO	68
5.3 YABOO.....	68
WABIILEE.....	70
DABALEEWWAN	74
Dabalee A: Ilaalcha dubartoota mammaaksa keessatti	74
Dabalee B-Ilaalcha dubartootaa Oduudurii keessatti.....	76
Dabalee C Ilaalcha dubartoota jechama keessatti	77
Dabalee D: Gaaffilee Afgaaffii	78
Dabalee C: Gaaffiilee Marii Garee Xiyyeeffannoo	78
Dabalee E: Odeeffannoo Waa'ee Hirmaattota Qorannoo.....	79

Axeeraraa

Qorannoon kun mataduree Xinxala ogafaan dubartoota ibsaan ogafaan filataman Godina shawaa bahaa aanaa Aqaaqii irratti xiyyeeffachuun Kan hejjetamedha qorannoon kun boqonnaalee Shan Kan qaban yoo ta'u boqonnaa keessatti seenduubee ka'umsaa qorannoo gaaffilee bu'uuraa kaayyoo qorannoo barbaachisummaa qorannichaa dangaa namusa Kan ofjalatti haamatedha boqqonna lamaffaa sakkatta dookimeentii qorannoo kanaaf utuban yookaan cimsa Kan dhiyaatan yoo ta'u boqonnaa sadi jaalatti ammoo saxaxa qorannoo gosa qorannoo yaadidama qorannoo kallatti qorannoo madda ragaalee mala iddattoo tooftaa iddatessuu micarraa Akkayyoo darbaa dabarsaa meeshalee funaansa ragaalee sakkatta barruu Afgaaffiifi marii garee Kan dhimma ba'amedha.boqonna Afur jaalatti ammoo ogafaan filataman mammaksa jechama oduu durii funanamani qaacceffamaniiru. boqonnaa shan jaalatti cunfaa argannoon yaboo Kan jirani gabababumatti qorannoon kun ulaaqoranno tokkoo guutee Kan dhiyaatedha.

2

BOQONNAA TOKKOO: SEENSA

Boqonnaa kana jala waantootni ijoon jiran: - seenduubee qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, gaaffilee bu'uura qorannichaa, kaayyoo, gooroofi gooreefi daangaa qorannichaati.

1.1 Seenduubee Qorannichaa

Ogafaan gooroolee ogumaa keessaa tokko ta'ee, ifa jiruufi jireenya dhala namaati. Akkasuma karaa uummanii Kan ittiin walbarsiisu, walqajeelchu fi ittiin walqeequdha. Yaaduma kana Warquun (2003:1). yoo ibsu, dhalli namaa aadaa, seenaafi duudhaa walumaagalatti haala jiruufi jireenya isaa kan ittiin ibsatu keessaa afoolli isa murteessaadha.

Yaaduma olii kana Geetaachoon, (2005:141). yoo ibsu, gooroolee ogafanii keessa karaalee hawaasni walbarsiisaafi walqeeqaa turan keessaa tokko geerarsaa, oduudurii, mammaaksaa, jechamoota, hibboowwaniifi walleewwaan adda addaatti fayyadamuun osoo afaan isaa sirna barreeffamaan hin jalqabiin dura jiruufi jireenya, duudhaafi seenaa isaa ittiin barsiisaa turera" jedha. Yaada hayyoota kanaa irraa waanti guddaan xiinxalu karaa ittiin hawaasni jiruufi jireenya keessatti gahee afoolli gama eenyummaa hawaasichaa, barsiisuu, tursiisuufi ilaalcha hawaasichi waliif qabu ibsuu keessatti qabu ol'aanaa ta'uusaati. Haaluma kanaan hawaasni tokko ogafaanitti fayyadamuudhaan haala keessadabre, keessa jiruufi kan gara fuulduraatti ta'uu danda'u hubachuu irra dabree qeequu, falaasama isa keessa jiru sirriitti beekuuf shoorri inni qabu baay'eeolaanaadha.

Itti dabalees, namooti ogafaanitti fayyadamuudhaan eenyummaafi madda yookiin eessaa dhufttee isaanii kan ittiin ibsatan, amala badaa hawaasa keessa jiru kan ittiin qeeqaan yookiin balaaleffatan, gochaalee gaarii ta'an immoo kan ittiin jajjabeessan oguma kanaani. Kunis wanta badaa ta'e sana akka innifooyya'uufi sirraa'u kan taasisan, kanneen gochaalee gaggaarii dalagan immoo akka caalaatti itti jajjabataniif kan ooluudha.

Ogafaan kunis, jechaafi gochaan waan daddarbuuf jijjiiramaaf nisaaxilama. Og-afaan kun gochaafi jechaan waan darbuuf dhaamsiifi qabiyyeen isaa keessaa harca'uu danda'a. Kunimmoo ogafaan akka jijjiiramu godha. Waa'ee jijjiiramakanaas ilaachisee, Wasaneen, (2001). yoo ibsu, Ogafaan jijjiiramaaf baay'ee saaxilamaadha. Bu'uurri isaas hawaasni jijjiiramuu waan danda'uufi. Sababni isaas ogummi kuniifi hawaasni addaan bahanii hin ilaalaman. Calaaqqee

ummataa waan ta'eefi ogafaan labata tokkoo gara labata birootti darbuuf jechoonni bareedoon keessaa hafuu ykn itti dabalammu danda'u. Hawaasni immoo haala jiruuf jireenya isaa akkasuma, amantaafi teeknoolojiin, jiruufi jireenyaan jijjiiramuu waan danda'uuf afoollis jijjiiramuu danda'a. Yaada kana deegaruun Finnegan (1970) sababa dheerina yeroo irraa kan ka'e caasaan isaa waan jedhamu sanaa akka jijjiiramuu danda'u ibsiti.

Oromoon hawaasa yeroo dheeraaf ogafaanitti fayyadamaa ture ammas fayyadamaa jiruudha. Ogafaan isaas aadaa, oolaa bultii, gaddaafi gammachuu, jiruufi jireenya, bultiifi bulchiinsa, safuufi seera, beekaafi beekkumsa, gootummaafi eenyummaa labata barsiisuuf kan ooludha. Akka Alamaayyoo (2007:17) ibsetti gosoota Oromoo biyya kana keessa jiraatu keessaa Tuulamni gosa guddaadha.

Ogafaan Oromoo kan agarsiisuu waa'ee aadaafi seenaa uummatichaati. Shawaa bahaa Aanaa Aqaaqii biratti dameewwan afoolaa kanneen akka; durdurii, jechamoota, mammaaksa, geraarsa, faaruu loonii, faaruu, tartaarii, ashoo-aashilaa, , sunsuma, nagaa walgaafachuun, eebbi, abaarsi, koottu dhufeen, ragamtaa, himtee, faaruu gootaa, buuxxuula, sossoba daa'immanii, tapha ijoollee, faaruu ateetee, sirbi faa bay'inaan jiru.

Dubartoonni mirga odeeffannoo mutessaa qabaachuun filannnowwan jiraachuuf jireenya isaanii agarsiisuu qabaachuu akka qaban deeggera raawwachuun danda'u kanumaan dubartummaan gadaantummaa yookiin amantaa walqixxummaaksraa maraan jiran dubartoota sadarkaa addunyaatti aangoo kennuuf ilaalcha namni yookaan hawaasni ofguddisuu dhiiraa hir'isuun hojjetamuudha.

Dubarttoonni biyya tokko karaalee hundaan kanneen akka, diinagdee, hawaasummaafi siyaasaa keessatti dhiirota waliin walqixa gahee isaanii bahuu akka qaban kan ibsudha. Akkasumas olaantummaa dhiironni gama hundaan: siyaasaan, diinagdeen, hawaasummaanii keessatti walqixa aangessuu keessatti walqixxummaa dubartootaaf kan falmu, carraa hawaasa keessatti qabeenya irratti haqa akka argataniif kan qabsaa'udha jechuun lafa kaa'uun ni danda'ama.

Qorannoon kunis kanuma giddugaleessaa godhachuun dhimma dubartiifi dubartummaa ogafaaniifi Aadaa hawaasaa Oromoo Shawaa bahaa Aanaa Aqaaqii keessatti maal akka fakkaatu ilaaluurratti fuulleffata.

1 Dhimmi dubartiifi dubartummaa haalli itti calaqqisu kallattii adda addaatiin hawaasa keessa
1 nimul'ata. Akkuma beekkamu immoo ilaalchi gad-aantummaa dubartootaa calaqisiisan dhimma
akka addunyaatti hojiirraa oolaa turedha. Garuu maddi isaa maalii kan jedhu gaaffii deebii sirrii
kan barbaadudha. Qorannoon kuni ilaalcha hawaasni dubartii fi dubartummaa irratti qabu
gosoota ogafaanii filataman kan Godina Shawaa Bahaa Aanaa Aqaaqii keessatti maal akka
fakkaatu yaadiddama dubartummaatti dhimma ba'uun qaaccessurratti xiyyeeffatee kan
gaggeeffamedha.

1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Qorannoo tokko adeemsiisuuf ka'umsaa qorannoo jiraachuun barbaachisaadha Haaluma kanaan
qorannoo kana hojjechuuf kan qorattuu kakaase haala naannoo godina shawaa bahaa Aanaa
Aqaaqii sana irra hubadhetti, akkaataan namoonni dubartoota afoolota adda addaa
gargaaramuun ilaalcha dubartiif qaban itti ibsan gadi bu'aa ta'u isaatu bu'ura naaf ta'e.

Haata'u malee qorannoowwaan kanaan dura hojjetaman fakkeenyaaf Qorattuu Muniraa, (2022)
mata duree “xinxala mammaaksa haamilee dubartoota jajjabessan yookaan buusan kan” jedhu.
Argannoon ishees mammaaksi dubartoota haamilee buusaan ofiif, matiif biyyaafis, akka bu'aa
buusuu hin dandeenye ibsitee jirti.

Kana malees qorannoo mataduree kanarratti akkan hojjedhuuf kan na kakaasee jireenya
hawaasummaa keessatti gooroolee afoolaa adda addaa yeroo dhimma itti bahan yoomessaan ala
dhimma itti bahuun sababa biroo galtee qorannoo koo naaf ta'eera.

Dabalatan qorata Malkaamuu yuunivarsiitii Addis Ababaa irra mata duree qaaccesss qabiyyee
mammaaksota dubartoota ibsan kitaaba jildi3ffaa irratti xiyyeffachuun jedha. argannoo isaas
ilaalchi namoota hin barannefi gad aantummaa dubartootaa leellisan irra akka maddu
kaasa. Walumaagalatti qorannoowwan kanaan dura hojjetaman baay'een isaanii gosoota
ogafaanii keessaa mammaaksarratti xiyyeeffachuun ilaalcha hawaasni dubartootaaf qaban kan
ilaalan yoo ta'u, qorannoo kana keessatti gosoonni ogafaanii biroos xiyyeeffachuun kan
hojjetamanidha.

Ogafaan hawaasaa keessatti akkaataan ittiin dubartoonni ibsaman dhiibbaa hamaa yookiin gaarii
garee hawaasaa kanneen irratti qabaachuu danda'a. Jaarraa amma keessa jirru kana keessatti

ilaalchi hawaasni dubartootaaf ogafaan isaa keessatti qabu gaarii yoo hin taane hirmaannaa garee kana argama hawaasummaa, diinagdee fi siyaasaa keessatti qaban miidhuu irra darbee hanga guddina biyyaa irratti dhiibbaa hamaa qabaachuu danda'a.

Faallaa kanaatiin ammoo ogafaan keessatti haalli dubartoonni ittiin ibsaman mishaa yoo ta'e hirmaannaan dubartootaa roga hundaan kan dabaluu fi guddina biyyaa keessatti gaheen isaan qaban olaanaa ta'a.

2 Akkasuma Yewayinxejji (2016) qorannoo gaggeessiteen mammaaksi dubartoota akkumahanqina isaanii ibsutti, cimina isaaniis akka ibsuu mataduree qaaccessa mammaaksota cimina dubartootaa mul'isan qorannoo jedhuun argannoo ishee keessatti lafa keessee jirti. Mammaksonni cimina dubartootaa ibsan kunneenis, dubartoonnii hawaasa keessatti abshaalummaa, obsa, garalaafummanfi ogummaa qabaachuun isaanii qorannoo ishee keessatti eertee jirti. Oromoo Shawaa Bahaa Aanaa Aqaaqii keessatti ilaalchi hawaasni dubartootarratti qabu, ogafaan isaa keessatti haalli ittiin ibsame bifa barreeffamaatiin kaa'uun, madda rakkoo ilaalcha faalasama uummatichaa wajjiin wal hin qabannee adda baasuun, qorannoon kunis dhaloonni haaraan wal qixxummaa koorniyaatti akka amanan taasisuu irratti xiyyeeffata.

1.3. Gaaffilee Bu'uuraa Qorannichaa

1 Qorattuunis, qaawwa kana salphisuuf gaaffileen akka mala dhahiinsaatti dhiyaatan armaan gadii ka'umsa godhachuun qorannichi ademmsifameera.

- ❖ Ogafaan filataman dubartoota ibsaan jiru?
- ❖ Og-afaan filataman keessatti dubartoonni Akkamtaatti ibsaman?
- ❖ Ogafaan filataman dubartoota irratti dhibbaa akkami geessisa?

1.4 Kaayyoo Qorannichaa

1.4.1 Kaayyoo Gooroo

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa Xinxala ogafaan dubartoota ibsaan: ogafaan filataman xiyyeeffachuun keessatti maal akka fakkaatu qaaccessuu dha.

1.4.2. Kaayyoo Gooree

- a. Ogafaan filataman dubartoota ibsaan akkamiin akka jiru xinxaluuf

b. Og-afaan filatamankeessatti dubartoonni akkamitti akka ibsaman adda baasu.

c. Ogafaan filataman dubartoota irratti dhibbaa akkamii akka gessisan qacceessuuf.

1.5. Barbaachisummaa Qorannichaa

Qorannoon kun yeroo adamsiifamu bu'aa tokko buusuu yookaan raakkoo sana hir'isuu qabajedhamee yaadametu. Haaluma Kana mata duree qorannoon irratti gaggeeffame irratti bu'uura godhachuun toftaa qorannoon tokko itti fayyadamu qabu ka'umsa taasichuun qorannoo sana irraa bu'aa argamu jechuudha. Kanumarraa ka'uun qorannoon kun haalli ittiin dubatoonni ibsaman ogafaan filataman kanneen akka jechama oduu durii Mammaaksa keessatti Oromoo hawasa Godina Shawaa Bahaa Aanaa Aqaaqii keessa gurmuun labata dhufuuf akka irra baratan fulcha Kan ta'uufidha.

Itti dabaluun immoo dhimmonni dubartoonni hawaasa keessatti sirritti akka argataniifi ilaalcha gaarii akka qabaatan haala mijeessuu danda'a jedheeti. Sababiin isaas dubartiin saba kana keessaa harka walakkaadhas ol waan ta'aniifi ilaalchi kun immoo parsantii ta'eef kana duduubatti dhiisanii karaa kamiinuu hojjii milkaa'uumma qabu hojjechuunf waan hindanda'amneefi karaa biroon akka nama tokkootti ilaalchi gadaantummaa fi hamilee xuquun nama nama ta'eef uumame maraafuu gaarii waan hintaaneef ilaalcha kana maqsuu niola jedheeti.

Jiruu hawaasaa keessaatti ammoo dhiibbaa inni dhimmoota jiruuf jireenya hawaasummaa, siyaasaafi diinagee keessatti qabu dubbistoota biraan ga'uunf akkasuma hubannoo keessatti uumuuf

Qorattoota qo'annoofi qorannoo kana fakkaatu hojjetaniif akka bu'uura ta'uun sirritti yookaan bal'inaan waa'ee xinxala dubartootaa irratti gaggeessuuf barbaadaniif akka maddaa ragaatti fayyadsmuu dandaa'a jedhameeti.

Waajjira dhimma dubartootaa Godina Shawaa Bahaa Aanaa Aqaaqiif akka madda ragaatti olkaa'uun akka ilaalcha dubartootarra jiru irratti hawaasaaf hubannoo kenuu danda'a jedhee waan yaadeef

Ilaalcha gama hawaasummaan, dinagdeeniifi amantaan dubartootarratti dhiibbaa geessisan maqsa. Ilaalchi dhimma dubartiifi dubartummaa afoolaa keessatti kan gaarii ta'ee akka itti fufu

jajjabeessuufi kan dogoggora ta'e akka maqu gochuun dhaloota dhufuuf akka darbu gahee taphata.

1.6 Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun Xinxala hawaasni dubartootaaf qabu og-afaan filataman kan godina Shawaa Bahaa Aanaa Aqaaqii keessaa funaanaman maal akka fakkaatuu qaaccessuurratti xiyyeeffata. Og-afoolli dameeleefi qabiyyee heedduu waan qabuuf al-tokkoon fuula qabiyyeefi dameelee isaaniirratti qorachuun bira ga'uun ulfaataa waan ta'eef, ilaalcha hawaasni dubartoota irratti qabu gosoota ogafaanii filataman mammaaksaa, durduriifi jechama keessatti maal akka fakkaatu qaaccessuufidha.

Kana malees Shawaan bahaa Aanota heedduu qaba. Kanaafuu altokkoon hunmaafi dandeetti ani qabuun Aanota kana hunda bira gahuu waanan hin dandeenyeef, Aanota jiran keessaa Aanaa Aqaaqii filachuun, aanaa kana keessaa ammoo gandoota 4 filachuun ragaa funaannachuun irratti hojjechuuf yaaleen jira .

1.6. Hanqina Qorannichaa

Qorannoo kana gaggeessuu keessatti hanqinootni qorattuu mudatan yoo jiraataniyyuu, isaan keessaa ijoon hanqina yerooti. Hanqina yeroo jechuun yeroo ani qorannoo kana hojjedhe yeroo hojii mootummaa waliin walirra ta'uudha. Haa ta'u malee qorattuun rakkina kanaaf harka osoo hin kenniin yeroo boqonnaa ofii qixa sirriin itti dhimma ba'uun rakkoo kana furuun danda'aameera. Kana malees mata durichi haaraa waan ta'eef, hanqinni kitaabilee wabii adda addaa qorattuu mudatanii turan. akkasuma video warabamee bilbila keessa jiru bilbili duraa baduun akka irra deebi'amee waraabamu ta'ee jira

Ta'us, qoratuun kitaabilee qorannoo kanaan waliitti dhiyyeenya qaban adda addaa afaan Ingiliffaan barreeffamanii jiranfi joornaalota adda addaa gara afaan Oromootti fiduun hiikuun itti gargaaramuun furtee jirti.

BOQONNAA LAMA:SAKATTA'A BARRUU

Qorannoo tokko, akka ulaagaa madaallii guutu argatuuf, ragaalee iftoominaan qindaa'ee barraa'een deeggaramuu qaba. Gabaabumatti kutaa kana keessatti barreeffamoota ammaan dura kan mata duree qoratichaan walitti hidhata qaban sakatta'uun argannoon hojii qorannootiif barbaachisan kan gabbifaman tahu. Akkasumas yaadxinni qorannoo kana wajjiin wal qabatan kutaa kana jalatti dhiyaate.

2.1. Og-Afaan

Og-afaan gosoota fookiloorii keessa isa tokko ta'ee, gooroolee baayyee kan ofjalatti qabatudha. Qorannoo kunis kanneen akka mammaaksaa, oduudurii jechama kan of jalatti qabatudha. Ogafaan ogummaa hawaasaa kan afaaniin dholootaa dhalootatti daddarbudha. Ogafaan dubbii afaaniitiin yeedaloon kennameefi yookaan Kan hinkennamin kalaqaafi ogummaa dhimmoota adda addaa irratti xiyyeeffatuudha. Haala kanaan aadaa, duudhaa, safuu, seenaa, eenyummaa hawaasaa walumaagalatti, ogummaafi jireenya hawaasa tokkoo ibsuuf humna guddaa qaba.

Akkasumas hawaasni ogafaan kana gargaaramee, eenyummaa ofii beeksisa; dhuftee hidda dhaloota isaa seenessa; waa'ee jireenya waliigalaa irratti falaasama qabu ibsata (Asafaa Tafarraa, 2009). Aadaa fi duudhaan ofii kan ittiin tursiifamus ogummaa kanaanidha. Gaddaafi gammachuu, hawwiifi abdii, jibbaafi jaalala, injifachuufi injifatamuu, deeggarsaafi mormii, hunduu ogafaaniin ibsamu; ogafaan keessa jiru.

Kanaafuu, ogummi kun mankuusa jiruufi jireenyaafi beekumsaati jechuundanda'ama. Seenaan dalagame tokko labata itti aanuuf akka lufu, sanyiin isaaniis itti fufiinsa akka qabaatu, ogafaaniin mirkaneeffama. Duudhaa hawaasa gaarii tahe, fudhatama godhatee, kabajamee akka jiraatu, badaafi fokkisaa kan tahe ammoo akka dhabamu, yookaan akka baduuf ogafaanitti dhimma bahama. Hawaasa tokko irra balaan yoo gahu, (beela, godaansa, waraana, dhukkubaafi kkf) ogafaaniin ibsama; ittiin yaadatama. Balaawwan mudatan kunneen irratti, hawaasichi ilaalcha akkamii akka qabu miidhaan irra gahe hammam akka cimu, ogafaaniin qindaahee labata dhufuuf lufa (Addunyaa Baarkessaa 2014: 167).

Kana malees, Maddi ogafaanii mudannoowwanfi muuxannoowwan hawaasaati. Hawaasni martinuu (kan barnoota qabuufi hinqabne) ogafaan kan qabu yoo tahellee, hedduminaan qabeenya warra barnoota ammayyaa hinqabneeti. Yeroo hundumaa dhimma hawaasa gara garaa

1 irratti mammaaksi mammaakamu, durduriin himamu, dhimma waaqeffannaa gara garaa irratti wedduuwwan jechamootaan fayyaadamuun ergaawwan ciccimoo dabarfatu. Yeroo ayyaanota adda adda gaggeessan akkasuma gammachuu gara garaa sirboonni dhiyaatan, bakka namni tokkoo ol tahee walarge hundatti duduriin dhiyaatu, namoonni beekamoon himan, afseenaa maanguddoonni dubbatan hundi ogafaan hawaasni waa'ee mataa isaa, naannoo isaa, namootaafi addunyaa kanaa irratti ilaalchaafi falaasama qabu kan ittiin ibsatudha.

1 Itti dabalees, namoonni dhuunfaas tahe, hawaasni afoolawwan addaaddaatti fayyadamanii madaalanii qeequ; deeggaru, mormu, isa darbe itti yaadatu, isa dhufuuf raaju. Akkamitti akka uumaman, maaliif akka uumaman qoratu. Amala namootaa ittiin hubatu. Jireenya isaanii bu'uura kan tahe ittiin faarfatu. Jabinaafi laafina ittiin qoratu; daa'immaniifi dargaggoota ittiin barsiisu, gorsu jechuun Addunyaa Baarkessaa (2014:17) ibseera.

2.2. Amaloota Ogafaanii

1 Ogafaan amaloota gara garaa qaba. Isaan keessaa warreen bu'uura ta'an: hurruubummaa, jijjiirama, lufummaa, ummatummaafi qindaa'ina (Jaarraa W.fi Wasanee B.2001:163). Tokkoon tokkoon isaanii akka armaan gadiitti ilaalla.

2.2.1. Hurruubummaa

Ogafaan miidhagunummaa goonfatee miira dhaggeeffattoota tuquun ykn kakaasuun akkasumas, qalbii namaa booji'uun kaayyoo isaa galmaan gahuu kan danda'u hurruubummaa ykn gochaan yoo dhiyaateedha. Yaada kana ilaalchisee Zarihuun Asfaaw (1992:25), yoo ibsu,

3 Ogafaan yeroofibgochaan malee dhiyaatu qaanota miiraa namaa malee uummamuudha. Akka inni jedhutti, yeroofi gocha malee kan dhiyaatu yoo ta'e miidhagina hinqabu. Miiraafi qalbii dhaggeeffattootaa harkisuufi booji'uus hindanda'u. Kanaafuu, akkuma dubbiin Daddarban wantoota mammaaksaan bareeddu, Ogafaaniis gochaan bareeda.

2.2.2. Lufummaa

1 Lufummaan amaloota ogafaanii keessaa tokko ta'ee, amaloota lama ofkeessaa qaban. Kan gurraan dhageenyuufi Adeemsi ogafaan tokko labata tokkoo gara labata itti darbu lufummaa jedhama. Ogumni kun karaa lamaan dhalootarraa dhalootatti daddarbuu danda'a. Haasaa afaaniifi gocha. Kanneen afaaniin daddarban: mammaaksa, hiibboo, walaloo, eebba, abaarsaafi kkf yoo ta'an; kanneen gochaan daddarban immoo: weedduu, geerarsa, dhiichisa, tapha ijoollee, geelloofi kkfdha. kanneen gochaan dhalootarraa dhalootatti sochii qaamaati.

2.2.3. Uummatummaa

3 Uummatummaan amaloota ogafaanii keessaa isa tokkoodha. Ogumni Oromoo kun kan uummata Oromooti. Ogafaan akka kitaabaa abbaa barreesseen hinwaamamu. Uummata sanaa waamama. Sababni isaas, maddi oguma kanaa uummata waan ta'eef. Ogafaan yeroo kamiyyuu garee barbaada., akkasumas, amala hawaasummaafi nama walitti qabuu fedha. Uummanni karaalee adda addaan afoola keessatti qooda fudhachuu danda'a. Fakkeenyaaf, dhaggeeffachuun, jalaa qabuun, irratti hirmaachuun, sochii taasisuunifii kkf kaasuun nidanda'ama. Kanaaf, "ogafaan dimshaashaa (yuniversality) irratti xiyyeeffata."

2.2.4 Jijjiiramummaa

Ogafaan jijjiiramaaf baay'ee kan saaxilameedha. Sababni isaas, afaaniin dhalootarraa dhalootatti waan daddarbuuf akkuma jirutti dabarsuun rakkisaa ta'uu danda'a. Kunis jechaan miidhagina keessa irraa hafuu yookaan itti dabalammu danda'a. Ogafaanfi hawaasa gargar baasanii ilaaluun ulfaataadha.

Hawaasni tokko immoo diinagdee, siyaasaan, amantaan, teeknolojiifi haala jiruufi jireenyaan jijjiiramuu wan danda'uuf afoollis jijjiiraamuu danda'a. Kana ilaalchisee Finnegan (1970:17) yoo ibsiti, "There are also the clases when the performerintroduces valiation or order to pieces or event totally nawsforms intermsof the ditailed word in structure, or the content".

yaada kana irraa hubachuun akka danda'amutti, afoolli dhaloota tokko irraa gara dhaloota biraatti kan daddarbu afaaniin waan ta'eef fageenya yerootiin kan ka'e qabiyyeefi buusaa isaarratti jijjiiramni uumamuu kan danda'u ta'uu nuuf mirkaneessaa.

1

2.2.5. Miidhagummaa

Ogafaan oromoo hunduu miidhagina mataa isaanii qabu. Kunis, ogafaan tokko haala taa'e sanaan ergaa isarraa barbaadamu sana dabarsuu dandeenyaan miidhagaadha jechuu dandeenya. "Miidhagummaan haala afoolli sun miira sammuu ilma namaa hawwachuu danda'uun dhiyaachuu isaa kan mul'isuudha" (Jaarraafi Wasanee (2001:168). Yaada kana irraa kan hubannu miidhagummaan ogafaanii hubatamummaafi qindoomina isaatiifis gahee guddaa qaba jechuudha. Kanaaf, miidhagummaan ogafaanii miira ilma namaa akka hawwatu taasisuuf ergaan isaa hubatamuun gahee guddaa qaba.

2.3. Ulaagaalee Qoqqoodinsa Ogafaanii

2.3.1. Unka

Ogafaan uunka adda addaa qaba. Isaanis, seeneffamoota, hololoo, unkaalee gaggabaaboo fi afwalaloodha. Qindoomina isaatis sararoota (bo'oo) walaloo gaggababaa ta'an irraa qindaa'a kunis yoo gara barreeffamaatti jijjiirrudha. Ogafaan seenneffamaan dhiyaatan yoo ilaalu, fakkeenyaaf oduun durii akka afwalaloo yeedaloo kan qabuu miti. Himiinsi isaas seenessuun kan dhiyaatudha. Unki isaas haala ittiin jalqabamuu fi xumuramu qaba.

2.3.2. Hurrubbummaa

Hurrubbummaan ulaagaa fi lubbuu ogafaanii isa olaanaadha. Haalli dhiheenya ogafaanii gocha isaanirratti hundaa'a. Kana jechuun, fakkeenyaaf haalli walaloon ogafaanii ittiin dhiyaatu fi oduun durii ittiin dhiyaatu garaagarummaa qaba. Oduun durii yeroo baayyee galgala galgala namoota gurguddoon yemmuu maatiin manatti dacha'e ijjoolleef kan himamuudha. Sirba cidhaa yoo fudhanne iddoo cidhaatti kan sirbamuudha.

2.4. Faayidaa Ogafaanii

1

Ogafaan jiruufi jireenya ilma namaa keessatti gahee guddaa qaba. Uummatni tokko ogbarruu mataa isaa yoo hinqabaanne, seenaa dhalootaa gara dhalootaatti dabarsuuf, barnoota afaanniffaan ittiin kenname, jireenya hawaasaa; aadaa, duudhaa, seenaa, amantaafi kabajni hawaasni tokko waan tokko irratti qabu ibsuuf ogafaan yeroo heddu madda ta'uudhaan kan tajaajiluudha. Ogafaan gaaffilee bu'uura ka'aniif deebii kenna.

Dhalli namaa jireenya isaa keessatti wantoota isaaf hingalle maraaf deebii argachuu barbaada. Waa'ee uumamaafi asdhuftee wantoota uumamaa baruuf gaaffilee garaagaraa nikaasa. Fakkeenyaaf, Gaangeen maaliif dhala dhabde? Samiin maaliif, nurraa olfagaate? Gaaffilee jedhan deebisuu keessatti ogumni kun nitajaajila (Yaazaw 2012:53).

Kana malees, ogafaan jiruufi jireenya hawaasa tokkoo cimsuufi guddisuu keessatti bakka olaanaa qaba. Kana ilaalchisee, Feqaden (1991:17), ogumni sirna barnootaa guddisuufi miidhagina itti dabaluu gahee olaanaa akka taphatu ibsee jira. Akka inni jedhutti ogumni kun jiruuf jireenya hawaasa tokkoo cimsuu bira darbee gama barnootaatiin gahee olaanaa qaba. Kunis barumsi kannamutti miidhagina dabaluu fudhatamummaa isaa guddisa.

Akkasumas, ogafaan beekumsa cimsuuf, aadaafi afaan guddisuuf, seenaa galmeessuufi jaalala hawaasummaa agarsiisuuf nifayyada. Ogumni kun dhimmoota gara garaa keessatti gahee olaanaa qabaachuu isaati. Kunis, baruuf barsiisuu cimsuu, hawaasa jidduutti waliin jireenya gaarii uumuuf, wantoota raawwatamaa turandeebii isaanii yaadachiisuuf, seenaa, aadaa, falaasamaafi safuun hawaasaa eegamee akka turuuf barbaachisaa ta'uu hubanna.

2.5. Ilaalcha

Ilaalchi dhimma sammuu wal xaxaa tahee, akkaataa yookiin karaa sammun keenya waan tokko itti hubatu, amantii, miira namni tokko waan tokko irratti qabu jechuudha (Eebbisaa, 2020:93). Shiv keeraa, barreessaan beekamaan kitaaba 'you can win' jedhu barreesse ilaalchaaf bakka addaa ta'e kenna. "Ilaalchi hundee milkaa'inaati" jedha. Namni gahuumsa hammamuu qabaatee ilaalchi isaa garuu sirrii tahuu yoo baate addunyaa milkaa,ina keessa seenuu hin dandahu.

Ilaalchi dhiiraafi dubartii jedhu kun kan jalqabe yerooma ilmi namaa lafarratti uumamedha. Yaada kanaan walqabatee Biiron Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa Miller (1993) wabeeffachuun yeroo ibsan, dhiirri wabii nyaataa mirkaneessuu keessatti gahee ol'aanaa kan taphatuufi ol'aantummaa kan qabudha". jedhu. Yaada kanarraa kan hubannu maatii hoogganuufi nyaataan akka ofdandaa'an gochuu keessatti gaheen guddaa kan qabu dhiira ta'uu isaati. Qorannoo kana keessatti ilaalcha hawaasaa jechuun akkaataa dubartoota ogafaan filataman sana keessatti hawaasni ittiin ilaaludha.

2.6. Akaakuwwan Ilaalcha Namaa

Ilaalcha isaan qaban irratti hundoofnee namoota bakka gurguddoo lamatti qooduu dandeenya. Isaanis:

1, Namoota Ilaalcha Gaarii Hin Qabne

Namoonni akkasii yeroo baayyee nama dhuunfaa irratti xiyyeeffatu. Haasaan isaanii nama dhuunfaa waliin kan wal qabateedha. Eebalu akkas godhe/tte jechuu heddummeessuu, waa'ee nama biraa dhagahuu irra waahee nama tokkoo dhagahuun isaan gammachiisa. Waan dhagahan iccitiidhaan qabatanii turuun isaanitti ulfaata, hariiroo namoota nagaa heddu diigun beekamu. Walumaagalatti namoonni akkana rakkina ilaalchaa qabu (Eebbisaa, 2020:94) namoonni tokko tokko ogafaan da'oo godhachuun ilaalcha dubartummaaf irratti xiyyeeffachu. Kan itti fayyadamani dha fakkeenyaaf: mammaaksa dubartiin beekaa deessi malee beektu miti jedhama. Itti dabalees namonni ilaalcha namoonni dubartiif qabuu naannoof akkasuma gandaa hanga manaatti Kan qabu fakkeenyaaf dubartiif akkuma harmi ishee rarra'u qalbiin rarra'a jedhanii dubartiif ilaalcha gadaantummaa agarsiisanii dha.

2. Namoota Ilaalcha Gaarii Qaban

Isaan kun namoota fageessanii yaaduu dandahaniidha. Waahee nama dhuunfaa tahe waan dhaabbataa osoo hin taane yaada irratti mari'atu. Akkamitti hojii adda addaa hojjechuu akka qaban haasa'u, yeroo baayyee mul'ata qaban dubbachuu jaallatu (Eebbisaa, 2020:97).

Namoonni akkasii ofii isaanii qaama rakkina osoo hin taane rakkina uumame hundaaf furmaata barbaaduun beekamu, nama hundumaaf ilaalcha sirrii qabu. haata'u malee yaanni Kun ammoo fallaa keeyyata ilaalcha ilaalcha gaarii hin qabnee dha. kun dubartummaa Kan jajjabeessu dha fakkeenyaaf: mammaaksa mala mala dubartii humana humana bishaanii Siif haa kennuu jedhama

2.7. Ilaalchi Namaa Maaliin bocama?

Ilaalchi kee wanata ati wajjiin dhalattu otoo hin taane, erga dhalatteen booda kan ati horattu, yeroo yeroon kan fooyya'uu dandahuudha. Ilaalchi ati wantootaaf qabdu kun bu'aa maddoota garaagaraa akka ta'an ibsa, (Eebbisaa 2020:99).

2.7.1. Aadaa Ati Keessatti Guddatte

Aadaan beekumsa waliinii hawaasi qabu jechuudha. Fakkeenyaaf aadaa uffataa yoo fudhanne oromoon durii kaasee uffata aadaa kan mataa isaa qaba. Aadaan ati keessatti guddatte ilaalchaati qabdu murteessuurratti gahee olaanaa qaba (Dirribiin 2012:202). Aadaan yeroo hunda gaariidha jechuun garuu hin dandahamu. Karaa tokkos tahe karaa biraan aadaan miidhaa qaban ilaalcha namoota kallattii gaarii hin taaneen bocuu dandaha.

2.7.2. Maatii Si Guddise

Maatiin ijoollee isaanii yommuu guddisan ilaalcha ijoollee isaanii sirreessuufis tahe balleessuuf gahee guddaa qabu. Daa'imummaa isaatti jaalala gahaa maatii isaarraa argachaa yoo guddate daa'imni tokko gaafa guddate nama namootaaf jaalala qabu taha (Ebbisa, 2020:100)

2.7.3. Naannoo Ati Keessatti Guddatte

Jechi naannoo jedhu yaadota bal'aa of keessatti qabata. Dhaabbata adda addaa kanneen akka amantii, mootummaa fi mitimootummaa fi kan kana fakkaatan hunda hammata. Naannoon namni tokko keessatti guddate ilaalcha isaa irratti dhiibbaa gaariis tahee hamaa gochuu ni dandaha (Ebbisa, 2020:101).

Naannoo itti guddattetti nama guddaa tahuudhaaf akka ati hawwitu kan si taasisu wantoota adda addaa argaa guddata taanan, ijoollummaa keetii kaasee ilaalchi kee nama guddaa tahee bocama. Gama biroon immoo naannoo keeti wanti argamu hedduun waan si hin gargaarre yoo tahe ilaalchi kee sirrii hin tahu.

2.8. Dubartuummaan Maalii?

Dubartuummaan, iddoo dubartoonni hawaasa keessattii qabduudha. Kana jechuun hiree isheen qodamee kanaa malee kana gachuu hindandeessu jechuun hiree safaramee Kan kennameefdha jechuudha. Dubartuummaan, hawaasa Oromoo keessatti afoolafi fayyadama afaanii akkasuma Gaheen isheen sirna gadaa keessatti kennameef waantoonni dubartumma gad buusaniis mul'ata.

Akkumaa beekkamuu ilaalchi gadaantummaa dubartootaa dhimma akka addunyaa guutuutti hojiirra oolaa tureefi jirudha. Koorniyaan dhimma dhalaafi dhiiraa gochawwan hojii isaan hojjetaniin hawaasni ramadedha (Muluu, 2006:55). Akka yaada kanarraa hubannutti dubartuummaan ilaalcha hawaasni gama ramaddii hojiitiinfi ilaalchaa kallattii dubartootaaf kenne

ta'uun isaa ifadha. Haata'u garuu dubartoonni ilaalcha isa miidhaa geessisu kana ofirraa faccisaa ilaalcha sirriitiin immoo bakka buusaa adeemuutu irra jira. Koorniyaan jechuun daangaa baayooloojikaalawaa ta'ee, kan hawaasni dhiiraaf dhalaaf kennedha.

1 Saala (sex) jechuun kan uummanni dhiira yookaan dhalaa ta'uun kennameedha. Dubartummaan kanuma waliin walqabatee ilaalcha siyaas, amantaa, afoolafi fayyadama afanii keessatti dubartoo taaf calaqqisudha Muluu (2006:55). Ilaalchii dubartummaa kunii akka yaadolee armaan oliirraa hubannuttii hawaasuma keessaa kan maddeefi kennaa waaqaa kan hintaanee ilaalchafi ramaddii hojii adda addaa hawaasni dubartootaaf kennee kan waanhedduu keessattii calaqqisu ta'uu nuhubachiisa.

2.8.1. Siyaasaafi Dubartummaa

Sirni bulchiinsaa jireenya ilmaan namaatif guddaa barbaachisaadha. Bakka seerni bulchiinsaa qajeelan uummanni ittiin of bulchu hin jirretti bilisummaan, nagaafi tokkummaan misoomnii jiraachuun hin dandaa'amu. Saboota yeroo dheeraadhaa kaasanii seera ofii tumatanii ittiin bulaa turan keessaa tokko uummata Oromooti. Akka Dirribiin (2012:201) ibsetti, Uummanni Oromoo buulchiinsa haalaan adda adda ta'e sadiin buleera. Isaaniis: Sirna bulchiinsa dubartii, sirna bulchiinsa Gadaafi sirna bulchiinsa alagaati.

Uummanni Oromoo seenaa ofii argaa dhageettiin akka dabarsaa dhufetti sirni bulchiinsa dubartii mootittii Akkoo Manooyyee jedhamatu akka biyya bulchaa turte oromiyaa bakka adda addaatti nika'a. Akkuma argaa dhageettii uummata Oromooti dubartoonni biyya bulchaa turuu irraa hubanna. Haaluma kanaan dubartoonni kallattiin qooda keessatti yoo hin fudhannellee yeroo ammaa kanas gahee mataa ishee bahaa jirti. Fakkeenyaaf, yeroo dhiirri duula deemu gorsa cimaafi eebbistee akkamirgaan galu jajjabeessiti.

1 Yaaduma olii kanatti dabaluun, Sirna Gadaa keessatti dubartiin caaccuu baattee siiqqee qabachuun fuldura kan deemtuufi siyaasa keessatti qooda qabachuu agarsiisa jechuun (Yaazawu Nugusee 2016) ibsa. Faalaa Yaada kanatiin ammo Sa'idaa (2002:35) irratti akka kaastutti immoo Dubartiin "Akkoo Manooyyee" jedhamtu yeroo bulchaa turte keessatti hawaasicharratti rakkoofi jeeqama adda addaa uumaa waan turteef jecha dubartoonni bulchinsa Gadaa keessatti iddoo akka dhoowwataman eerti.

Kanaafuu dubartiin jila miidhaksuun ala qooda aangoo biraa qabachuu achi keessatti akka hin qabne nimul'ata" jetti. Akka yaada kanaarra hubachuun danda'aamuttii dubartiirraa dhiironni qabsoon akka aangoo fudhataniifi dubartiin hoogganuu akka hindandeenyeefi yoo hooggantemmo gidirsituu akka taatetti ilaalu. Gama biraan Dubartiin Akkomooyyee jedhamtuu kunuu oromiiyaa bakka isheen bulchitee kan hinbeekamneefi ta'ee jedhamee dubartoota aangoo irraa fageessuuf jecha kan kalaqame tahuu namatti agarsiisa yaadni jedhus jira.

2 Sirna Gadaa Oromoo keessatti dubartoonni gahee guddaa qabaachuu isaanii sirna Siiqqee fi Ateetee ilaaluun ni danda'ama. Yaaduma wal fakkaatuun Fileen (2016:93) irratti Siiqqeen dhaabbata mataa isaa danada'e dubartootaan hundeeffamedha. Namoonni tokko tokko dhaabbata Siiqqee akka qaama sirna Gadaa tokkootti kanneen ilaalan yookaan kanneen haala kanaan barreessanis ni jiru.

Haata'u malee Siiqqeen dhaabbata mirga walqixxummaa dubartoonni amantii, siyaasaa, diinagdeefi maatii isaanii irratti qaban mirkaneessuufi kabachiisuudhaaf, akkasumas, waldhabdee namoota yookaan gareewwan adda addaa jidduu jiru ittiin araara buusuudhaaf mataa isaa danda'ee hundeeffame bu'aa kalaqa sammuu Oromootii jedha.

Yaada kanarraa kan nuti hubannu dubartoonni dur utuu qaroominni hin jiraatiin aangoo qabatanii akka bulchaa turan kan ibsudha. Dhiironni immoo hanqina Dubartootaa babal'isuun akka isaan aangoo hin qabanne taasiseera. Garuu kan dhiirotaa immoo yeroo baay'ee iddoo adda addaatti gaarummaa isaaniitu kaafama.

1 Akkasumas, dubartoonni Siiqqee isaanii qabatanii mirga walqixxummaa Dubartootaa Gama amantaa, siyaasaa, hawasummaafi diinagdee keessatti gahee guddaa akka qabaatan kan ibsudha. Kanaafuu dubartoonni hariiroo aangoo koornayaa keessatti gahee guddaa waan qabaniif mirga wal qixa hogganuu akka qabniifi olaantummaa dhiirotaa hambisuu akka qabamu qabsaa'amuu qaba. Ateetee keessattis, kan fayyummaa maatii, nageenya, hormaatafi itti gaafatumummaa maatii kan hoogganan dubartoota. Kanaafis ragaan

Atete is one of the most important and show the thinking ability of Oromo society. It has both political and religious values. It show as Oromo people think about equality of women even

political role of women in Oromo society which is almost similar to modern human right unlike traditional right of men (Asmarom Legesse, 1973)

Akka yaada kanaatti, ateeten sirna dandeettii yaaduu uummata Oromoo kan agarsiisuudha. Kunis siyaasaafi amantaa keessatti kan gatii qabu ta'u, akkuma mirga dhala nama ammayyaatti dubartoonni siyaasa keessatti gahee mataa isaanii qabu. Akka kanaan dubartoonni yeroo ateetee kennatan walitti qabamuudhaan rakkoo gama siyaasaafi hawaasummaan dubartoota keessa jiran mari'achuun akka furamu taasisu.

Ateeten gochaalee yeroo murtaa'aa tokko keessatti raawwatu yoo ta'u, fuulleetti kan hin dubbatamneefi ofirraa dhiibuu kan hin dandeenye kan fedhii keessoofi hawaasa isaanii gammachiisuf gocha raawwatamuudha. Akka Dirribiin (2012:202) ibsetti, yeroo dheeraa booda dhiibbaa dhiirti akka paartiitti gurmaa'ee godheen aangoon bulchiinsa dubartootaa irraa fudhatamee harka dhiiraa seene.

Dhiirtis aangoon kun akka harkaa hin baaneef humnaan, mammaaksan fayyadamee dubartii akka dadhabduufi wallaaltutti ilaalee aangoo qabannarraa fageesse." jedha. Gochi kun seenaa uummata Oromoo qofa osoo hin taane wanta addunyaa guutuuratti raawwateedha. Kanaaf dubartoonnis akkuma addunyaatti osoo dhiibbaa kana hinfudhatiin mormiiwwan adda addaa taasisaa turuun niyaadatama. Ammas taasisaa jiraachuun isaani nibeekkama.

2.8.2. Dinagdee fi Dubartummaa

Sirnoota adda addaa keessatti, tuffiin dubartootaa, akka aadaatti fudhatamaa, dhufeera. Dhiibbaan garagaraas dubartootarratti raawwatamaa isaanis ofitti amantummaa dhabaa gadaantummaa ofirratti mirkaneessaa deemuun, gama hundaanuu akka qixaa dhiiraa hinhiriirre taasifamaa turameera. Sa'idaa (2002) Irene Tinker Wabeeffachuun kitaabashii keessaatti yoo ibsitu

Hojiin firii mukaa funaanuufi biqiltuu adda addaa dhaabuudhaan maatii isaanii ittiin kunuunsaa dhufan dhiiraan harkaa fudhatamuun dhimma kanaaf gumaacha guddaakan godhe ta'uun isaa ifadha. Adaduma teeknooloojiin qonnaa fooyya'aa deemuun dubartoonni hojii qonnaarraa daangeffamaa dhufuufii warri dhiiraa tekniinooloojii kanatti fayyadamuu oomisha gahaa yoo

argatan dubartoonni garuu ciicata dadhabaa ta'een fayyadamuun oomisha gahaa hintaane oomishuun hiyyummaaf kan saaxilamaanidha.

Ammas akka biyyaa keenyaattis ta'ee akka oromiyaatti rakkoon dubartoonni dinagdeerratti qabaniifi maxxantummaan jiraachuun kuni bal'inaan kan mul'atudha. Sababiin isaas ilaalchi badaa duraan kaasaa turre kuni dubartii golaa olitti daangessuun, kanumaa ishiin ifaajjes murteessummaa dhoowwachuun namni biraa murteessummaa fudhachuun, akka hinbaranne gochuuniifi kanneen biroo hedduun akka dubartoonni hiyyummaaf saxilamaan godhaniit jiru. Kanaaf dubartoonni abbaa qabeenyummaa isaanii mirkaneeffachuuf jecha ammallee waanti hedduun akka hafuufi hojii barbaadu beekun murteessaadha.

1

2.8.3 Ogafaan Oromoofi Dubartummaa

Ogafaan barreeffamaan osoo hintaane afaaniin dhaloota tokkorraa kan itti aanuuttti kan daddarbudha. Tajaajilli inni hawaasaaf kennus hangana kan hinjedhamnedha. Hawaasnii tokko hawiisaa, fedhiisaa, gaddafii gammachuusaa walumaagalatti yaada isaa kan ittin ibsatudha. Yaada kana ilaalchisee Addunyaan (2018:166) yommuu ibsu, “Ogafaan oguma (wisdom) labata tokkoo kanbiraatti afaaniin daddarbu; Fayidaama afaanii kan ilmi namaa uumaa, beekumsa, natoofi baranee ittiin hubatuufi ittin ibsuu jechuunis nidanda'ama” Jedha.

Akka Muluun (2004), Hussein Wabeeffachuun yeroo ibsitu “Gender ideology is chiefly perpetuated in symbols, and rituals, pattern of verbal expression,” akka jedhu ibsiteetti. Ogummi qabeenyaa uummata tokkooti. Uummanni tokko ofiisaafi afaansaa kan keessaatti guddifachuu kan danada'u afoola isaatiin. Yaada kana Wasanee (2001) yoo ibsu, “Qabeenya uummattichaa kan ta'e ogafaan akka galaanaa guddaa qabatee, sammuu uummattichaa keessatti akka qabatee, sammuu uummattichaa keessatti kuufamee jiru gadi ba'ee tajaajila hojii qorannoofi barnootaattii dhufee dhimma itti bahamuu qaba” jedha.

Akka Addunyaan (2018:166) irratti yeroo ibsu, “Hawaasni Oromoo bakkafi yeroo adda addatti dhimmaa adda addatiif ogummaa kanatti gargaaramee ergasaa dabarfataa ture; dabarfachaas jira. Ogafaan isaa kunis seetoo isaa waan ta'eef, isaan gorfata; seemmoo dinagdee, aadaafi eenyummaa isaa waan ta'eef isa ilaalee quufa.” jedha.

Hawaasni tokko ilaalcha dubartiirratti qabuu kara Ogafaaniitiin ibsata. Oromoon aadaa, barsiifata, safuu itti jiraataa ture darbee akka jiraatuf mammaaksaan barsiifata.

Yaaduma kana cimsuun, hawaasni amantaa waa'ee koorniyaa irratti qabu dubbii afaaniifi gochaalee garaagaraan akka ibsatu hayyuun Huseen (2004) "Gender ideology is chiefly perpetuated insymbols and retuals, pattern of verbal expretion," jedha .Akka yaada hayyuu kanaatti akkaataan fayyadama afaaniillee koorniyaarratti hundoofnee yoo ilaallu, dhiiraafi dubartii qooqa tokko dubbatan akkaataan itti dubbataniifi akkaataan jechoota filatan garaagarummaa qaba.

Yaada kana Wandoosan akka armaan gadiitti ibsa. "Hawaasa Oromoo keessatti, dhiiraafi dubartii haala walfakkaatuun qooqaan hin fayyadamani. Dubartiin heerumte tokko haadhaafi abbaa, dhirsaa ishii akkasumas gosa dhiirsa ishiifi k.k.f kabajuu waan qabduuf maqaasaaniitiin hin waamtu" (Wandasan 1991:71-72). Yaaduma kana cimsuun Mitikkuunis (1991:145) akka itti aanutti kaa'a. "Akkuma dhala namaa maraa afoollis gaarummaafi gadhummaa nama dhuunfaatiifi hawaasaa ni agarsiisa" jedha.

Ogafaan Oromoo, dubartoota haala garagaraatin ibsa. Haalli qabatamaan uummata keessa jiru yoo ilaalle mammaaksonni Oromo cimina osoo hintaane dadhabbina dubartootaa ibsu. Haalli kun immoo dubartoota irratti dhiibbaa garagaraa fida. Haata'u malee dubartoonni Oromoo rakkoo isaan irraa gahaa jiru kana ofirraa hambisuuf mormaa turan har'as mormaa jiru.

Yaada kana ilaalchistee Kuwee (1998:153) yemmu ibsitu, "The Oromo women are not helpless and fragile objects ready to be crushed under the weight three forms of oppression. They are also engaged in an active struggle changing and changing it" jetti. Yaada kanarraa wanti hubannu dubartoonni Oromoo rakkko isaanirra tureef osoo hin jilbifatin qabsoo tasisaniin jijjiramaa jiru. Irra caalaan isaani immoo haala kana jijjiruuf yaada jedhuudha.

Haaluma kanaan dubartoonni Oromoo dhiibbaan isaan irratti raawwatamaa jiru akka fooyya'uuf shoora guddaa taphatanii jiru.

2.8.4. Mammaaksaafi Dubartummaa

Mammaaksi damee afoolaa keessaa isa tokkoodha. Akkuma dameewan afoolaa kaawwanii afaaniin dhalootarraa dhlootatti darbaa kan as gaheedha. Hiikni hayyoonni garagaraa mammaaksaf kennan armaan gaditti ilaaluun nidanda'ama.

Kunis mammaaksa kallatti garagaraatiin hubachuuf hiika hayyoota garagaraatiin kennaame walbira qabuun ilaaluuf gargaara. Mammaaksaaf hiika tokkofi tokko ta'e kennuun ulfaatadha. Kana ilaalchisuun, Finnegan(1970:383) yoo ibsitu "The exact definition of proverb is not easy matter.

There is, however, some general agreement as to what constitutes a proverb. It is a saying in more or less fixed form marked by shortness "sense, and salt" and distinguished by popular acceptance of the truth tersely expressed in it," jetti. Akka yaada kanaatti, hiika mammaaksa tokkofi tokko kan ta'e, kana jedhanii kaa'uu ulfaataadha.

Haata'u malee, dhimmi akka waliigalatti maalummaa mammaaksaa ibsuuf walii nama galchisiisu mammaaksi bifa, gabaabaa, hiika qabeessa, mi'aawaa akka ta'eefi hawaasa bal'aa biratti fudhama guddaa qabaachuusaanidha.

Akkumas, maalummaa mammaaksaatti hiika kennuun ulfaataa akka ta'e, Fiqaaduu (2007: 14) Taylor (1931) wabeeffachuudhaan yoo ibsu, "The definition of proverb is too difficult to repay the understanding ...an incommunicable quality tells as this sentence is proverbial and the other is not," jedha.

Akka yaada kanaatti, maalummaa mammaaksaa hubachuun ykn ibsuun baay'ee ulfaataadha. Haata'u malee, beektonni garaa garaa jecha "mammaaksa" jedhu kana hiikuuf tattaaffiin isaan godhan kan bubbule ta'uyyuu, hanga yoonaatti hiikni namoota hunda walii galchuu danda'u hin'argamne (Fiqaaduu, 2007). Garuu, maalummaa mammaaksaa ibsuun walqabatee wanti yaada beektotaa walfakkeessu yoo jiraate, mammaaksi gooreewwaan afoolaa keessaa tokko ta'ee, gooroowwan afoolaa warreen unka gaggabaaboo qaban jalatti ramadamuu isaati.

Akkasumas, qabeenya uummataa umurii dheeraa qabuufi seenaa dhala namaa keessatti labata tokkorraa gara labata biraatti daddarbaa dhufaniin kan walitti qabamedha.

Hiikawwan mammaaksaa beektonni adda addaa yeroo garagaraatti kennaa turan. Mammaaksi hawaasaan mammaakamu qabiyyee mataasaa niqaba. Waa'een qabiyyee mammaaksaa yommuu ka'u, wanti hindagatamne tokko waa'ee amala mammaaksaati. Innis, uumamni mammaaksaa, uumama afaaniirraa waan adda ta'uu hindandeenyeef, afaan hunda keessattu beekamaadha.

Mieder, wolfgang (1997:136) yemmuu mammaaksa ibsu, "Proverbs are small piece of human wisdom that have been transferred one jeneration to the other and valid even in our modern technological age." Yaada hayyuu kana irraa wanti hubannu mammaaksi ogummaa xiqqaa dhalamaa kan afaaniin dhaloota irraa dhalootatti darbaa tureefi bara teeknooloojii haaraa ammayyaa keessa jirru keessatti kan fudhatama qabuu ta'uu isaa hubachiisa. Kana malees afoolli kan yeroo darbee qofa osoo hin ta'in, gara fuula duraatiif illee kan tajaajilu ta'uu isaa mul'isa.

Akkasumas, Encycolopedia America (1995:150) waa'ee mammaaksaa yoo ibsu, "Proverb is a simmple and concret statement popularly known repeated, that expresses a truth based on common sense or experiences." Yaada kana irraa wanti hubannu, mammaaksi dubbii gabaabaa waan daawwatamaa jiruufi mul'atu akkasumas muuxannoo jiruu irratti hundaa'uudhaan dhugaa fudhatama ta'e kan ibsu ta'uu isaa hubanna. Gama biraatiin, mammaaksi afaaniin dhaloota irraa dhalootatti haadarbu malee, qabiyyee dhaabbataa kan qabuufi haalawwan qabatamoo keessati hiikaafi ergaa adda addaa dabarsuuf kan mammaakamuudha.

Mammaaksaaf hiika murtaawaa tokko qofa kennuun rakkisaa akka ta'e hayyoonni ni dubbatu. Finnegan (1970:393), hiikni mammaaksaa salphaa akka hintaane yoo ibsitu, "The exact definition of proverb is no easy matter. There is however some general agreement as to what constitutes a proverb. It is saying in more or less fixed marked by d the popular acceptance of the truth tersely expressed in its." jetti.

Yaanni hayyuu tanaa hiika murtaawaa ta'e tokko mammaaksasaf kennuun rakkisaa ta'uu addeessa. Haata'uu malee yaanni irratti waligalamu akka jiru nidubbatti. Kunis mammaaksi jechoota filatamoo, gaggabaabbo fi midhagoon caasaa gabaabaa keessatti dhimma bahuun dhaamsa dhugaa qabeessa karaa hawataa fi jaalatamaa ta'een dabarsuu ibsitee jirti. Finnigan (1970:393) "Proverb is a saying in more or less fixed form marked by shortness, sense and salt and distinguished by popular truth tersely expressed in it".

Hiika isheen mammaaksaaf kennite kanarraa mammaaksi jecha gabaabaa fi mi'aawaa ta'een dhaamsa akka waligalaatti dhugaa ta'e kan dabarsu ta'uu isaa hubatama. Mammaaksi jechoota fitalamaafi gaggabaabatti dhimma bahuun ergaa dachaa fi gadifagoo dabarsuun beekama. Kun ammo jaalatamaa akka ta'uufi sammuu namaa keessatti yeroo baay'ee osoo hin dagatamin akka turu taasiseera.

Dabalataan, mammaaksa ilaalchise Abraham (1968:119) yemmu ibsu, "Proverbs are short ready made sententious statement of common truth constituted from life experience and used in rhetorical or conversational situations of formal or informal, evenets" jedha. Yaanni hayyuu kanaatis, mammaaksi jecha gabaabaafi bareedaan, dandeetti yaada namaa jjiiruu akka qabu ni hubachisa.

1 Mammaaksi, ogafaan keessaa irra caalaa bakka itti dubartummaan mul'atudha. Muluu Itichaa, (2008) mammaaksafi dubartummaa yoo ibsitu, "mammaaksii koorniyaa kan mammaakamuuf warra dubartootaa ittiin gadi qabuufi" jetti. Akka yaada kanaatti gadaantummaa dubartootaa ibsuuf (ilaalcha dubartummaa) ibsuuf mammaaksi akka gahee guddaa taphatuudha. Ogafaan kaan caalaa warriin gadaantummaa dubartootaa fi olaantummaa dhiiraa ibsan mammaaksa hedduminaan fayyadamu.

1 Akkasumas mammaaksaa akka koorniyaatti eenyutu fayyadamaa kan jedhuufis Soofiyaa (1999:5) wiirtuu jildii 8 keessatti harka caalatti mammaaksa kan fayyadamu maanguddoota warra dhiiraa akka ta'e ibsiteetti. Akka barsiifataatti kan mammaaksatti dhimma bahu danda'an maanguddoota ta'anii keessumaayuu dhiirota jedhamee amanama ture. Haata'u malee kutaaan hawaasaa kamiyyuu akka itti hinfayyadamne seerri dhorku hin jiru.

1 Garuu mammaaksi kan mammaakamu irra caalaatti iddoo jaarsummaatti, dhaddachaafi iddoo sirna garagaraa gumaafi k.k.fidha. Kana malees bakka sanatti yeroo baay'ee kan affeeramu maanguddoo waanta'aniif. Yaada kanarraas wanti hubatamu mammaaksatti fayyadamuutti dhiirota malee warri dubartootaa badaa akka hintaanedha. Kunimmoo akka warrii dhiiraa mammaaksaan dubartootaa cunqarsaniif ulaa baneera.

1 Walumaagalatti mammaaksi dameewwan ogafaanii keessaa isa tokko ta'ee dubartootaaf miidhaas faayidaas kanqabu jiraachuu isaa nu hubachiisa. Dubartummaan ogafaan biroo keessattis yoo kan mul'atan ta'eyyuu mammaaksa keessatti goobanee mul'ata.

5 Yaaduma olii kanatti dabaluu hayyuun Finegan (1970, f. 409), yeroo ibstu “In court and elsewhere there are also frequent actions for using proverb to smooth over a disagreement or bring a dispute to close,” jechuun ibsiti.

Kana jechuun, mammaaksi manneen murtii keessattiifi iddoo kamittuu waldhabdee salphisuuf yookan dubbii gabaabsuufillee itti fufinsaan kan tajaajilu ta’uu ibsiti. Karaa biraas, mammaaksi hawaasa keessatti araara buusuuf iddoo guddaa akka qabu yoo ibsiti, Finegan (1970, f. 412) “Societies in which there is marked latent conflict, or which there is particular need to regulate formalized conflicts that proverbs play an essential large part” jetti.

Walumaagalatti, mammaaksi iddoo jaarsummaatti araara buusuuf, dubbii gabaabsuuf akkumas yaada waldhabe walitti fiduuf kan gargaaru ta’uu hubanna.

2.8.5 Oduu Duriifi Dubartummaa

1 Seeneffamoonni afoolaa seenaalee sammuu keessatti kalaqamanii afaaniin himamani. Waa’ee taateewwan bara durii dhugaarratti hundaa’uun yookiin dhugarraa maqanii himamu. Isaanis, walitti dhufeenya Waaqaafi namaa, namaafi naannoosaa seenessu. kan dhalootaaf ittiin darbanis, afaaniin waan ta’eef, qabiyyeen isaanii hir’achaa, itti dabalamaafi jijjiiramaa deemu. Fedhasaa, (2013), Dorson (1972), wabeefatee yammuu ibsu, yeroo calqabaatiif, hayyoonni qorannoo seeneeffamoota afoolaa eegalan, Jacobfi Wilhelma lammiilee Jarman akka ta’an himama. Jarreen kun dursa oduu durii walitti qabanii akka maxxansiisaniifi kunis hayyoota saayinsii hawaasaa hawwatee qorannoo fooklooriitiif bu’uura buuseera.

Afoola Oromoo keessaa gooroo inni guddaan tokko raagoodha. Raagoon (orally) raagamuun dhihaata.

Faayidaan isaatis hawaasni mala barreeffamaa (writing system) hinqabne tokko eenyummaa, aadaa, falaasama, beekumsa, seenaa, jiruufi jireenya, muuxannoofi sona isaa dhalootarraa gara dhalootatti ittiin dabarsa. Jecha biraatiin hawaasni duudhaafi safuu ilaalchaafi falaasama isaa dhaloota ittiin barsiifata; ittiin gorfata; quuqaa qabus ittiin calaqqisiisa.

Raagoon firiiwwan adda addaa of jalatti hammata. Isaan kanneen keessaa akka gooroo gurguddootti kan ilaalaman, raagamtaa, afseenaa fi durdurii fa’a. yaaduma kana kan deeggaru, Ruth Fennegan, (1970) Bascom (1965b) wabeeffachuudhaan raagamtaa, af-seenaafi durduriin gosa xixiqqaa raagoti jedha.

As Ruth Fennegan cited, Bascom (1965b) direct towards definition of myth, legend, and folktale as sub-types of the single category of prose narratives (Fennegan, 1970:318).

1 Durduriin akkuma goorowwan afoola kaanii duudhaa muuxannoo ilaalchaafi falaasama uumamaa tokko bara irraa baratti, labata tokko irraa labata biraatti kan dabarsu haala jireenya hawaasummaa kan calaqqisiisu firii hambaati jechuun nidanda'ama. Duudhaan, falaasamniifi ilaalchi ummata tokkoo bara tokko irraa bara itti aanutti dhaloota tokko irraa dhaloota biraatti yammuu darbu sadarkaa guddina ummatichaa wajjin fooyya'ina agarsiisuu nidanda'a.

Durduriinis jireenya namaa wajjin kan walqabate waan ta'eef jijjiirama akkasii ni agarsiisa. Bifa dur jiruun hindarbu. Afaaniin waan darbuuf fageenya yerootiin kanka'e keessaa kan baduufi kan itti dabalamu niqabaata.

Durduriin wantoota bakka tokkotti argaman fakkeenyaaf, horii, bineensa, muka wajjin walfakkeeffamee seeneffamuu nidanda'a. Seeneffamni isaa ka'umsaafi ta'umsa waan qabuuf hanga dhumaatti qalbii namaa booj'ee kan namaan godaanu malee kan nuffisiisu miti.

Durdurii keessatti firiiwwan asoosamaa fakkaatti, sabseena, gocha, waldhabbiif dhaamsi nijiraatu. Haata'u malee akkaataa asoosama keessatti argamaniin durdurii keessatti mul'atu jechuu miti (Alamaayyoofi Alamituu, 2010:117).

Fakkaattii: Durdurii keessatti fakkaattiin jiran nama yookiin horii, bineensa, muka, kkf ta'uu danda'u.

Fakkaattonni amalaan yookiin bifaan garmaleessa walirraa fagaatanii waliif faallaa ta'aniitti hundeeffamu. Fakkeenyaaf tokko garmaleessa gamna yoo ta'e sanaaf kan faallaa ta'e garmaleessa gowwaa ta'eetti dhihaata. Tokko goota yoo ta'e kanbiroo immoo dabeessa ta'a. Tokko dureessa yoo ta'e kan biroo hiyyeessa ta'a.

Fakkaattiin durdurii akkuma adeemsa farada gaariin itti fe'amee bitaafi mirgatti hinilaallatu. Garuma fuulduraatti suksuka. Garuu fakkaattiin asoosamaa bu'aa ba'ii hedduu keessa darba. Duubatti deebi'eeti fuulduratti areeda; bitaafi mirgatti duubaafi fuuldura ilaallateet tarkaanfata. Fakkaattiin durdurii kan asoosamaa irraa adda ta'uu isaa Alamaayyoofi Alamituun "Elliott Oring" wabeeffachuun yaada kanatti aanu kaa'aniiru. *"As representative of character in the folktale are flat and two dimensional, so are the interaction of the characters only two characters interact in any particular scene"* (Oring, 1986:128).

Durdurii keessatti fakkaattii lama gidduutti walitti dhufeenya yookiin walitti bu'iinsa uumamuun seenaan isaanii tarkaanfata. Kana jechuun durdurii keessatti waa'ee dhimma yookiin gocha tokko yammuu addeefamus fakkaattii lama gidduutti akka ta'e Oriing namni jedhamu addeesseera.

Sabseena (plot): Sabseenni durdurii akka sabseena asoosamaa waldhabbi adda addaatiin micciiramee kan dhihatuu miti. Ka'umsiifi ta'umsi durdurii hangas kan jabaatu miti. Gochi tokko gara biraatti furii walharkaa darbaa soroorrattee hanga dhumaatti kan deemu ta'uu isaa Alamaayyoofi Alamituun, Oriing akkas jedheet, ibsa jechuun eeraniiru. *"The plot of a folktale proceeds as a logical sequence of events. Each event in the tale logically conditions the events that follow"* (Oring, 1986:333).

Waldhabbi: Durdurii keessatti waldhabbiin akka kan asoosamaa hinjabaatu. Fakkaattiiwwan gidduutti kan uumamu waldiddaa cimina qabuu miti. Garuu walitti bu'iinsa xiqqoo irraa ka'uun fakkaattonni dhumarratti addaan bahu. Gocha: Durdurii keessatti gochoonni dalagaman walfakkaatu. Yeroo baay'ees irra deddeebi'aniitti dubbatamu. Kunis asoosama irraa amaloota adda isa taasisu keessa isa tokko dha.

Yoomeessa: Fakkaattiin durdurii keessatti iddoofi yeroon itti dalagu addaan baafamee hinbeekamu. Iddoo akkanaatti jechuun maqaan dhayamee bara akkanaa keessa jedhamee beekamuu dhabuun isaa amala durduriiti (Alamaayyoofi Alamituun, 2010: 118-119).

1 Oduun durii seenaa addunyaa kana keessatti bara dheeraa dura raawwate seenessa. Taateewwan raawwataman dhugaarratti hundaa'u. Fakkaattiileen achi keessa jiran waanuma namni addunyaa kana keessatti raawwachuu danda'u raawwatu. Yeroo teenyee dhaggeeffannu yookiin dubbisnu waanuma dhugaan ollaa keenyatti raawwatame nutti fakkaata. Fakkaattiileen keessatti hirmaatanis namoota nuti beeknu fakkaatanii nutti mul'atu. Gochoonni oduu durii keessatti

fakkaattiileen raawwataman faallaa hariiroo (binary opposition) danatu. Jechoonni jiran duuban hiikaan faallaa qabu. Fakkeenyaaf, jiidhaan yoo jiraate, gogaan duuba hindhibu.

Akka kanaan gowwaa/abshaala, jaalala/jibba, dheeraa/gabaabaa, jechoota jedhamaniin guutaamaniiru. Irra caalaa, kan yaada namaa hawwatu garuu, gowwummaa, abshaalummaafi sossobamuu namoota sanaati (Beekaa, 2015:53).

1 Oduun duriis hedduunsaa hanqina dubartootaa kan ibsudha. Oduun durii waa'ee dubartii akkomanooyyee jedhamtuu dur biyya bulchaa akka turteefi yeroo bulchiinsaa ishii akka hawaasa baay'ee gidirsaa turtee ni ka'a. Sa'adaan, (2002:35). irratti akka ibsitetti, "Akkoo manooyyeen bulchituu dubartii yeroo tokkooti, yeroon sun yoom akka ta'e garuu qaamnii beeku hin jiruu." dur turte keessa" jechuun alatti yeroo ifa ta'e kan beekus kan ibsuus hin jiruu. Dubartiin kun yeroo bulchiituu turtetti haalli bulchinsa ishii rakkisaafi hojii rakkiisaa hiikamuu hindandamneen kan guuttame ta'uu isaafi akka uummata rakkisaa turte ni ibsu." jetti.

Garuu yaada kanarra wanti hubannu iddoon ishiin itti bulchite qabatamaan kan hinbeekkamnedha. Oduu durii kanaa dabalatee afoolonna adda addaa irracaalaan isaanii hanqina dubartootaa malee cimina kan ibsan akka baay'inaan hin jirree; yoo jiraates itti fayyadamarratti baay'ee akka hin mul'annedha. Haalli kun immoo dubartootarratti gama hundumaan dhiibbaa geessisaa kantureefi ammas geessisaa kan jiruudha. Oduun durii Akko manooyyee jedhu kuniis akka armaan gadiitti dhihaateera.

Bara durii giiftii biyya bulchitu maqaan ishii Akko manooyyee jedhamtu tokkodu ture. Giiftiin kun uummata garmalee rakkisaa turte. Namni hundumtuu odaa jalaattii walga'ee waaqa yookadhatu "yaawaqi giiftii gidiramtuu kana nurraa buqqisii" jedhanii ganamaa galgala harka isaanii gara waaqaatti diriirsaa turani. Gaaf tokko, uummata walga'ii waamtee, nama gabaabaa ta'e mara akka fixan" jettee labsii (ajaja) dabarsite. Maaliif jechuun uummanni ishii gaafannaan, "aangookoo keessa galanii waan najeeqaniif meeshaa waraanaa qabdan hundatti balleessaa" jettee ajaja dabarsite.

Kanarratti uummannis sodaachuun namoota gaggabaabaa fixuun gabaabaa tokkichaa qofa odaa jala dhofkatan. Erga kana raawwachiiftee booda, otoo deemtuu kanniisni ishee hidde. Achumaan. galtee, “gaaguraafi kanniisa” lafa kanarraa akka balleessitan jettee labsii dabarsite. Ummannis namicha gabaabaa mala akka himuuf dhofkatan sana gaafatani. “Mucaa isheetiifi isheef damma laadhaa” jedhee uummata gorse.

Uummaannis namicha gabaabaa mala akka himuuf dhofkatan san gaafatan” Uummanni akkuma akkuma gorfametti damma hoggaa isheef laatu “Gaaguraafi kanniisa hinxuqinaa” jettee labsii duraan kennite diigde. Yeroo gabaabaa erga turtee booda, uummata yaa’ii waamtee, Uummanni yommu walga’u teessoo ishiirraa kaateeti “Manaan itti boqodhu ardii gidduutti atattamaan akka naaf ijaartan” jettee uummata akeekkachiifte.

Sana booda uummanni gara lixu dhabe. Niyaadan, nidhiphatan, waan godhan wallaalun namicha gabaabaa san bira dhaqanii mala gaafatan. Namichi gabaabaan sunis akkas jechuun ummata akka aadaa keenyaatti utubaa abbaatu dhaabbata, koottuu dhaabbadhu; isarratti hundoofnee sii ijaarra jedhani” jedheen. Isheenis utubicha dhaabuuf yaalte, garuu ta’uu dide.

Kanaafuu ajaja kanas diigdee ajaja biraa dabarsite. Ajajni kan biraanis akkas jedha ture, “Tulluuwwan gamaasun biyya an bulchu ilaaluu waan nadhoowwuuf tullicha diriirsaatii dirree taasisaa!” jettee ajaja dabarsite. Uummannis gorsa namichaa abshaalichaarratti hundaa’uun yeroo ishee hirribni fudhate karaa tulluun hinmul’anneen balbala baasaa. Bari yeroo kaatu gama ishii yoo ilaaltu dirreen itti mul’annaan ajajni koo kunoo amma fiixa ba’e jettee gammadde.

Qajeelfamni ishii kun darbee yeroo xiqqoo erga turtee booda uummata walitti qabdee, “biyya koo ilaalee waliin ga’uu waanan dadhabeef, bineensa gabiichee jedhamuu qabaa fidaatii, kooraa itti naaf fe’aa” jettee ajajje. Uummannis fala barbaada namicha gabaabaasana biradhaqan. Namichi gabaabaanis akkas jedheen: “Waaqayyoo furmaata isinii kennuufi” jedheen. “Attamitti?” jechuun gaafatan. Namichii gabaabaanis akkas jedhee “finyoofi shiboo qopheessaatii gara bosonaa deema biichee muraasa qabaatii, akkuma isheen jettetti kooraa irratti fe’aafi. Achumaan ishees irratti jabeessaa hidhaa!” jedheet uummata gorse!

Uummannis akkaatuma gorfameen gafarsa qabuun irratti ishee hidhe. Daandii isheen deemturra darbee darbee bool’a waantureef Gafarsichi otuma deemu boolla yoo lixu dammaqee utaalee ba’uun Akkomanooyyee fudhatee bosona keessa bade. Yerookana ishee kuffisee lafarra harkisee

hallayyaa buusuun lubbuu ishee dabarse. Uummannis sana booda nagaa argate” jedhama Sa’idaa, (2002:45).

Oduun durii kun mormii siyaasaa dubartootarra jiru kan agarsiisudha. Ergaa dubartiin bulchuu hindandeessu jedhu bal’inaan kan dabarsuudha. Yoo bulchiti tahees dhiira darartii ergaa jedhu ofkeessaa qaba. Inni biraan waanuma dubartiin yaaduu hindandeenyettiifi akkuma jarri jedhaniitti kan gara isaan qabanittii qabamtu tahuu agarsiisaa.

Kana malees dubartiin kun akka waan damma nyaattee hin beekneettii kan oduu durii kana keessa kaa’amee, namuuma damma nyaattee hinbeekne kanatu dhuguma mootii taatii inni jedhus wanamaa amansiisu miti. Dubartiin Akkoo manooyyee jedhamtu kuni uummata hunda nagaa dhoowwaa, dararaa, hojii humnaa olii itti kennitee dhiphisaa akka turteedha. Dhiirotaa gaggaabaaboo hunda fixaa jettee akka namoota ajjeesisaa turtetu as keessaa hubatama.

Walumaa gala oduun durii kuni kan dubartoota mormuufi meeshaa waraanaa guddaa ta’ee kan dubartoota angoorraa fageessudha. Ogafaan keessaas ta’ee waan biraa warren akkas miidhaa dubartootarraan ga’an kana xiyyaaffanna irratti hojjechuutu barbaachisa. Yookana ta’uu batee rakkoonsaa ittuma fufaa jechuudha. Amma garuu dubartiin bulchuurratti rakkoo qabdi ilaalchi jedhu jijjiirrameera. Dubartiin sadarkaa gadiirraa kaatee hanga aangoo olaanaatti iddoo dhiirri hojjechaa jiru kamuu hojjachaa jirti.

2.9. Jechamaafi Dubartummaa

Jechamoonni muraasni isaa hanqina dubartootaaf kan ibsudha. Jechamni jecha tokko hiikaa lama kan of keessa qabudha. Innis hiikaa ifaafi dhokotaa kan of keessa qabudha. Hiika dhokata haalaatti hiikani namoota afaanicha beektan yoo ta’e malee hiika dhokata barruun yookaan hiikuun ulfaatadha. Jedhamoonni kunneenis qabiyyeewwan adda adda yookaan waan tokko bu’uureffachuun fakkeenyaaf qaama namaa kan bu’uureffate ‘nyaara haddatte’ hiikni dhokataa jechama kanaa qaanii wallaalte kan jedhudha. Yeroo kana dubartiin nyaara hadachuun ishee akka sirrii hin taanefi hawaasa biratti akka qaanii seera wahii cabsutti kan fudhatamudha.

2.10. Seera Siinqee

Siinqeen ulee qal’oo, sororoo muka harooressaarraa muranii tolfamtuudha. Mukti harooressaa qaqaal’aafi sororoo waan taheef filatama; akka laayyoottis hin cabu. Siinqeen hojjaa dubartii

qabattuu akka gittutti muramti. Akka magaallatee bareedduuf immoo baaxii manaa jala bakka aara argatutti suuqu. Kanaafii kan dubartiin dheertuun, magaalli lookoon kan siinqeen fakkeeffamtuufi Siinqee dubartii heerumtetu qabata. Intalli yeroo heerumtu haati intala heerumsiistu siinqee, boraatii fi baarree qopheessiti. Siinqeen mallattoo birmadummaa fi uumamaan bilisa ta'uuti. Dubartoonni Oromoo siinqee seera sirna gadaatiin kennameef kanaan mirga haadha warrummaa isaanii tikfachaa, hawaasa keessatti dubartoota siinqee qaban waliin gurmoo uummatanii seerota adda addaa ittiin raawwatu. Dubartiin siinqee qabatte hawaasa Oromoo keessatti ulfina guddaa qabdi.

Dubartii siinqee qabatee karaa deemtutti yoo dhufan hamma hofkaltii ishii hin argannetti dura qaxxaamuruun hin danda'amu. Dhaabbatanii ishii dabarsu; lagas dura ceesisu. Dubartoonni siinqee qabatanii wal faana yaa'an yookan bayima bahan ateetee jedhamu. Dubartoota baayima bahanii, siinqee faarfachaa deemanitti yoo dhufan manguddoonillee fardarraa bu'anii, marga jiidhaa ciranii "Dhiiltee dhinna" jedhanii of kala gaafatu. Dubartoonni sunis akkasuma marga jiidhaa ciranii "Obbahaa, ijarraa hafa" jedhanii ofkalchu. Dubartoonni bayima bahan osoo isaan hin eebbisin nama isaan qaxxaamure ari'anii qabanii adabu.

2.11. Yaadiddama Qorannichaa

Yaadiddama jechuun, kallattii qorataa jechuudha. Akkaataafi kallattii qorannoon tokko ittiin xiinxallaniidha. Bascom (1965) akka ibsutti, yaadiddamni kan akkaataa fookilooronni jiran tajaajila ittiin kennaniin kan qoratuudha. Qorannoo kanaafis yaadiddamoonni kallatti natti agarsiisan, yaadiddama dubartoommaati. Yaadiddamni dubartummaa gahee dubartoonni jiruufi jireenya hawaasummaa, diinagdeefi siyaasa keessatti qaban, ciminafi hanqina hawaasa keessatti qaban qorachuun kallattii kan qabsiisudha.

Yaadiddamni kun waahee sochii dubartootaa keessatti walcaalmaa koorniyaa, gahee dubartoonni hawaasa keessatti qabaniifi muuxannoo jireenya isaanii karaa adda addaa hubachuudhaan ijaarsa naamusa hawaasummaa koorniyaa fi saala hubachisuun wal qixxummaa mirga dubartootaa kan eegsisuuf hundaa'edha. Dobie (2002:98) akka ibsetti dubartoonni jaarraa hedduudhaaf aadaa warra dhidhimaa keessatti akka uumama gadaanaatti laalamaa turan. Kanarraa kan ka'e namoonni garaagaraa akkaataa adda addaatti dubartoota ibsaa turaniiru.

1 Yaada olii kanaan walqabatee Lubni Giriikii Chrysostom John (Dh.K.B.345-407) dubartii yammuu ibsu, “Women is a foe to friendship, an inescapable punishment”, jedha. Kana jechuunis dubartiin diina hiriyyummaa yookaan adaba to’achuun hin danda’amne jechuudha. Kitaabni “Ecclesiasticus” hammeenya yookaan jal’inni jira garuu kan akka kan dubartii hinjiru, “All wickedness is but little to the wickedness of a women”, jedha. Beekaan amantaa kiristaanaa warra Roomaa kan Tertullian (Dh.K.B.160-230) jedhamu dubartoota yammuu ibsu, “Women are the gate way to the devil” jedha. Kana jechuunis dubartoonni balbala seensa seexanaati jechuudha.

1 Yaada armaan oliirraa akka arginutti baroota hedduudhaaf dubartoonni akka uumama gadaanaatti laalamuun qorqalbiidhaan hedduu miidhamaa turan. Kanarraa kan ka’e dubartoonni mirgasaanii kabachiifachuuf karaa garaagaraatiin qabsoo eegalan.

Dubartoota, mirga dubartootaaf yeroo sanatti falmuun beekaman keessaa muraasni: Mary Wollstonecraft kan kitaaba matadureensaa, “A Vindication of the Rights of Women (1792)” jedhu barreessite, Virginia Woolf, kitaaba “A Room of One’s Own (1929)” jedhuun kan beekamtu, Simone de Beauvoir, kitaaba “The Second Sex (1949)” kan barreessite, Betty Friedan, kitaaba “The Feminine Mystique (1963)”n kan beekamtu, Kate Millet, “In Sexual Politics (1970)”n kan beekamtu, “Sandra Gilbert and Susan Gubar kitaaba matadureensaa “The Mad Woman in the Attic (1970) jedhu kannneen barreessaniifi kanneen kana fakkaatan kaasuun nidanda’ama (Dobie, 2002:100).

Dabalataanis, yaadiddamni sanyabsaa waa’ee hawaasaa, dhugaa hawaasa qorannoon irratti gaggeeffamuu sana ibsa. Akkaataa hawaasni suni itti jiraatu calanqisiisa. Akkaataa ittiin waliif hoogganamuufi wal hoogganu agarsiisa. Aadaan hawaasaa haala qabatamaa amma jiru waliin maal akka fakkaatu wal bira qabanii ilaaluuf fayyada.

(Fileen, 2016:22). Qorannoo kanaafis yaadiddamoonni kunneen sirritti waan barbaachisaniif ilaalcha hawaasni Oromoo shawaa bahaa aanaa Aqaaqii dubartootaaf qaban ogafaan isaan fayyadaman bu’uura taasifachuun ilaalcha mishaa akka itti fufuu, kan xiinsammuu dubartootaa miidhan immoo akka hafan ni taasisuuf qorannoon kun kan gaggeeffame

2.12. Sakatta'a Qorannoo Aantee

1 Qorattoonni adda addaa mata duree qorannoo kanaan walitti dhufeenya qaban irratti hojjataniiru.
3 Fakkeenyaaf qorataan Malkaamuu, (2007) qorannoo kan gaggeesse yoo tahu, qorannoo kana irraa wanti adda isa taasisu ogafaan keessa mammaaksa qofa irratti xiyyeeffachuun akkaata hawaasni dubartoota itti ilaalu irratti hojjatamuu isaati. Argannoon qorannoo kanaa, ilaalcha namoota hin barannee irraa akka maddudha.

Akkasumas Qorattuun Muniraa, Imaam (2022) mata duree “xinxala mammaaksa haamilee dubartoota jajjabessan yookaan buusan kan” jedhu argannoon ishees mammaksi dubartoota haamilee buusaan ofiif maaliif biyyaafis akka bu'aa buusuu hin dandeenye ibsitee jirti. argannoon ishee mammaaksa haamilee dubartoota buusan ofiif maaliif biyyaafis akka bu'aa buusuu hin dandeenye keessee jirti.

Walumagalatti qorannoowwan qorannoo kana wajjiin walitti dhufeenya qaban baayyeen isaanii gosoota ogafaanii qeenxee irratti hundaahuun kan hojjataman yoo tahu, qorannaan kun gosoota og-afaanii hundas tahuu baatu muraasa jechuun oduu durii, mammaaksaafi jechama fudhachuun akkaata hawaasni dubartoota ittiin ilaalan maal akka ta'e, adda baasuuf kan qoratamedha.

BOQONNAA SADII

3. MALLEEN QORANNICHAA

Mata duree kana jalatti ibsa bakka qorannichaa, jechoota haaraa saxaxa qorannoo, iddattoofi mala iddatteessuu, meeshaalee funaansa ragaalee, qorannichaafi naamusni qorannichaa dhihaataniiru.

3.1 Saxaxa Qorannichaa

Kaayyoon qorannoo kanaa ogafaan filataman kana hawaasni dubartummaa irratti qabu og-afaan Oromoo Shawaa Bahaa Aanaa Aqaaqii filataman keessatti dhiyaateen xiinxaluufi dha. Qorannoon kun akaakuu qorannoo jiran keessaa qorannoo Akkamtaa yookiin qulqulleeffataadha. Yaadidamni qorannoon kun itti dhimma ba'ame yaadidama dubartummaati Sababni sabni yaadidamni kun filatamaniif inni guddaan waa'ee dubartummaa akkamii aadaa hawaasichaa keessatti akka qaban ibsuuf waan tajaajilaniifi hawaasni isaaniif qabu sirriitti ibsuun xiinxaluuf haala waan mijeessuufidha.

Akkasumas, qorannoo akkamtaa ta'ee, ragaalee mala akkamtaan walitti qabaman ergaa isaan qaban qabiyyeen addaan qooduun kallattii ilaalcha siyaasaan, hawaasummaafi diinagdeen gad-fageenyaan haala galumsa dhugaa hawaasichaa keessatti kan jechaan hiikuun xiinxaludha. (Palgrave, 2003:36). Kanaafuu saxaxoota kanarratti hundaa'uun xiinmala akkamtaatti gargaaramee ragaalee ogafaan bakka adda addaatti walitti funaanaman kana haala qabatamaa hawaasa keessa jiruun jechaan hiikuun gad-fageenyaan xinxalamuun qacceffamaniiru.

Itti dabalees, qorannoo tokko ragaa isaaf barbaachisu qaaccessuufi saxaxa qorannichi irratti hunda'e adda baasuuf gosti qorannoo sanaa murteessaadha. Kanaafuu qorannoo kana qorachuuf xinmalli filatame xinmala akkamtaa yookiin qulqulleeffataati. Sababni xinmalli kun filatameef ragaalee Hawaasaa Oromoo Shawaa Bahaa Aanaa Aqaaqii jiran irraa qorannoo kana dhugoomsuuf funaanamaniifi sakatta'a harshammee funaanaman hunda jechatti fayyadamuun gad-fageenyaan ittiin hiikuun xiinxaluun Kan addeessamedha.

Itti fufees, malli akkamtaan ragaalee qorannichaaf barbaachisan funaanuun jechaan ibsa (Creswell, 2007). Karaa biroo xiinmallii akkamtaa kanatti dhimma ba'uun kan barbaachiseef

ragaalee akkataa odeef-kennitootni kennaniin jechatti fayyadamuun galumsa dhugaa hawaasichaa keessatti xiinxaluun addeessamedha

Akkasumas mala xiinxala ragaalee saayinsii hawaasaa keessaa mala qaaccessa qabiyyeetti dhimma ba'uun xiinxaluufidha. Sababni isaa malli kun ittiin xiinxalamuuf kan filatameef Martyn (2003:230). Yeroo ibsitu, “malli xiinxala qabiyyee mala qorannoo saayinsii hawaasaa keessa tokko ta'ee; kan qorataan tokko qabiyyee barruu tokkoo akka xiinxaluuf gargaarufi ga'umsa waan dhokataa hafee barreeffamaa keessa jiru tokko gad-baasuun namootaan walqunnamsiisuuf humna cimaa of keessaa qabudha”. jetti.

2 Kanaafuu dhimma ilaalcha dubartootaa Ogafaaniin ture garuu akka hin dagatamne barreeffamnii jiran hawaasaa kana keessa jiru gad-baasuun dhaloonni akka itti fayyadamuu gochuun mala kanattii dhimma ba'amee ragaalee sakatta'a dookimeentii barruu ogafaanota sana keessaa walitti qabaman qabiyyeetti addaan qoqqooduun ittiin xiinxaluun kan qoratamedha.

3.2. Madda Ragaalee

2 Ragaaleen qorannoo kanaa madda raga tokkoffaafi lammaffaa irraa kan argamaniidha. Maddi ragaa tokkoffaan hawaasa Oromoo Shawaa Bahaa Aanaa Aqaaqiiti. Kunis ilaalcha hawaasni dubartootaaf qaban maal akka fakkaatu afoolaan uummatichaa bu'uura taasifachuun kutaa hawaasaa adda adda irraa odeeffannoo funaanameerra. Kothari (2004: 95) akka ibsetti maddi ragaa tokkoffaan odeeffannoo qulqulluu yeroo duraatiif funaannamuudha. Kana jechuun odeeffannoon hawaasa irraa funaannamu kallattiidhaan qorattuufii hawaasa qorannoon irratti gaggeeffamutu odeeffannoo waliif kenna waan ta'eef ragaan argamu qabatamaafi odeeffannoo sirrii namaa kenna.

Maddi ragaa lammaffaa immoo qorannoowwan kana dura hojjatamanii mata duree kanaan walfakkaatu sakatta'uudhaan qorannicha cimsuuf kan gaggeeffamedha. Kothari (2004: 95) maddi ragaa lammaffaa haaraa osoo hintaane kan qaamota biroottiin kana dura funaannamanii barreeffamaanii lafa taa'an ta'uu ibseera. Ragaa adeemsa adda addaa keessa darbeedha. Innis kan mul'isu ragaan madda ragaa lammaffaa irraa argamu hojiilee armaan duratti hojjatamanii jiran akka ta'eedha. Ragaan madda ragaa lammaffaa irraa argadhu kun isa tokkoffaa sana cimsa waan ta'eef barbaachisaadha. Ragaalee kunneenis; barruulee adda addaa, qorannoowwan garagaraa,

kitaabilee kana dura mata duree kanaan walqabatanii barreeffaman adda addaa dubbisuudhaan ragaa dabalataa funaanameera.

3.4. Mala Iddattoo

2 Mala Iddattoo kana (fileen2016), akka ibsutti “Iddattoon tuuta qorannoon irratti gaggeeffamu keessa waantoota yookaan namoota ragaa kennuu danda'an filachuuf” jechuudha. (F:59) jedha. 1 Iddattoo filachuun kan barbaachiseef, yeroo, maallaqa, humna namaafi kkf qusachuuf yaaddameeti. Haaluma kanaan namni qorannoo gaggeessu tokko tooftaalee adda addaatti gargaaramuu danda'a. Malli kunis akkaataa qorannicha waliin deemuu danda'anitti ilaallamanii kan filatamaniidha.

Maloota kana keessatti iddattoo hedduu fayyadamuurra iddattoo dhimma qorannoon irratti gaggeeffamu waliin walitti dhufeenya cimaa qaban muraasarraa ragaalee gahaa ta'e funaanachuun xinxalameera. Qorannichi mala iddatteessuu akkayyoo fi darbaa dabarsaa fayyadamuun Gadoota Aanaa Aqaaqii kudhatokko jiran keessaa afur filachuun maanguddata (4) Dargaggeeyyi (6) qarree (5) Beerran (5) Aadaa turizimii irraa (4) walumaagalatti Odeeffkenitoota (24) irraa raga fudhataman walitti qabuun hiikuun qaaccessamedha.

3.5. Mala Iddattessuu

1 Mala iddattessuu kana akka (Fileen) ibsutti Qorannoo tokko keessatti iddattoota filachuuf jecha hawaasicha keessatti waa'ee mata duree Sanaa ilaalchisee namoonni beekumsafi hubannoo qaban 8 adda baafachuudha. Hojiin adda baasuu kun erga raawwate booda qorataan namoota odeeffannoo sirriifi gahaa ta'e kennuu danda'an tooftaa carraafi mitcarraa fayyadamuudhaan raawwata.

Ilaalcha hawaasa tokkoo bifa aartii dubbiin dhiyeessuun hubannoo seenaa uumuu keessaatti gahee ogafaanii qabu guddaadha. Ogafaan keessaa ammoo: mammaaksii, oduun duriifi jechamni isaan tokko yoo ta'an, Mammaaksii, oduun duriifi jechamni ilaalcha seenaa keessatti hawaasni dubartiifi dubartummaaf qabu kanneen ibsan keessaa isaan tokkodha.

2 Mammaaksonni, oduuleen duriifi jechamoonni dhimma jiruufi jireenya hawaasa heedduu waan 2 ibsaniif, isaan kana hundarratti altokkoon qorannoo gaggeessuun ulfaataa dha. Sababnisaa dhimmoonni hawaasaa mammaaksaa, oduu duriifi jechamoota keessatti argaman galaana waan ta'aniif. Kanaafuu mala iddatteessuu miti-carraa keessaa akkayyooitti darbaadabarsaatti dhimma

ba'uuni mammaaksotaa, oduulee durii jechamoota jiran keessaa kanneen ilaalcha dubartiifi dubartummaa irratti xiyyeeffatan filachuun qorannoo kana kan gaggeessamedha.

3.6. Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Ragaalee mala qorannoo akkamtaa funaanuudhaaf meeshaalee funaansa ragaalee jiran keessaa afgaaffiifi sakatta'a dookumentiiti dhimma ba'uun ragaalee qorannoo kanaaf barbaachisaan kan walitti qabamedha

3.6.1. Afgaaffii

Afgaaffiin, Meeshaalee funaansa ragaalee qorannoo keessaa tokkoo ta'ee, odeeffennitoota bira qaamaan deemuun raga qorannoo tokkoof barbaachisu fudhachuudha. Yaada kana ilaalchisuun, Dastaa (2013:111) yoo ibsu: Afgaaffiin gosoota meeshaalee odeeffannoon ittiin funaanamu keessaa tokko ta'ee, kan qorataafi odeeffannan fuulleetti wal arganii odeeffannoo waliif kennanidha. Odeeffannoo afgaaffiidhaan funaanamu wanti gaarii taasisu qorataan gaaffii isaa sirriitti ifa godhee akka ibsuuf, odeeffataa gaafachuu danda'uu isaati jedha.

Haaluma kanaan, Punch (1998:38), bu'aa afgaaffiin qorannoo qulqullaa'inaa keessatti qabuun walqabsiisee, "Afgaaffiin meeshaalee funaansa ragaalee qorannoo qulqulleeffataaf ragaaleen ittiin funaanamuuf dhimma itti ba'aman keessaa tokko ta'e, kallatti ittiin ilaalcha namni tokkoo qabu madaalan keessaa isa tokkodha", jechuun lafa kaa'a.

Kanaafuu qorattuun yaada kana bu'uura godhachuun, afgaaffii qindaahaafi miti qindaa'atti gargaaramuun maanguddata (4) Dargaggeeyyi (6) qarree (5) Beerran (5) Aadaa turizimii irraa (4) walumaagalatti Odeeffennitoota (24) i muuxannoo afoola ummatichaa caalatti qabanfiladheera.

Kanas qorattuun, guyyaa hawaasni gandichaa walgahii, mana murtii aadaatti, guyyaa cidhaairratti walitti qabaman yookaan walitti dhufan beellamaan irratti argamuun afgaaffii marii garee xiyyeeffatan fayyadamuun ragaalee walitti qabachuun dhimma itti baatee jirti.

3.6.2. Marii garee

Kana malees meeshaalee funaansa ragaalee akkamtaa keessaa marii gareetti dhimma ba'uun garee afuritti qoqqoduun marii taasisuun ragaalee qorannoo kanaaf barbaachisoo ta'an walitti qabachuun qorannoo koo ittiin gaggeessuuf dhimma itti ba'een jira.

3.6.3. Sakatta'a Dookimantii

Malli funaansa ragaalee, qorannoo kana keessatti hojiirra oole inni biraan sakatta'a dookumentiiti. Waa'ee sakatta'a dookumantii ilaalchisuun, Dastaan (2013:131),

“Barreeffamoonni akka odeeffannoo qorannootti nama fayyadan hedduudha. Isaan keessaa kanneen akka kitaabotaa, xalayyootaa, gaazexaa, barruulee adda addaa, barreeffama murtii, yaadannoo fi wkf tahuu malu. Dookumentoonni kunis, mana kitaabaatti ykn namoota harkatti argamuu dandahu,” jechuun ibseera. Kanaafuu dookimantoota qorannoo koof barbaachisan keessa filachuun, malli kun hojiirra kan oolamedha. Kunis “Kuusaa yaadannoo Ogafaan Oromoo,” Waajjira Aadaafi Turizimii Aanaa Aqaaqii, Hawaasa Aanichaarra walitti qabaman sakatta'uun qorattuun ogafaan kaayyoo qorannichaa waliin kan deeman walitti Kan qabamedha.

3.7. Mala Xiinxala Ragaalee

Qorannoon kun ragaalee meeshaalee funaansa ragaa afgaaffiinfi sakatta'a dookimentiiin ogafaan filataman keessaa funaanaman hunda mala qaaccessa qabiyyeetti dhimma ba'uun addaan qoqqooduun, xiinxala akkamtaafi yaadiddama Dubartummaatti dhimma ba'uun xiinxaluun, hiikuufi addeessamedha. Yaada kanaan walqabatee qaaccessi qabiyyee akka waliigalaatti mala qorannoo hojii galumsa waan qorannuu sanarratti hundaa'uun dhugummaafi fudhatamummaa ragaa barruu yookiin meeshaalee hiika qaban adda addaa keessatti argamaniif qorattuun hubannaa, ilaalcha, fedhii dhuunfaafi garee afuritti qoqqoodhaan xiinxalaaf itti dhimma ba'udha (James.W, 2016:21).

Akkasumas xinmala akkamtaa Filee (2019:114) yeroo ibsu, “xinmalli akkamtaa ragaalee jiran hunda akkaataa uummannifi hawaasni jedhutti, ilaalutti, hiika itti kennuutti, ibsuufi qaaccessuurratti kan xiyyeeffatuu akkasuma tooftaa xiinxala inni ofkeessaa qabu keessa xiinxalli seenaafi xiinxalli gad-fagoo isaan tokkodha” jedha. Yaada olii kun kan ibsu, xinmallii akkamtaa ragaalee yeroo qaaccessu haala galumsa dhugaa hawaasaa keessattifi ragaalee funaanaman hunda jechatti fayyadamuun gad-fageenyaan xiinxaluun kan addeessamedha.

Kanaafuu qorannoo kanaaf ragaalee ogafaan filataman keessa funaanamaniifi qabxilee kaayyoo gooree qorannichaa jalatti caqafaman irratti fuulleffachuudhaan akkasumas, yaadiddama qorannoon kun bu'uura godhate wajjiin walsimsiisuun ragaalee qabiyyeen qoqqooduun xinmala qorannoo akkamtaatiin xiinxaluun kan raawwatamedha.

2

3.8 Naamusa Qorannichaa

Waantoota amanamummaa qorannoo tokkoo mirkaneessaan keessaa inni olaanaan naamusa qorannooti. Sababnisa qorannoon tokko kan dhugoomu ragaalee qorannoonidha.

Ragaaleen qorannoo ammoo kan funaanaman odeefkennitoota tooftaa iddatteessuu qorannichaan filatamanirraati. Yaada kana Filee (2019:146) yeroo ibsu, “waraqaa qorannoo bu’a qabeessaa ta’e qopheessuun uummata biraan ga’uudhaaf duraan dursa sakkoo yookiin naamusa qorannoo adda baasuun beekuun murteessaadha” jedha.

Yaada olii kanarraa waanti hubannu qorataan madda ragaarraa ragaalee qorannoo qulqulluufi dhugaa ta’e funaannachuun qorannoo bu’a qabeessa tokko uummatichaaf dhiyeessuuf naamusa qorannoo barbaachisoo adda baasuun beekuun itti gargaaramuufi rakkoolee dhufan hundaaf itti gaafatamummaa fudhachuuf ofqopheessuu akka qabudha.

Kanaafuu qorattuun naamusa qorannoo jiran keessaa isa jalqabaa naamusa ogummaatti dhimma baateetti. Sababni naamusni ogummaatti gargaarameefis ragaaleen qorannoo kanaaf ogaafaan filataman keessaa afgaaffiinfi sakatta’a dookimentiin walitti qabaman kallattiin madda ragichaa keessaa kan fudhaman malee ragaalee sobaa fedhii dhuunfaa irraa maddan akka hin ta’iin ittiin mirkaneessufidha. Walumaagalatti ragaalee qorannoo kanaaf barbaachisan haala qabatamaa ogaafaan filataman keessa jiranitti walitti qabuun namattummaan xiinxalameera.

4. DHIYYEESSAAFI QAACCESSA RAGAALEE

Xinxala ogafaan dubartoota ibsaan ogafaan filataman xiyyeeffachuun kanneen akka mammaaksaa oduu durii jechamaan Xinxala dubartoota ibsan hawaasa Oromoo keessatti hedduminaan jiru.

dubartoonni afgaaffii irratti hirmaataniifi mammaaksota kanneen qorattuuf himan nidubbatu. Sababni itti mammaaksonni ilaalcha dubartootaa qaban dubartiin dubbatees baratees bu'aa akka hinbuusne kan kaasan yoo illee, waan fedhii bitachuuf raawwatachuuf akka fedhii keenyaa osoo hintaane akka nama farda lugamaan deemuutti nu yaaduun abatu siif beekama jechuun waan fedhii keenya barbanne sana akka ofiif nuuf bitan barbaadu dubartiif aradaa ormaati jedhama.

Hirmaattotaan eeraman saddeet akka jedhanitti isaanis: Xinxala hawaasni dubartiif qabu akka hir'ataa deemuu mammaaksotaa, oduu duriifi jechamoota ilaalcha dubartiif qaban dhaloonni haaraan duubaa dhufan beekanii dubbachuu irratti; inni lammaffaan immoo ilaacha dubartoota karaa ogafaan filataman kanaaf keessatti dubartoonni akka dhiira kamii gaduu akka jitu hubatanii jiru Kun ammoo dhibba hammaa maatiin irra qabee hanga biyyaatti fidudha.

Akka ibsa hirmaattota kanneeniitti, ilaalchi hawaasni qabu sirrummaa akka hinqabne akkasuma dhaloota dhufuuf ilaalchi kun darbuu hin qabu jechuun kaasaniru. (Af01.) Dubartiin maatiin irra hanga biyyaatti gola qofatti mul'achuu hinqabdu. Akkasuma (Af02) Manguddonni ilaalchi dubartiif qabnu akka naannoo keenyatti gadi bu"as dha fakkeenyaaf miidhan mana jiru yoo nuti eeyyamneef malee ofii feetee gurguurachulee hindandeessu. Kun waan durtummaaf qabnudha.

Dubartiin jala gadi jechuufi waan isheen jettee waliigaluun akka sirri hintaane jedhu. Waan hundumaa kan hogganu mana waan hundayyuu dhiroota akka ta'e Kan kaasanidha. Itti dabalees qerroowwaniif qarreen (Af3) Yaada kanaan olitti eeraman irra kan maqu inni halli dubartii ittiin hawaasni keenya ibsu yookaan mammaaksa, oduu durii jechama kanarratti baay'inaan kan mul'atu dha.

Akka naannoo keenyatti ilaalchi dubartiif qabnu mana mana keenya irraa kaasee hanga ardaa yookaan Ganda keenyatti ta'ees, Abbaan keenya haadha keenya irraa kaasee hanga obbolota keenya shamarraniif qabnu ilaalcha baayyeen gadi bu'adha. Midhaan gurgurachuu qabeenya sochosuu irratti akkasuma dubartiin baratees bu'aa maalbuustii jechuun Kan kaasaniidha. Akka

2 yeroo keenyatti ammoo hanga ta'e ilaalcha ballessuu baannu hir'isuu dandeenye jechuun kaasuu sababiin isaas akka waan aadaa ta'eeti kan ilaalamuudha. waan ta'ef jedhu. keenya keessatti dhimma itti baanu keessatti gargaaramneedha. Waraabbiin armaan gadii kun, godina shawaa bahaa Aanaa Aqaaqii qarreen, qeerroo, beerran , maanguddoota saddeet saddet fudhataman dhihataniiru yaada ilaalcha hawasa irraa walitti qabaman keessa muraasa isaa ilaaluun bu'aa irraa argamu hubachuunn nidanda'ma.

Ogafaan dhimmoota hawaasummaa, diinagdee fi siyaasaa dubartootaa akkamitti akka ibsuufi Gaheen dubartoonni sirna Gadaa keessatti qaban akkaataa isaan ogafaan Oromoo Sh/Bahaa Aanaa Aqaaqii keessatti ibsaman sakatta'a hafee, marii gareefi afgaaffiin argaman hundi haala ogafaan filataman keessatti dhiyaatanii haala kanaa gadiin xiinxalamaniiru.

4.1. Dubartootni Og-Afaan Filataman Keessatti

Akka qorannoo kanaatti yaad qabeessummaan jechuun haala sirrii fi amansiisaa ta'een yaaduu, murtee sirriifi sababa irratti hundaa'e kennuu danda'uudha. Yaada hiyyummaan immoo safartuuwwan akka gowwummaa, murtee badaa miidhaa dhaqqabsiisu kennuu, sababeessuu dadhabuun ibsama. (Statt, 1998:70). Yaada olii kanneen irraa hubachuun kan danda'amu yaad qabeessummaan odeeffannoo gahaa ta'e qabaachuu, sababaa fi ragaan waa amansiisuu, beekumsa haala ofii fi uummata fayyaduun itti fayyadamuudha.

2 Yaad hiyyummaan (irrationality) ammoo hanqina beekumsaa, sababaan waa amansiisuu dadhabuu wajjiin wal qabsiisamee ibsama. Akka ilaalcha hawaasaatti yaad qabeessummaan kan jaallatamuu fi yaad hiyyummaan immoo kan jibbamuudha. Sakatta'a hafee, marii gareefi afgaaffiin hawaasicha keessatti ibsamuun karoorfametti, 'Ilaalchi Hawaasni Dubartootaaf qabu ogafaan uummata Oromoo Sh/Baha Aanaa Aqaaqii filataman keessatti' jedhurratti. Haaluma kanaan, qoratuunis qorannoo kana keessatti qabxiilee yaadiddama dubartummaa dhimma bahamuun hojiin ogafaan tokko xiinxalamuu danda'u fayyadamuun gaaffilee qorannichaafi dhimmoota kaayyoolee gooree keessatti kaafaman kanneen akka; haala ogafaan filataman keessatti ilaalcha hawaasni dubartootaaf qabu, ogafaan dhimmoota hawaasummaa, diinagdee fi siyaasaa dubartootaa akkamitti akka ibsuufi Gaheen dubartoonni sirna Gadaa keessatti qaban akkaataa isaan ogafaan Oromoo Sh/Bahaa Aanaa Aqaaqii keessatti ibsaman sakatta'a hafee, marii gareefi afgaaffiin argaman hundi haala ogafaan filataman keessatti dhiyaatanii haala

kanaa gadiin xiinxalamaniiru. Mammaaksa Uummata Oromoo Sh/Bahaa Aanaa Aqaaqii keessattis yaada hiyyummaan dubartootaa safartuuwwaan akka waa xiinxaluu dadhabuu, haala jiru hubachuu baachuu, murtee gadhee murteessuu wajjiin wal qabsiisame haala armaan gadii kanaan ibsame

4.1.1. Haala dubartootaaf Mammaaksa keessatti dhiyaateen

Waantoota ilaalcha seenaa hawaasa tokkoo ibsaniifi jijjiiruu keessaatti shoora guddaa bahan keessaa tokko ogafaanidha. Sababnisaa ogafaan muuxannoofi mudannoo hawaasa tokkoo kalaqan dabalee deebisee dubbii afaaniin dhalootaf waan dhiyeessuuf, gooroolee og-afaanii keessaa ammoo mammaaksi isa tokkodha.

Mammaaksi ammoo gooroolee ogafaanii ta'e, ilaalcha gaariis ta'e, badaa hawaasni tokko duburtootaaf qabu kan ibsudha. Kanumarratti xiyyeeffachuun mammaaksonni meeshaalee funaansa ragaalee adda addaan walitti qabaman haala kanaa gadiin xiinxalamaniiru

Mammaaksonni tokko tokko dhiirri dubartootarratti ofinoo akka tahan jajjabeessan ni jiru. Abbaan manaa Hadha manaa ofii reebu akka waan fudhatama qabutti kaasuu yookaan ilaalu.Fakkeenyaaf:

a.Dubartiifi Harreen ulee jaallatti

Mammaksi kun ergaan isaa dubartiif, kabaja, ulfina osoo hin taane reebichat yookaan dhaanutu akka itti toludha. Garuu dubartiif bakka harree garatti goryu hin beekne sirruuf akka reebamtu beekama dubartillee ilaalcha kanaan akka ilaallama kan ibsudha

a. Dubartiin dhugaa qabda yoo jedhaniin boossi.

b. Harki taa'u deega jedhe jaarsi jaartii kabalee.

Yaada mammaaksota kanaarraa kan hubannu inni jalqabaa dubartiin dhugaa akka hin qabneefi namoonni ammoo dhugaa qabaachuu ishii ragaa yeroo bahan mallattoon isaa boo'uu akka ta'etti lakkaa'aa akka turandha. Kun ammoo kan mul'isu dubartiin hawaasa keessatti dhugaa kan hin qabne akka taatetti lakkaa'uun ilaalchaan miidhaa akka turan hubanna.

Mammaaksa isa lammaffaa irraa ammoo kan arginu, jireenya hawaasummaa keessatti dhiirti hojii of harkaa yoo kan hin qabne ta'e yeroo ittiin dabarfachuuf dubartii reebuu akka hojiitti itti

dhimma ba'uun akka turedha. Yaadni kun dhiironni yeroo hojii ofharkaa hin qabne dubartii ofii kunuunsuun waantoota jireenyaaf isaan barbaachisu mari'achuun jireenya gara fuula dura mijeeffachuu caalaa, akka carraatti kan laalamu haadha warraa ofii reebuun akka waan gaariitti ilaaluun dhimma itti ba'uun akka turedha. Kun ammoo dhaloota har'af galtee gaarii ta'e darbuu akka hin qabne xiinxaluun dandaa'ameera.

c. Kan dandeessuu dhaani jennaan gowwaan galee jaartii dhaane jedhan.

d. Dubartiif ulee mudhii gaditti qabatu

Mammaaksonni kunneen hundinuu haala/akkaataa dubartoota ofittummaa akka hawaasni isaan eegutti buluu didan ittiin sirreessuu dandaa'an keessatti mammaakame. Akka Kelly(1998). jedhutti rakkooleen akkana kunneen dubartootarratti rakkoo qaamaa fi xiinsammuu fiduu danda'u. Ogfaan kunneen akka dubartoonni callisoo, waan hundaayyuu tole jechuu, dhiironni immoo mirga ofittootuu tahuu keessumattuu jaartii ofiirratti ni jajjabeessu. Yoo dubartoonni sarara kana irraa xiqqoo maqanii ejjennoo ofii qabaachuu barbaadan dhiironni filannoo haadha manummaa keessaa haqudha.

Kana malees, dubartiin hawaasa keessatti olbaatee mul'achuu akka hin qabnefi abbaan warraa dubbartii qabachuu beeka kan jedhamu yoo fedha ishiin osoo hin taane dirqamaan fedhii ofii irratti fe'uun waaninni barbaaduufi akka inni fedhu qofaa taatedha jechuun akka bartee gaariitti ilaaluun dhaloota ittiin barsiisaa turanidha.

a. Beerti nama qoccoltuu fi manni dhimmisu tokko

b. Jaartiin hamtuun Jaarsa ofii qaanessiti

Yaada mammaaksota odeefkennitoota irraa argaman olii kanarraa waanti guddaan hubannu haati warraa abbaa manaa ishii waliin kan waliitti bu'an yoo ta'e, waliin taa'anii mari'achuun rakkoo waliin furuu caalaa, akka hamtuu taatetti lakkaa'uun dubartiin abbaa warraa ishii waliin yoo walitti buutee argamte jireenya maatiif yaaddoo akka mana urata rooba dimmisuufi jaarsa ishiif ulfia kan hin kenninetti lakkaa'un dubartiin kamuu akkuma kana akka taaetti ilaaluun akka turefi har'as akka fakkeenyaatti fudhachuun dubartoota ittiin akka qeeqnan xiinxalu dandaa'ameera.

Yaaduma olii kanaan walqabatee mee mammaaksota dabalataa odeefkennitootni biroo kennan haa ilaallu.

a.Jaartiin hamtuun yeroo jaarsi alaa galu gad baatee ala teessi.

Yaada mammaaksa kanaarraa waanti guddaan hubannu dubartiin yeroo abbaan manaa ishii alaa dhufu mana keessa teessee hin eegdu yeroo inni dhufu ala jirti yoo ta'e akka ishiin hamtuu tateetti ilaaluun xinsammuu dubartootaa ittiin xuqaa akka turaniifi har'as mammaaksota akkasiitti dhimma ba'amaa akka jiru xiinxaluun danda'ameera.

Yaaduma olii kanaan walqabatee mammaaksota odeefkennitootni kanaa gaditti kennan haa ilaallu

a.Gursummaan gaafa heerumtu mooyyee qoorafu waggaasaatti olla qoraasti.

b.Na caalaa nitii boodaa xaafii Adii fatagdi

c.Beerti dhiirsa mootu olla horii hin gootu

Akka hawaasa Oromoo Sh/Bahaa Aanaa Aqaaqii dubartoonni yoo yeroon hin heerumne akka qaanitti fudhatama.Yoo dafttee ijoolummaan kan hin heerumne tahe maqaa haftuu jedhamutuu kennamaaf,haftuun kan heeruma dhabdeef amala gaarii dubartoonni qaban waan hin qabneef jedhameetuu yaadama.Dubartoonni carraa heerumuu isaanii xiqqoo ture rakkoo xiinsammuu hamaatuu isaan mudata.

Fakkeenyaaf mammaaksa armaan gadii keessatti intalli xiqqoo turtee kaadhimamtee guyyaa cidhaa ofii hawwii guddaan eegaa turte cidhichi fedhii ishee malee harkaa diigamuu akka dandahu shakkii qabdu ibsatte

A, Ani heeruma koo kana koora gidduu gahu malee hin amanu

Haftuun yookiin intalli carraa heerumaa dafanii hin arganne namoonni baayyeen waa'ee jaarsa dhabuu akka qaaqaa turan ni beekama; haata'u malee mammaksonni dhiira yeroo dheeraaf osoo hin fuudhin tureef mammaakaman ogafaan hawaasa Oromoo Sh/Bahaa Aanaa Aqaaqii keessatti hin ibsamne. Haftuun yeroo baayyee hawaasaan qeeqamaa turtee fi akka carraa immoo jaarsa

argattee sammuu shee boqonnaa argate waan keessa dabarte yaadachuun akkas jechuun mammaakte “Har’allee waa’ee kiyya hin dubbatanii”

Dubartiin kasoo hin taane fi akka hawaasni ishee eegutti hin bulle abbaa manaafis, keessummaa isaatiifis akkasumas olla isaatifi hin taatu. Yaadni argannoo Jeylaan Waliyyii Huseen (2005:70) mammaaksonni Afrikaa baayyeen isaanii dhiironni akka gara aangootti dhufan dubartoota akka hachuucan fi mirga xiqqoo dubartootaaf kennuun miidhaa akka qabu kaasa.

Karaa ittiin hawaasni dubartoota ittiin too’atan keessaa inni biro kittaanaadha. Dubarri kittaanaamte hawaasa keessatti faayidaa lama qabdi: inni jalqabaa dubarri hin kittaanaamne osoo mana keessa utaaltuu meeshaa mana keessaa caccabsitee fixxi jedhama. Bu’aan inni lammataa dubartii hin kittaanaamne fedhii saalaa guddaa kan dhiiraa wajjiin wal hin madaalle waan qabduuf fedhii kana galmaan gahachuuf jaarsa isheetiif amanamtuu hin taafi jedhu kun ammoo akka sirrii hintaanedha

Akka ilaalcha mammaaksa kanaatti dubarii akka ishii booriif toltu kan godhu kittaannaa akka ta’edha.

Karaa biroottiin dubartoota gad qabanii bulchuu tooftaan hawaasni walqixxummaatti hin amanne fayyadamu jalqabumarraa kaasanii dhiironni jaartii ofii too’achaa akka deemaniidha. Yaadni kunis mammaaksota armaan gadii keessatti ibsameera.

a. dubartiif fi jiboota garaa duwwaa leenjisu.

Mammaaksi odeeff kennitootarraa argadhe kun kan ibsu, aadaa hawaasaa keessatti jiboota qonnaa hin jalqabiin shaakalsiisuuf, tooftaan ittiin dadhabsiisuun to’annoo ofii jala galfatan, osoo marga hin dheechisiin garaa duwwaa akka ta’edha. Kun ammoo leenjisa jibichaasaniitti kan mul’atu tooftaa ittiin dadhabsiisuun to’atu qofaa yoo ta’u, miidhamni jibicha kanaa isatti hin argamu. Akkasuma yaada kana bu’uura godhachuun abbaan warraa haadha warraa ofii karaan ittiin to’annaa ofii jala itti galfatu nyaataan ishii adabuun akka ta’e, hawaasa keessatti akkuma “dubartiin sabata nyaatti” jedhamu taa’anii mari’ichuun ilaafi ilaameen rakkoo isaani furachuun maatii nagaafi jaalala qabu hundeessuu caalaa xiyyeeffannoon guddaan mo’uufi mo’amu akka aadaa gaariitti ilaaluun dubartoota miidhaa hin barbaachifneef akka saaxilamtu gochaa akka turan xiinxalameera.

a. dubartiifi farada ganama leenjii tolchu

b.dubartiifi jiruu ganama moo'atu

c.dubariiifi sangaa fardaa abbaatuu fe'ata

Mammaaksonni olii kunneen haala dubartoota gad qabanii bulchuun akkamitti akka danda'amu haasa'an keessatti mammaakaman, kanaafuu akkuma Adurree fi saree Jaartii ofii Jaarsatu qajeelcha yaada jedhu of keessaa qabu. Akka Warri mirga dubartootaaf falman jedhanitti hacuucan dubartootarratti mana keessatti gahu koorniyaa irratti kan hundaa'ee fi loogummaa saalaa bu'uura kan godhatudha.

Yaaduma kanaan walqabatee mee yaada oduu durii odeefkennitootni kennan kana haa bifa kanaa gadiin xiinxaleen jira.

Bara durii namicha tokkotuu haadha manaa isaa waliin naannoo tokko jiraatu turan.Maatiin kun yeroo waliin jiraatan jireenya hawaasummaa isaanii keessatti haati manaa abbaa manaa ishee kanaaf kan hin abboomamne; yeroo inni bitaa jedhu, ishiin ammoo mirgaa jetti. Kanarraa kan ka'e hawaasa keessatti akka niitii abbaa abaluu jedhamuun akka fakkeenya badaatti fudhatamuun hawaasni nannoo sanaa ittiin walbarsiisa ture. Jireenyuma kanaan osoo jiranii ilmaaniifi intaloota horatanii waliin jiraatu turran.

Hawaasni naannoo sanaa ammoo duudhaa hawaasummaa ganamaan kan jiraataniifi ijoollee isaanis kan guddisanidha. Akka aadaa namoota naannoo sana jiraataniitti dubartiinis ta'e, dhiironni yeroo umriin isaanii gaa'elaaf gahu maatiitu ofiin ilma isaaniif haadha warraa isaaf taatu maatii guddaa safuu hawaasichaa kabaju barbaaduufin ilmaan isaanii fuusifatu turan. Kanarraa kan ka'e maatiin biroon tokkos naannooma maatii kanarraa xiqqoo fagaatanii jiraatu turan.

Maatiin kun ilmaan qabu tura. Ilmi isaanii kunis bultii godhachuu waan barbaadeef abbaa isaatiin yaa abbaa koo bultii ijaarrachuu waanin barbaadeef nafuusisaa jechuun abbaa isaatti hime.Abbaan isaa kunis gaaffii mucaa isaa deebisuuf dubara barbaacha yeroo heedduu erga barbaadan booda gara gurbaa isaaniitti deebi'un akka hin milkaa'iin itti himan. Gurbaanis xiqqoo gadde.

Abbaan gurbaa hin gaddiin waaqni kan siif taatu ni argaa! Anis ammoo abdii hin kutuu nan barbaaddaa jechuun mucaa isaanii jajjabeesan. Sababni guddaan yeroo sana dubarri tokko manaa baatee gabaa hin deemtu, baatees ala hin dedeemtu waan tureef!

Gurbaanis yeroon booda abbaa isaatti dhiyaachuun dhimma kana maalirra ga'an gaafate. Kanarratti abbaan gurbaa ka'anii karaa bu'an. Erga yeroo xiqqoo barbaaanii booda osoo hin milkaa'iin deebi'anii yaadanaan busanii baasaa osoo deebi'aa jiranii maanguddoon akka isaanii kan isaan ijoollummaa qabanii waliin guddatanniifi turan tokkoon waalitti ba'an.

Maan guddoon kunis yaa abbaa abalu akka ooltan? Karamii yaatu jechuun gaafatan. Abbaan gurbaas eessaa akka dhufaniifi mudannoo isaanii kanas tokko tokkoon itti himan! Maanguddichis takka xiqqoo erga itti yaadanii booda; yaa abbaa abaluu koo dhugaadha dhibdeen keessanillee ulfaataadha. Ta'us "milki tolchaan waaqi" jedhanii, erga waliin taphachaa xiqqoo deemanii booda, Yaa abbaa abaluu koo mucayyoon tokko kan abbaa abaluu tokko ni jirtii, garuummoo akkuma booriif nan komanne haati xiqqoo abbaa warraaf hin abboomamtu yeroo jedhan nan dhagaa'a jedhan. Abbaan gurbaas xiqqoo erga itti yaadanii booda yaa abbaa abaluu koo akkuma isin jettan "milki tolchaan waaqi" Gurbaan kunis waan jiru dhaga'uun ni hubata kanaafuu waan jiru kana itti himuun yaada koo isiniinan gaha jechuun gargar bahan.

Abbaan akkuma mana galaniin gurbaan abbaan isaa dhimma kana maalirra akka geessisaan gaafate. Abbaanis waan hundumaa erga itti himanii booda gurbaan erga abbaa taa'uuf dhaabbi dhorkate. Abbaan gurbaas maanguddoota naannoo isaanii jiran qabachuun gara mana warra mucayyoo deemuun gurbaa isaaniif mucayyoo isaanii akka barbadan itti himan. Abbaan mucayyoos yaada keessummootaa dhaggeeffachuun erga simatanii booda. Maanguddoota dhufan gidduu dhaabbachuun baay'een isin kabajaa garuummoo haati warraa koo mirgaa yoon jedhu bitaa, bitaa yoon jedhu ammoo mirgaa jetti. Kanaafuu isinii waliin ammoo waldhabuu hin barbaadu, yoo kana hunumaa ni dandeenya jettan ammoo ani isiniif hayyamera jedha. Abbaan gurbaa yaada kana erga itti yaadanii gaaffii gurbaa isaa kaanarraa ofkaluuf yaada abbaa mucayyootti waliigaluun walfuusisan.

Gurbaanis erga mucayyoo gara mana ofiitti fudhatee yaa haadha manaa koo baay'een si jaalladha. Garuu jireenya koo keessatti amala koo sitti himachuun barbaada. Innis takkaan dubbadha. lammaffaarratti murtoon fudhadha, bishan jedhe takkaan dubbadha.. Jedhee osoo inni

afaan isaa keessaa hin fixiin lukkuun tokko dhuftee fuula isaa dura naannofte. Lukkuu nan fuula koo dura hin naanna'iin jedhe! Didde si'a lammaffaa fuula isaa dura dabarte. Yoggusuma aalbee fuudhee morma ishii kutee ishii fuuldura buuse! Ergasii osoo inni dubbatee afaan isaa keessaa jhnin fixiin waan inni barbaade gooti turte.

Yeroo muraasaa booda akka aadaatti torbaan taa'umsaaf gara maatii mucayyoo yeroo deeman waan maatiin barbaadan ija isaanii irratti beekuun hojjechuun dhiyeessiti turte. Abbaan mucayyoos jijjiirama mucayyoo isaa kana baay'ee diqisiifachuun akkamittiin akkas akka jijjiiramte gurbaa gaafachuuf gara alaatti baa'a. Ergasii abbaan mucayyoos ajaa'ibsiifannaa guddaan yaa mucaa koo akkamumattiin akka ishii jijjiirte natti himii! "Haadha ishiis akkasumama naaf godhi jedheen!" Gubaanis yaa abbaa kiyya gaarii ture garuu "gogaa jiidhaa maru" jedheen jedhama.

Yaada oduu durii kanarraa waanti guddaan hubannu jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti dubartiin kan dogogora ishiirraa barattuu taa'anii mari'achuun ilaafi ilameen osoo hin taane, doorsisuufi reebuun qofa akka ta'etti ilaaluun ,akkasumas akka waan tasumaa sirraa'uu hin dandeenyeetti dhiirtiifumaa sirreessuu kan danda'u ofii jaalalaa mariisisuun sirreessuun waliin jireenya hawaasummaagaarii akka jiraatan gochuu osoo danda'uu quba iddoo dadhabbi ishiitti qabuun dadhabsiisuufi namoota gidduuttilllee salphisaa akka turandha. Kana malees furmaatni jijjiiramni amalaa dubartii irratti fiduuf maayi itti ba'uu qabnu reebuufi doorsisuu akka ta'etti ittiin dhaloota barsiisaa akka turaniifi ammas akka fakkenya gaariitti akka dhimma itti bahan xiin xiinxalameera.

4.1.2. Ilaalcha Dubartootaa Mammaaksa Amanamuumaan Dhabuu Keessatti

Akka hayyoonni xiinsammuu jedhanitti amanamuun safartuuwwan akka dhugaa dubbachuu, waadaa eeguu, ofitti amanuu, hatuu fi sobuurraa of qusachuudha (Salamoon, 1998). Akka aadaa uummata Oromoo Sh/B/Aanaa Aqaaqiitti amanamummaan amala namni kamuu qabaachuu qabuudha. Dhiirris dubartiinis amanamoo tahuu qabu. Haa ta'u malee Ogafaan odeeffannoo kennitootaarraa walitti qabaman dubartoota akka shakamoo, kan yoomiyyuu hin amanamne, icciitii qabachuu akka hin dandeenyeetti ibsa (DDO, 2,3,4). Mammaaksa keessattis dubartoonni akka waan goonkumaayyaa amanamuu hin dandeenyeetti kaafaman Sakatta'a harshammeen funaanaman

a.Amanteen dubartiif amanteen arrabaa tokko (mopc.24:1)

b.dubartii manatti, midhaan baakatti hin abdatan

Mammaaksota olii kanarra kan hubannuu arrabni altokko dubbatte garuu akkuma faayidaa xiqqoon fedhii kessoon walii galuun sossobamee waandubateef deebi'ee hin amanamne dubartiinis, dubbii dubbattuufis kan hin amanamneefi amanuun akka hin dandaa'amne. Akkasumas hawaasni jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti dubartii amanuu akka hin qabne gochuun akka fakkeenya gaariitti itti dhimma b'uun ittin barsiisaa akka turan xiinxalameera.

Yaaduma olii kanaan walqaatee mee mammaaksa odeefkennitootni kennan kana haa xiinxallu!

a.Intala warratti, midhaan baalatti hin abdatan.

b. Kan dubartiin booneefi kan bossoqqee dhaabbate tokko.

Dubarri hanga fedhe maatii ishee biratti tuu'iifi kunuunsa feete yoo qabattellee,akkuma midhaan yeroo biqilee baalli isaa lalisee sababa hanqina rooba adda addaan bade akka eegamu ta'uu dhabu dubarri hanga mana dhaabbatte hormaan dhugaa ba'amuufitti kan hin abdatamne gochuun hawaasni dubara akka hin amannefi hawaasa keessatti dubartiin hanga cimtuu yoo taateyyuu kan ittiin hin boonamne akka tatedha. Kana malees hawaasa keessatti dubartii akka miseensa hawaasaa boorif abdataman keessatti lakkaa'amaa akka hin turreefi har'as hawaasni yoomessa mammaaksota kanaan ala itti dhimma akka ba'an xiinxaluun dandaa'ameera.

Kana malees mammaaksota odeefkennitoota irraa argaman kanaa gadii bifa kanaa gadiin xiinxalamanii jiru.

a.guddina distiifi guddina durbaatti hin beekan

b. Haatii hattuun ilmoo hin amantu.

Mammaaksota armaan olii keessatti keessatti amanamuu baacuu dubartootaa arrabaa kan yeroo hunda waan gaarii hin haasofne, midhaan alaa jiruu kan yoo hin eegamne bineensotaa fi bineeladootan nyaatamee baduu dandahu wajjiin wal bira qabsiisanii ibsan.Gama birootiin dubartoonni, yoo barattes akka hin milkoofne, akkuma qilleensaa akka yeroo yeroon akka of

jijjiirattu,beekumsi dubartii biyyaaf kan hin fayyadnetti. Akka ilaalcha mammaaksota kanaatti dubartiin ilaalcha hawaasaa keessatti akka hin amanamnedha.

Kana malees mammaaksuma kana fakkatuu odeefkennitootni biroon akka yeroo ibsan haala armaan gadii kanaan.

a.Lukkuun balaliiteefi durbi baratte eessayyuu hin geettu

b.dubartiifi Qawween kan abbaa bira jiruuti

c.Abbaa mucaa haadha malee namuu hin beeku

d Dubartiin Abba manaa mootu handaaraa bulti

e. Adurreen somba bartee fi beerti dargaggeessa barte takka

f.Reefuu tola jette jaartiin jaarsi irraa duunaan sanyoo ofiitin

Mammaksi kun dubartiin hangam yoo baratteyyuu fagoo akka hin geenye, naannoftee naannoftee maatii qofa jiraachisuurra akka hin dabarre gochuun hamilee buusuun, barsiisuurra heerumsiisuun akka turan kan agarsiisudha. Kana malee dubartiin akka amanamummaa hin qabneefi fageessitee yaaduun jireenya isheefi maatiishee kan gaggeessitu osoo hin taane: waan naannoo ishii jiru qofaaf iddoo kan kennitu ta'uu kan agarsiisudha.

Akkasumas akka somba namatiin sochotutti kan fudhatamefi dubartootni gaa'ila keessatti jireenya amanamummaa akka hin qabne; yerooma abba warra ishii waliin jiraatullee ala ilaalaa kan jiraattu jireenya harkaa qabduuf,bakka akka hin kenninetti bocuun hawaasa keessatti ilaalchi hawaasni dubartootaaf qabu gad-aanaa akka ta'u gochuufi dubartootnis ilaalcha kanaan qabamuun of-xiqqeessaa akka turan odeefkennitootni ibsu.

Yaaduma olii kanaan walqabatee Oduudurii odeefkennitoota irraa arganne gadii kana haa xiinxalli!

Bara durii haadha manaafi abbaa manaa tokkotuu naannoo tokko waliin jiraatu turan. Waliin jireenya isaanii kana keessatti abbaan manaa kun baay'ee haadha manaa isaa kana jallata;ni amanas ture.Jaalala ishiif qabu kanarraas kan ka'e waan ishiin barbaade dhorkaa tokko malees ni

guutaaf ture. Haati warraa isaa kunis waan inni garmalee ishii jaallatuufi amanuuf na shakka jettee waan hin yaanneef isaan alatti dhoksan hiriya waliin jiraattu qabdi turte.

Jireenya hawaasummaa keessatti namoonni naannoo isaanis dhoksaan yeroo isaan wa'ee haadha manaa isaa haasa'an ni dhagaa'a ture. Garuu waan ishii jaallatuuf waan namoonni hasa'an hin amanu ture. Kanarraa kan ka'e ishii gaafatee yoo ishiin isa amanuu didde na mufatti jedhee waan yaaduuf, ishii gaafachuun rakkoo isaa kana adda baafachu caalaa akanumaan waliin jiraachuu murteesse.

Rakkoo kana dandaachuun yeroo dheeraa erga waliin jiraatanii booda ammallee haasan haawaasni naannoo isaanii waa'ee haadha manaa isaa daran namoota inni duraan osoo isaan haasa'anii dhaga'een alatti osoo haasaa'amu dhaga'e. Dhimmi kun oolee bulee namticha kana keessatti gaaffii guddaa uume. Kanarraa kan ka'e dhimma kana adda baafachuuf haadha manaa isaa kanatti yoo dubbate amanuu dhiisuu waan dandeessuuf taa'ee mala wayii dhahachuun akka nama biyya fagoo deemuutti haadha manaa isaatti himuu gala inni karaa fagoo kana kan inni ittiin deemu akka qopheessituuf itti hime. Haati warraa isaas yaada abbaa manaa ishiitiin walii galuun galaa inni qabatee karaa fagoo kana qabatee ittiin deemu qopheessiteef.

Abbaan manaas akka nama karaa fagoo deemutti gala isaa fudhate, akkasumas waan isa barbaachisu hunda qabachuun adaraa mana, maatiifi qe'ee isaa ishiitti kennuun yeroo nagaa walitti dhaamanii karaa irra bu'uuf ka'u xiqqoo erga mooraa keessaa baafatee "abbaa manoo yoomimmoo galtu?" jettee gaafate. Innis "biyyi fagoo waan ta'ee xinnoo bubbuluun danda'a kaan ammoo ba'a malee, gala waaqatuu beeka" jedhee addaan ba'a.

Haati warraas gara manaatti deebi'uun mala dha'uun hiriya dhoksaatti waliin jiraattu sana waliin daarsuu akka qabdu murteessite. Ergasii abbaan manaa kiyyas deemera dafees hin galu jechuun dhidhiqatee, dibatee, marqaa ishii hojjechuu hiriya ishee sana waammachuun erga nyaachiftee miila irraa dhiqxee waliin rafuuf siree abbaa manaa ishiitti olba'anii, abbaan manaa ishii ammoo bakka guyyaa dhokatee oole sanaa deebi'uun hula mana isaa yeroo rurukkutu haati mana isaa eenyu yeroo jettu?, inni ana haadha manoo yeroo inni jedhu waan qabdee lakkiftu wallaalte!. Haa ta'u malee salphina ishii kana dhokfachuuf fala falatte. Innis mana isaanii keessa mukni waantoota adda addaa irratti akka goguuf mana keessatti hojjetame yookiin hafoo

jedhamu mana isaanii keessa waan tureef isarra akka olba'ee irra taa'uu goote. Namichis olba'ee erga taa'ee booda balbala saaqxeeff.

Ergasii isheenis abbaa manaa isheetiin “Abbaa manoo maaltaatanii deebitan?” jettee gaafatte. Innis jara warra ani bira deemuf ka'e biraa namoonni tokko dhufanii hin deeiin naan jedhan!” jedhe. Ishiinis irra deebitee waan rifatteef “maal ta'aniiti?” jettee yeroo ishiin gaafatu. Inni deebisee quba isaa gara samiitti olqabee “isa gubbaa kanaatuu beeka” jedhe. Namichis hafoo irra taa'ee jirurraa waan isaan jedhu se'ee “animmoo eessattin beeka!” jedhe jedhama.

Oduu durii kanarraa wanti hubannu dubartiin amanamtuu akka hin taanetti ilaaluun sammuu haawaasa keessatti bocuun dhaloota gidduutti walantaan akka hin jiraanne gochaa akka turaniifi dubartii itti ofgatanii jaallachuufi amanuu akka hin qabnetti dhaloota barsiisaa akka turandha. Kun ammoo dhaloonni jireenya hawaasummaa gaa'ela keessatti ilaafi ilaamen rakkoo isa mudatu hiikkachuun jaalalaafi amanamummaan waliin jiraachuu caalaa walshakkii gaa'ela gidduutti akka fidu xiinxalameera.

4.1.3. Ilaalcha Yaraa Mammaaksa Keessatti Dubartootaan Jedhaman

Afoolli seenaa keessatti ilaalcha yaraa dubartummaaf qaban ibsuu keessatti agarsiiftuu tokkoodha. Gooroolee Afoolaa keessaa ammoo mammaaksi isa tokko dha. Yaada olii kanaan walqabatee yaada ogafaan odeffkennitootarraa funaaname akka agarsiisanitti dubartoonni garaa hammeenyummaan dubartoota safartuuwwan akka jaarsa ofii ajjeessuu, nyaata muraasa itti kennuu, iccitii jaarsaa dabarsuu fi kanneen birootiin ibsame.

- a. Aduun saafa'aa fi beerti namaa hin naatu
- b. Gayyaan garaa hin laaftu
- c. Sareen fira namaati, beerti diina isaati
- d. Haati biddeenaa fi aduun saafaa tokkoodha
- e. Niitii hamtuu dhangaanis bahee maqaanis ba'a.

Mammaaksota Odeeffkennitootni kennan kanarraa waanti guddaan hubannu beerti akka garaa namaaf hin laafne gochuun suuressuun aadaa hawaasichaa keessatti baramaa akka ta'edha.

Sababnisaa fakkoomii kanarraa kan hubannu aduun saafaa qarri ifa isaa garalaafina waan ofkeessaa hin qabneef, beertnis akkasuma garalaafina abbaa warraa isaaniifis ta'e, qaama biroof akka hin qabnetti fudhachuun ilaalcha yaaraa dubartootaaf qabaachuun akka jiru xiinxdaluun dandaa'ameera. Karaa ittiin hawaasni dubartoota ittiin too'atan keessaa inni biro kittaanaadha. Dubarri kittaanamte hawaasa keessatti faayidaa lama qabdi: inni jalqabaa dubarri hin kittaanamne osoo mana keessa utaaltuu meeshaa mana keessaa caccabsitee fixxi jedhama.

Bu'aan inni lammataa dubartii hin kittaanamne fedhii saalaa guddaa kan dhiiraa wajjiin wal hin madaalle waan qabduuf fedhii kana galmaan gahachuuf jaarsa isheetiif amanamtuu hin taatu. Kanaaf kittaanaan akka dubri fedhiin saalaashee gara malee ol hin kaanee fi akka kasooftuuf fayyida. kunis haala kanaan mammaaksa keessatti ibsame “Bori tolinnaaf intala dhaqna qabu.”

Karaa biroottiin dubartoota gad qabanii bulchuu tooftaan hawaasni walqixxummaatti hin amanne fayyadamu jalqabumarraa kaasanii dhiironni jaartii ofii too'achaa akka deemaniidha. Yaadni kunis mammaaksota armaan gadii keessatti ibsameera.

Akka qorannoo kanaatti yaad qabeessummaan jechuun haala sirrii fi amansiisaa ta'een yaaduu,

a. “Jaarsa kiyya miidhaa?” jettee jaartiin gondarra teesse.

b. Jaartiin mana ijaaraniif quuncee dhorgatte

c. Intalli akkayyoon guddiste dudduuban laga ceeti

d. Reefuu naa ifa jette jaartiin mana gubdee

e. Kan qullaa teessurra, kan ofitti ibsitu.

g. Ulfaachuun kan ulfaati jennaan gowwittiin garaa dhiibde.

h. Garbittiin gargaarsa argatte dhagaa daakuu dhoksitii

Mammaaksota odeeff kennitootni kennan kanarraa waanti guddaan hubannu dubartootni aadaa hawaasaa keessatti ofittoo akka taa'anitti ilaalu, dubartiin Akkoo biratti yoo guddatte aadaa hawaasaa keessatti safuu hawaasichaa akka hin eegneefi qaanii yookiin maal naan jedhuun akka

isaan bira hin jirretti akka ilaaluun akka tureefi mammaaksota akkanaa wabii godhachuun ilaalcha dubartootaa miidhaa akka turan xiinxala kanaan bira gahuun dandaa'ameera.

Yaaduma olii kanaan walqbatee oduu durii odeeffkennitootni naaf kennan kana haala kanaa gadiin xiinxalameera.

Bara durii haadha manaa tokkoofi abbaa manaa tokkotuu waliin jiraata ture. Haati manaa kun yeroo baay'ee waliin jireenya hawaasummaa keessatti abbaa warraa isheef kan hin abboomamneefi faallaa turte. Waan abbaan manaa ishii jedhu kamiinuu faallaa turte. Kanarraa kan ka'e abbaan manaa ishee kunis waan tokko akka isheen gootu yoo barbaade faallaa isaan ajajata ture.

Haaluma kanaan osooma rakkatuu guyyaa tokko gara warra ishii bakka deemuun xiqqoo bira akka turaniif yaada kaafteef. Dubartiin kun amalli isheen qabdu inni biroon ammoo waantoko dubbattee waan sana hanga raawwattutti tole kan hin jennedha. Kanaafuu abbaan warraa ishii kun amala ishii kana waan beekuuf yeroon kun ammoo ganna waan ta'eef, deemuu hin barbanne. Haa ta'u malee innii yoo tole jechuu baate ishiin deemuu waan hin oolleef osooma yaaduu yada ishiin walii gale.

Haati warraa isaa kunis waan barbaaddu hundumaa qopheeffachuun gara maatii ishii deemuuf karaa bu'an. Karaa gara warra ishii geessu irraan ammoo laga ce'amutuu jira. Kanaafuu abbaan warraa ishii kun karaan biro gara warra isaanii ittiin deeman biroon waan jiruuf, achiin akka deemuu qaban itti hime. Ishiin ammoo yaada isaa kanaa walii galuu diduun karuma ofii feetu sana irra qajeelte. Abbaan warraas keessoo isaa waliin buusee baasee yaadaa ishii waliin qajeelle.

Osooma yaadaan walfalmaa deemanii naannoo galaana sanaa yeroo ga'an roobni guddaan roobee wan tureef, galaanni guutee riqicha dhoksee ture. Abbaan warraas yaadaan baay'ee waan dhiphateef, amaloota ishiin qabdu dagachuun "galaanni guutee waan jiruuf, riqichi hin mul'atu. Kanaafuu hamma galaanni kun nuuf darbuutti haa obsinu". jedhe. Ishiin ammoo yaada abbaa manaa ishii kana diduun "Kana durayyuu nan beeka'oo kun naaf haarayyaa" jechuun qajeelte.

Abbaan manaa ishii kun osoo kadhatuu diddeetuma galena guutee jirutti seente. Kana booda erga xiqqoo siqxee yaada abbaa manaa ishii dhaga'uu diduun galaana keesstti riqicha sanarraa

galena keessatti kufte. Yerumasana abbaan manaa lagar ra dhaabbattee ishinaan namoonni itti bir matanii waan ta'e gaafatan. Namonnis galaanichatti seenuun daaktuwwan akka baasaniif ajajan. Daaktuwwanis erga heedduu barbaadanii booda dhaban. Ergasii abbaan manaa amala ishiin qabdu waan yaadateef, daaktotaan "Haati manaa koo yeroo ani oljedhu, gadi jetti; yeroo ani gadi jedhu ammoo ol wan jettuuf, gara gadii osoo hin taane gara oliitti naaf barbaadaa!" jedhe Jedhama.

Oduu durii kanarraa waanti guddaa nuti hubannu jiruufi jireenya hawaasummaa keessatti waligalteen murteessaa akka ta'edha. Kana jechuu akkuma Oromoon yeroo mammaaku "Dhuufuun nmari'aanii dhuufan hin ajaa'u" jedhu. Waanta mariin godhan keessatt rakkinni kan hin argamneefi yoo argames rakkina sana waliin qooddachuunn jira. Abbaan manaa haati maanaasa osoo sadarkaa kanarraan hin ga'iin, haati manaa koo faallaadha yaada namaa hin fudhattu jechuun maqaa kana erga ishiin fudhatamtee dubbachuun.

Akkuma hima diddeen du'a hin diddu! Jedhanii ilaaluun okko waan ta'eef, hnawaasa naannootti dhnimma isaa kana himuun akka gorsan gochuufi yoo didde nbammoo maatii ishiitti himuun akka barattuu gochuun osoo dandaa' amuu, akka rakkoon kun akkuma kan dubartii kanaa qofa ta'etti lakkaa'uun rakkoo kanaaf fala barbaaduura yaada namaa hin fudhatu jechuun rakkicha keessaa ofbaasuun rakkoo sana jalaallee abbaan warraas ba'uu akka hin dandeenyedha. Haa ta'u malee hawaasa keessatti iddoo adda addaatti hawaasni oduu durii kana akka dubartiin hamtuu taateefi hima namaa hin fudhannetik ilaaluun ittiin akka barsiisan xiinxaluun dandaa'ameera.

4.1.4. Eeyyeentaa Dubartootaa Dhimmoota Hawaasummaa Keessatti

Ogafaan keessatti dhimmoonni hawaasummaa dubartootaa bifa eeyyeentaan safartuuwwaan kanneen akka ogummaa qabaachuu, manaaf baayyee barbaachisoo, gamnummaa fi kabajamoo akka ta'an ragaan mammaaksota af gaaffii manguddootarraa argame ni addeessa. Fakkeenyaaf

a. Humna bishaanii mala dubartii siif haa kennu yaada mammaaksa kanan walqabatee kutaa afoolaa keessaa oduu durii cimsu odeefkennitootni naaf kennan kan haala kanaa gadiin xiinxaluuf yaaleera.

Bara durii jedhan abbaa warraa tokkoofi haadha warraa tokkotuu waliin jiraata duree. Osooma waliin jiraatanii dubartiin kun ammoo sanyoo qabdi turte. Osooma waliin jiraatanii guyyaa keessaa guyyaa tokko sanyoon ishii ku dhufe. Haati manaan isaa kuniifi abbaan manaa ishii ammoo nyaata aadaa Oromoo keessaa marqaa qopheeffatanii nyaachuuf qophiitti jiru turan. Kanaafuu abbaan manaa kunis waa'ee kanaa quba hin qabu ture. Yeroo nmichi kun dhufus kaa'anii faara tolaan erga simatanii booda nyata qopheeffatan akka waliin nyaataniif haati manaa dhiseessiteefi nyaachuu eegalan.

Akka aadaatti abbaan manaa osoo ofii afaan hin kaa'atiin haadhanaa isaa waan afaan kaa'uu qabuuf, abbaan manaa ishii kun marqaa kana afaan kaa'e. Haati manaas abbaa manaa ishii kana afaan keesse. Keessumichis baay'ee waan itti hinaafeef cabii yookiin maaddii nyaataa jalaan dhoksee ishii qimmiide. Haati manaas rifattee xuwwee dhadhaa lafaan dhoofta. Yeroo kana abbaan manaas "Haadha manoo maaltgaatee? Jedhee reroo inn gaafatu, xuwwee dhadhaatuu narkaa miliqee jennaanii" jette jedhama.

Ergasi namtichi yeroo biroo bokkaan guddaan roobee osoo galaanni guuttee gudeelcha namni sossoosuu hin dandeenye fuudhee osoo deemuu argee dhaabbatee ilaalee, waan yeroo darbe dubgartgiin sanyoo isaa sun isa baraaruuf goote yaadachuu "Mala dubartiifi humna bishaanii siif haa kennu" jedhe jedhama.

Yaada kanarraa wanti guddaan hugbannu dubartiin waantoota adda addaa jireenya hawaasummaa keessatti uumaman furuufi rakkoo wa'ii uumuun rakkoon bioon akka hin uumamneef mala wahii uumuun miliquufis ta'e, miliqsuuf dandeettiin dubartiin qabdu ol'aanaa akka ta'edha. Sababnisaa osoo gaafa sana abbaa warraa ishiin isatu na qimmiide jettee jiraattee abbaa warraa ishiifi namichi walitti bu'uun rakkoon lamaan isaanii gidduutti uuamuu dhugaan jiru alatti ba'a ture. Kanaafuu dubartiin jireenya hawaasumaa keessatti rakkoo mataa ishii yoo qabaa mala dhayiin ammoo waanti gaariin irraa baratamu akka qabdu xiinxalameera.

Bara durii mootii gara jabeessaa biyya tokko bulchutuu ture. Mootiin kun namoota waamee waan humna iaaniitii ol ta'e akka hojjetan dirqamsiisaa ture. Yoo isaan hojjechuu yookiin fiduu hin dandeenye ni ajjeesa ture. kanaafuu namoonni biyya sana keessa jiraachaa turan yemmuu maqaa mootichaa dhagaahan gaaraan bishaan ta'a ture.

Mootichi guyyaa tokko namicha haadha warraasaa wajjiin nagaafi gammachuun jiraatu tokko gara masaraa isaatti waamsisee. Namichis yemmuu gara masaraa mootichaatti waamamuu isaa baru mataa buuse. Mootichi akka ajaja Akkoo Manooyyee isa ajajuf deemu quba qaba ture. Haa ta'u malee dirqama waan itti ta'eef, gara masara mootichaa deemuun waan inni ajajutti gurra kennuuf murteeffate. Abdii kutatee waan tureef, soda tokkoo malee mootichaan waamamee akka ture waardiyyootatti himee mooraa masarichatti miila dheereffate. Waardiyyaan inni tokko faana fiiguun iddoo mootichi jirutti isa geesse.

Namtichi yemmuu mooticha duratti dhiyaatu, mootichi barcuma isaa irraa olka'uun "Boru ganam gaangee morma lamaa naafidii kottu; yoo fiduu didde lubbuu kee akka na qabsiifte yadadhu!" jedheen. Namtichis, kana dhaga'ee akka wan lafti ittiin cite dhaabbatee rooma'e. Duubattis, durattis deemu sodaate. Yommuu inni fajajee dhabbatu waardiyyoonni lama harka isa bitaafi mirgaa qabanii gadi isa baasan.

Innis suuta deemaa gara manasaatti gale. Haati warraa fuula baduu isaa agartee maal akka ta'e yoo gafattus, akka isheen hin gaddine yaadee garaa dhofkatee. Haati warraa akka inni irbaata nyaatu gaafannaan, waa dideef waan cimaa tokko rakkachuu isaa hubachuun cimsitee isa gaafate. Iseen boossee isa rakkifnaan akka mooticha biratti waamame, gaangee morma lamaa fiduuf ajajame itti hime. Haati warraa namichaas, yommuu kana dhageessu baay'ee gaddite. Haa ta'u malee, xiqqoo erga yaaddee booda "Fardi keenyas, halkan keenyas rimeessa; kanaafuu hin gaddiin; ka'ii amma irbaata kee nyaadhu" jedheen. "Tole gara laafettiikoo" jedhee irbaata isaani nyaatanii rafan.

Ganama waca guddaatuu hirrii isaan kaase. Dhimma wacaatti dhiisuun abbaan warraa gara moonaa fardaatti qajeelee fardi akka hin dhaliin hubate. Sana booda, yaada isaa gara waca dhagaa'amuutti deebisuun, maaltuu akka uumame baruuf qe'eedhaa gadi bahee, namoonni maaliif akka wacan namoota ollaa isaa tokko gaafate. Ollaan isaas, mootichi gara jabeessi eda du'ee buluu itti hime. Yommuu kana dhagaa'an gammachuun machaa'ee waan qabee gad dhiisu wallaale. Haadha warraa isaa ishee beektuuttis fiigee itti hime. Sana booda nagaafi gammachuun jiraachuu isaanii itti fufan jedhama.

Oduu durii kanarraa waanti nuti xiinxallu dubartiin jireenya hawaasa keessatti maldhahiin baay'ee ciccimoo akka ta'anidha. Sababnisaa mootiin gara jabeessi kun haala jireenya maatii

kanaa erga odeeffatee booda addaan isaan diiguuf kaayyoo inni qabatee ka'e akka galma hin geenye kan godhe kutannoofi maldhahii haati warraa isaa dhimma itti baatedha. Kun akkuma dubartiin kun "Fardi keenyas, halkan kunis rimes" jechuun yaada abbaa manaa ishii tasgabbeessite dubartootni rakkoo dhufu tokkoof fala waaraa kaa'uufi ol'aantummaa waaqaattillee kn amanatan ta'uu kan agarsiisudha.

4.1.5. Ogafaan filatamaniin Dubartootaa Siyaasa Keessatti Yeroo Ibsu

Ogafaan Oromoo Sh/Bahaa Aanaa Aqaaqii odeefkennitootarraa argame keessatti gahee dubartoonni siyaasa keessatti qaban ibsameera. Yaada kanaan walqabatee mammaaksaan yeroo ibsamu haala kanaan dhiyaateera.

A, Mootummaan dubartii karra cufaa oolchaa.

B, Mootummaan dubartii gorroo duubaa

Mammaaksota odeefkennitootni kennan kanarraa kan nuti hubannu, akka odeefkennitootni jedhanitti bara mootummaa gonfoo keessaa dubartiif aangoo dhaalmaan erga kennameefi booda gochaa mootuun kun goote keessaa inni jalqabaa horiin akka dallaa/moonaa keessaa hin baaneef dhorkisiifte. Kanarraa ka'uun "mootummaan dubartii karra cufaa oolcha" jedhan. Erga sanaa booda dubartiin hanga fedhe dandeettii yoo qabaatteyyuu, siyaasa biyyaa keessatti qooda fudhachuu akka hin dandeenye gochuun mammaaksa kanatti dhimma ba'uun hamilee dubartootaa miidhaa akka turan ibsu.

Kana malees, Mammaaksa isa lammaffaa kanarraa kan hubannu dubartiin waan mana keessaa hoogganuurra kan darbe waan alaa hojjechuu akka hin dandeenye gochuun gorduubatti beekumsa dubartii daangessuun akka ture; kan malees mammaaksa kana do'oo godhachuun dubartiin beekumsa ishii keessa jiru baafttee uummata akka ittiin hin tajaajille dhorkaa akka turaniifi hamilee dubartootaa miidhaa akka turan mammaaksa kanarraa xiinxaluun dandaa'ameera.

C, Dubartiin beektuu hin qabdu beekaa deessii

D. Dubartii akka harmi ishee rarra'u qalbiin ishee rarra'a

E. Dubartiin dheertuu malee beektu hin qabdu

Yaada mammaaksota odeef kennitootni kennan kanarraa wanti guddaan hubatamu siyaasa keessatti dubartiin qooda akka hin qabnee. Sababnisaa dubartiin mootii yoo taate seeraa uumamaa akka balleessituufi mootummaan kan ishiif kennamu gorduuba akka ta'e. Akkasumas beekumsi ishiin qabdu kan mana ishiin keessaa qofa yoo ta'e malee, beekumsi siyaasa keessatti gad bahuun hawaasa ofii tajaajiluu kan hin kennamiiniif ta'uufi ofiis beektuu kan hin qabne garuu beekaa da'uu akka ishiin dandeessutti akka ilaalamu xiinxalameera.

4.1.6. Dubartoota Oduudurii Keessatti Ibsaman

Ogafaan Uummata Oromoo Sh/Bahaa Aanaa Aqaaqii keessatti dubartoonni yaad hiyyeeyyii ta'anii ibsaman. Fakkeenyaaf durdurii 'Mucayyoo gowwaa' jedhu keessatti yaad hiyyummaan dubartootaa fiixetti bahe mul'ate. Nama fakkiin durdurii tana yoo gurbaan sheelii jedhamu durbummaa naa ergisi gaafa heerumtu siif deebisa jedhuu dhuguma itti fakkaatee boodarra rakkoof saaxilamte. Durdurii 'Harsee fi harsammee jedhu keessattis dubartoonni waa xiinxaluu fi karaa sirrii taheen hubachuu kan hin dandeenye tahuu mucaa daa'ima namoonni yeroo eebbisan mucaa horii isinii eegu бага argatan yaada jedhu irratti hundaa'uun eegee sangaatti hidhanii lubbuu baasuun, gaaddidduu ofii ilaaltee bishaaniin nyaatamuun akka ragaatti kaasuun ni dandeenya.

4.1.7. Gama Kabaja Dhabuu Dubartootaaf Oduudurii Keessatti

Oduun durii gooroolee og-afaanii keessaa tokko ta'e, karaalee hawaasni bifa af-seenaan ilaalcha hawaasni jiruufi jireenya keessatti waantootaaf qabu ittin ibsatu keessaa isa tokkodha. Kana malees, waantoota amma qabatamaan raawwatamaa jiran kan ammaan walbira qabuun ittiin qeequufi ittiin barsiisuu kan gargaaru qeenya hawaasaati.

Yaaduma olii kanaan walqabatee oduudurii odeefkennitootni naaf heerran kanaa gadii haa ilaallu!

Bara durii namicha ilma tokko qofa qabu tokkotu ture. Ilmi tokkichichi inni qabu kun haalan kunuunsama waan tureef, yeroo gabaabaa keessatti guddatee sadarkaa jaartii fuudhuu irra gahe.

Abbaan isaas ilma isaa tokkicha kana durba durbummaan jirtu itti fuudhuu barbaade. Bu'uuruma kanaan abbaan isaafi maanguddoonni intala isaaf taatu barbaaduu jalqaban. Barbaacha kana keessa ijoollee dubraa sadii kaadhimamtoota dhuma godhaniif dhiyeessaan. Abbaan gurbaa sadeen keessa ishee takka akka baayyee jaallatee akka innis ishee fuudhu itti hime. Garuu durbi ati fuutu durbummaa yoo kan hin qabne tahe qabeenya kiyya dhaaluu akka hin dandeenye akeekkachiise.

Durbummaa qabaachuu ishee immoo mirkaneeffachuuf uffata adii uffatee galgala gara ishee akka deemuuf yoo ishiin durba taatee argamte qawwee dhukaasuun gammachuu siifi olla keenyaaf ibsa jedheen. Mucaan isaas tole jedhee fudhatee galgala akkuma itti himameen gara intalaa yoo deemu ishiin durbummaa hin qabdu. Innis baayyee aarun mucatti gara warra isheeti deebise.

Ammas yeroo muraasaan booda kaadhimamtuu ishee lammaffaa wajjii gaa'ela raawwate. Ammas haaluma ajajameen galgala gara mucattii yoo deemu ammallee durbummaa dhabe. Gurbichis carraa ofiitii baay'ee aaruun intalatti gara maatii isheetti gaggeesse.

Itti aansuun yeroo sadaffaa kaadhimamtuu ishee sadaffaa wajjiin gaa'ela raawwate. Intalli isheen sadaffarratti fudhamtes durba taatee argamte. Abbaan gurbaas baayyee gammaduun qawwee dhukaasee, ummata ollaasaa walitti waamuun qalee nyaachisee obaase, gurbichis qabeenya abbaa ofii dhaale jedhama.

Yaada oduu durii kanarraa waanti nuti hubannu hawaasa keessatti miidhaa ijoollee shamarraniirra karaalee adda addaan gahu hubachuun namummaa dhugaa irratti xiyyeeffachuun abbootiin gaa'ila ijoollee isaanii qajeechuu caalaa, ilaalcha gamtokkee qabaachuun dubarri tokko karaa kamiinuu dubara taatee argamuu yoo baatte, qulqullummaa ishii kan hin eegganne akka taatetti bocuun jiruufi jireenya hawaasichaa keessatti miidhaa hin malleef akka saaxilaman gochaa akka turan hubachuun dandaa'ameera. Akkasumas madaaliin gaa'ilaa inni dhuma ammoo durbummaa qabaachuu akka ta'e hubanna.

Kana malees dubarri kamiyyuu sababa kamiinuu durbummaa ishii dhabdulle, warreen walfuudhan lameen waliin taa'uun dhugaa jirtu haasa'uun waaliif amanamuun walfuudhuun akka hin jirreefi amanamtuu akka hin taanetti lakkaa'uun salphisuun gara maatii ishiitti deebisuun baratamaa akka ta'edha.

4.1.8. Gama Hawaasummaa Dubartootaa Ogafaan keessatti

4.1.9. Amanamummaan Dhabuun walqabatee oduu durii keessatti

Ragaan odeeff kennitoonni marii garee xiyyeeffannoo fi afgaaffii manguddootarraa argame akka ibsutti ogafaan hawaasummaa dubartootaa bifa hi'eentaan yoo ibsu dubartootaa akka sobduu, sassattuu, of jaallattuu, madda jeequmsaa, ajajamtuu, dhiboofuu, gara jabeettii, kan hin of hin jijjiiretti fakkameennii ibsamaniiru. keessumattu mammaaksa fi durdurii keessatti haalli dubartoonni itti ibsaman yaada baayyee hi'eentaa ta'e of keessaa qaba. Fakkeenyaaf: durdurii kana yaa ilaalluu

Haadha manaa Hin Amanamne

Durdur namichatu niitii nama biro jaallatee, gaafa abbaan warraa ishee bira hin jirre gara manaatti waamte. Gaafa kana marqa marqitee nyaachistee, aannan obaastee, miila irraa dhiixxee koottuu "siree gubbaa bahii ciisi" jetteen. Namichi lakki siree gubbaa ol hin baha naannooma siree kana ciisaa as naaf afi" jedheeni afteefi rafe. Namittiin siree gubbaa baatee ammuma natti ol baha jettee eegduu namichi itti ol bahu sodaate. Yoo lafti gara bariitti dhihaatu namittiin gad jettee namicha harkaan tuttuqaa "bada namana anaa hin badinii gadabii dhuftee lafa hin rafinii ol bahii ciisi" jetteen jedhama.

Durdurii kana keessatti dubartoonni jiruufi jireenya hawaasummaa isaanii keessatti amanamummaan isaanii baayyee xiqqaa ta'u, akkasumas yeroo abbaan warraa isaanii hin jirre sagaagaltuutti fakkameeffaman. Durduriin kun jiruu fi jireenya hawaasummaa dubartootaa bifa hi'eentaa kaase. Durdurii 'Eenyutu garaa jabaata'? kan dabalee keessatti kaafamee keessattis gara jabummaan dubartootaa fiixeetti bahuun hanga morma jaarsa ofii galgala yeroo inni rafu muruutti mul'ata. Gama birootiin durduriwwan kanneen akka "Tana moluun dhiiraafi niitii Qeessichaa" jedhan keessatti dubartoonni qaama hawaasaa amanamoo hin taanetti fakkeeffaman

Amanamuu dhabuun dubartootaa durdurii mootittii carra dhabeetti jedhu keessattis mul'ateera. Mootittiin jaarsa ofii ganuun summiin ajjeestee eegduu ofii ofitti galchite. Ammas fedhii foonii qofaaf jettee eegduu ofii dura jaallatte ganuun ishee akka ragaatti kaafamuu danda'a. Durdurii niitii ofineefi jaarsa gowwaa, jaartiiwwan lameen fi abdachurraa gara dhabuutti jedhan keessatti dubartoonni kan hin amanamne, marii kan hin beekne, iccitii kan hin eegnetti fakkeeffamanii ibsaman. Walumaagalatti ilaalchi guddaan mammaaksa kanaa keessatti dubartiin hanga feete

ka'umsa gaarii yoo qabaatteyyuu galma akka hin geenyeefi dubartiin amanamummaa dhaabbataa akka hin qabnee haalatti hundaa'uun akka jijjiiramanidha.

Akka qorannoo kanaatti dubartiin takka amanamtuu tahuu beekuuf yoo jaarsa ishee qofa wajjiin wal qunnamtii rawwaattedha. Ragaan ogafaan odeeffennitoonni kennan akka agarsiisanitti dubartoonni gama kanaa amanamummaa akka hin qabnetti kaafamani.

4.1.10. Dubartootaa Oduu Durii Hinaaffaa Agarsiisu Keessatti

Durdur Namichatu haadha mana lama qaba ture. Abbaan mana haadha manaa lama fuudhe ammoo dabareedhaan Kan bulanidha. Haadhi mana isheen tokko dhabduudha. Isheen tokko ammoo da'ima qabdi.gaafa mana daa'ima ishee qabduu namichi gammadaadha.

Akkasumas ni kolfa gaafa dabaree mana ishee dhabduu bulu immoo callisee nyaata isaa nyaatee gara lafa ciisaa deemee ciisa gaaffii itti ta'e gaafa inni mana ishee daa'ima qabdu bulu dhokatee dhageeffachuu deemte gaaafa dhageeffatu abbaan manaa nikolfa ni hasawaa gaaffii itti ta'e gaafa inni dabareen mana ishee buluu dhufu nyaatanii buna danfistee kaaste hanga kana homaa tokko hin hasawu gaaffii itti ta'e akkas jettee ati yeroo mana sana bultu hoo ni kolfita ni hasoftaa as yeroo dhufu maaliif calliftaa jennaan achi bar nama ilkaan hin qabnettu jiraa.jedheen isheen gaafa dabaree ishee ilkaan ofirraa fixxee eegde gaafa ol seene ta'u yoo seeqxu foon ilkaanii qofatu irra jira doomi si'a doomsu jedhe sokke jedhama

Oduu durii ilaalcha dubartiin hinaaffaa yookaan gowwummaa irra kan ka'e murtee fokkisaaf badaa akka fudhate yeroo baayyeen oduun durii dubartiif Kan itti fakkeessantu ilaalcha yaraafu badaa ta'eniudha. Kun immoo garummaa dubartii iddoo kamittu akka hin kaane Kan taasisuudha.

"Durdur Dubartii saanyoo godhatte jedhan maaloo eessatti walarginas jedheen magaalaa gabara gurraachaattii jetteen. dabaltees obboleettii tiyyaa siin jedhan akka namni siin barreef shaadhii maradhuu wandaboo uffadhuu koottu jetten Nan dhufa kaa guyyaa kana

Akkuma walbeellamanittis dhufe ishiin yommumaa halaakatti argitu iliilchite abbaan mana achuma gadii bahee meeshaa dhukkaase maaloo obboleettii biyya ormatti qabu tokkotu dhefe jetteen "ishoo Baga nagaan dhufte" jedheen. Maseena qalane kanas maseena qalane kanas hanga torbaan lamatti waliin nyaatan.

sana booda gaafa tokkoo yommuu obboleettiin ishiin gabaa dhaqxuu ishiin manatti hafnaan ka'ee qabate ishiin itti luqiffatee hillim jettee. karaa ishiin baate sana bahee raawwate maalii inni naqabatee raawwate jennaan Ani itti luqiffadhee harkaa miliqee bahee dhufe miti? Yeggus ati galii tiyya huu Ani beekaa jedheen.

yeruma sana galtee yeroo balbala geessu wayyoo wayyoo yaa oboleewwan koo abbaan mana ishee reebuu balbala maalii jedhee gaafate A' oboleewwan kiyya Kan biyya ormaa jiran takkittiin waan dhiiraa fuutee jetteen maaloo Kan asii Kunis wanna dhiira fudhattee badde miti? Jedheen jedhama."

Ergaan oduu durii kanas dubartiin amanamuu dhabuu soba dhugaa fakkeessuun namoota biratti akka dubbiin ishee yookaan ilaalchi hin fudhamnetti Kan ilaalamudha. Kanaaf dubartiin abbaa mana isheef Kan hin amanamne Kan harka mirgaatti batter harka bitaan hasltu ta'uu ishee Kan ibsudha. Kanaaf dubartiin amanamuu Kan hin qsbnefi sobdu ta'uu ishee Kan ibsu dha.

4.1.11. dubartootaa jechamoota keessatti ibsaman

Jechamni gooroolee afoolaa keessa tokko ta'ee fedhasaa akka jedhutti hiikaa dhokataafi hiikaa ifaa Kan qabu yoo ta'u jechamootaaf yoo hiikaa kunnu Wasanee Bashaa (2000/2007 f 55) jechamni hiikaa lama qabaatee yoo dhihaatellee dubbataan Kan dubbateef fedhii isaa gara bareeda ta'een hiika lammataan ibsuuf hiikni lammaffaa kunis keessa dubbichaati namaaf ibsa.yaada namaaf cimsa dubbi iccitii ta'e dabarsa jedha. Yaaduma kanaan walqabatee hawaasni jechama adda addaatti gargaaramuun ilaalcha dubartiif qaban yeroo ibsan

A. Nyaara haddattee

Jechama odeefkennitootni kennan kanarraa waanti hubannu dubartii safuu hawaasaa kan hin eegnee yoo ta'e, kallattiin safuu hin beektu jechuurra nyaara haaddatteedha jechhuun ittiin ibsu.Sababnisaa qaamolee naf-namaa rifeensa qaban keessaa kan haadamuu hin qabne rifeensa nyaaraa haadamee waan hin biqilleef, Kanaafuu safuun hawaasaa cabuu akka hin qabne kan

agarsiisu yoo ta'u, dubartiin hundi garuu sababuma dubartii taateef, qofaa yoo magaalaa deemteefi bakka biro deemte akkuma ishiin haddaggee taatetti fuchuun akka turedha.

B. Foolatee duute

Yaada jechama odeefkennitootni naaf kennan kanarraa waanti hubannu, beeladoota jiran keessaa horiin yeroo dhaluuf jedhan gara lagaatti kaa'atu, kanaafuu yaada kana fakkoomsuun dubartiin manaa yoo kan gadi babbaatu ta'e, akkuma waan ishiin jireenya gad-dhiisiif kaa'attutti lakkaa'uun rakkina ishii kana hubachuun gorsuu, qajeelchuufi deeggeruu caalaa jechama kanattii dhimma ba'uun hamilee isaanii tuqaa akka turan xiinxaluun dandaa'ameera.

C. Gaangee taate

Jechama odeefkennitoota irraa argadhe kanarraa kan hubannu, dubartiin tokko sababoota hin beekamneen jechuun rakkoo fayyaa adda addaa kan dhiiraas, kan dubartii irraa kan ka'e yookiin waaqni dhorkee osoo hin da'iin yoo turte, akka waan dhala godhachuu hin dandeenyeefi da'uu hin barbaanne qophaa jiraachuu barbaaddutti ilaaluun qooda rakkina ishii hubachuun deeggersa barbaachisaa gochuufi akka fakkeeniyatti fudhachuun ittiin hamilee dubartootaa miidhuun akka ture xiinxaluun dandaa'ameera.

D. Haadha biddenii

Yaada jechama kanaarraa kan xiinxallu, dubartii jireenya hawaasummaa keessatti gara jabeettii akka taatedha. Kana yeroo jennu haati buddeeni haadha deesse osoo hin taane, abbaa mucayyoo yookiin mucaasanaa jaallattee qofaa waan dhufteef hangfa daa'ima godhatutti daa'ima abbaa warraa ishii sana ni kunuunsiti. Sanaa booda yeroo dhala mataa ishii irraa argatterraa kaafttee daa'imman abbaa warraa ishiif akka haadhaa deessee hin taatuuf, gargar baasuun ilaalu jalqabdi jedhamee waan yaadauuf dubartiin yoo ishiin akka namni tokko barbaadetti ta'uufi diddu jechamoota akkanaa qeequu. Kanaafuu hawaasa keessatti irra jireessaan dubartiin muraasni amala akkasii yoo qabaatee ishiin

biroos akkanuma jechuun jechama kanatti dhimma ba'uun dubartii ittiin akka qeeqan xiinxaluun danda'ameera.

E. Ayyana hin qabdu.

Yaada jechama kanaarraa kan xiinxallu, dubartiin tokko akka tasaa ta'ee, osoo namni tokko ta'uutti jiruu suuta jettee waan deemtuuf dingta yoo nama bira geeche ayyaana hin qabduu jechuun qoodi kennamaaf. Kun ammoo rakkina durtii suutaan deemu kanaa osoo hin taane. Rakkina qaama jechama kanatti dhimma ba'ee akka ta'edha. Sababnisaa namtichi kun yookiin yaadan bade yookiin fagaatee waan jiruuf yookiin waan inni ofiin dalagaa jiru gaarii waan hin taaneef, ittiin rakinni isaa akka irratti hin beekamneef ittin miliquuf tooftaa inni itti dhimma ba'e akka ta'edha.

a. Boosetidha

b. Kakkiste

c. Luka fanniste

d Moyyee yaabatte.

e. Oboomboletti

f. Soqolatte

g. Meeshaa fixxe

h. Addaggee.

Jechamoonni kanaa olti madden ragaalee adda addaarraa waliitti qabaman kunniin kan ibsan, hawaasni dubartii kallattiin ati kana jechuurra jechamoota dhimma ba'uun ilaalcha dubartiif, qabu ibsaa akka turedha. Dhimmi ijoo jechamoota kanarra hubannu dubartiin hin kittaamtu yoo ta'e, meeshaa mana keessaa akka caccabsitu, suuta jettee akka hin kolfinee, safuufi safeeffanna kan hin qabne. Akkasumas tasgabbi akka hin qabnetti ilaaluun hawaasa keessatti akka isaan dhiibbaa xiinsamuu adda addaaf akka saaxilamtu gochaa akka turan xiinxala kanaarraa hubachuun ni dandaa'ama.

Kana Malees, jechamni kunneen kanaan olitti argaman kun ilaalcha dubartiif qaban irraa ka'uun karaa badaa ta'een akka bakka buufamanii fakkeeffamaniru. Kun ammoo dubartiin akka

saalfatuu taatu, akka waan hundaa fageesitee hin yaannetti garummaa isheen qabdu illee waan yaara bira ka'uun akka dhibbaan adda addaaf saaxiilaman gochaa akka turedha. Akkasumas dubartiin yoo dhaqna qabaa qabatte malee akka waan isheen qabdu hin barakanne, akka isheen sagagalatuu taatetti fudhatamaa akka turte xiinxalameera.

Walumaagalatti jechamoota kana keessatti osoo dubartiin waan gaarii hojjette jirtu waan badaadhaan bakka buusuun hojii isheetti cilee dibuun kan mul'atu akkasuma akka isheen waan tokko hin beeknetti akka ka'e xinxalameera.

4.2.Gaheen Dubartoonni Sirna Gadaa Oromoo Keessatti Qaban

Marii Garee xiyyeeffannoo Abbootii gadaa fi haadhoollee siinqee wajjiin gaggeeffame akka agarsiisutti sirna gadaa keessatti dubartoonni ulfinaa fi hiree guddaa qabu.Kunis sirna gadaa Oromoo keessatti waayyuwwan jahan keessaa jiru.Waayyuwwan jahan kunis rabbi, lafa, abbaa, haadha, malkaa fi tulluudha. Namoonni hedduun garuu waa'ee sirna gadaa Oromoo osoo gad fageenyaa hin hubatani akka waan mirga dubartootaa hin eegnetti barreessan.

Gaaffii armaan olii kana deebisuun dura sirna gadaa keessatti dubartoonni gahee akkamii qabu kan jedhu deebisuutu dursa.Sirna Gadaa Oromoo Sh/Bahaa Aanaa Aqaaqii keessatti dubartoonni seera siinqeetiin mirga isaanii eegsisuu irra darbanii mirga dhiira safuu fi duudhaa hawaasaa cabsee hanga adabuu danda'uu aangoo qabu.Ragaaleen armaan gadii kunneen marii garee xiyyeeffannoo abbootii gadaa fi haadholii siinqee wajjiin gaaffii sirna gadaa Oromoo keessatti dubartoonni gahee akkamii qabu jedhurra a kan argameedha.

4 Sirni Gadaa seera siinqeetiin mirga dubartoota Oromootiif kenne. Fakkeenyaaf, dubartii abbaan warraa dhaaneef,gurmuun siinqee tokkummaan birmannaa godhuufi.Sagaleen dubartii abbaa mana rebaamteef iddoo dhagahametti,dubartoonni ililchaa,birmannaa wal dhageessisanii waliif qaqqabu. Akka seera siinqeetti dubartiin sagalee ililchuu dhageesse kan gurmuu siinqee kana keessa jirtu kamuu akkuma sagalee kana dhageesseen waan hojjattu kamu dhiistee hatantamaan birmachuuf dirqama qabdi.Dubartoonni seera siinqee raawwachisuuf gurmuun deeman weedduu siinqee weeddifachaa mana dubartii abbaan warraa dhaane sanaa dhaqu. Dubartoonni dura qaqqaban, dubartii sana siinqee qabsiisanii manaa baasu.Dubartoota hafan birmachiisuufis:

“Intala aayyaa dhageettee

Oduun si geesse?

Madda Jildii1(168)

Afwalaloo olii kun, hiree siinqeen hawaasa sirna Gadaan bulan keessatti qabdu kan ibsu yoo ta’u, akkuma bo’oo tokkoffafi lammaffaa kanarraa mul’atutti,jiruuf jireenya ilma namaa keessatti dhiironniis ta’e dubartoonni tokko reebe yoo jiraatee, dubartootni hundi “ Intala Aayyaa dhageessee;dubbiin sigeessee?” jechuun walitti daddabarsuun dubartootni siinqee isaanii qabatanii ba’uun sagalee tokkoon dhiibamuu mirgasaanii fi miidhamaisaanirra gahe ateeteedhaan himatu.

Abbaan mana haadha manaa isaa reebe ta’ee dhiironni haati manaa isaanii Wal ta’nii kana keessa jiran marti isaanii mana isaanii duwwaa ta’an; ijjoollaan ni boosi. Kanaafbdhiironni hundii Abbaa manaa badii raawwate sana adabbiitti fiduun dhiheessuuf tattafatu. Dubartoonni dhalaabbaan manaa reebe sana nannawanii faarsaa mirga isaanii dhibameef falmaa bakka abbootii gadaa yeroo ammaa immoo maanguddoota qaccee isaanitti iyyaa adeemu.

4

Maanguddoonniikabajaafi coqorsa loyaa qabatanii “Dhiiltee dhinna” jedhuun; dubartoonnis “Obbahaa, ijarraa hafa” jechuun of kaltii kennuuf. Yeroo kana maanguddunni bakkuma sana gadtata’anii “kabajamtiu keenya maal taatanii ? maaliif dhuftan maaltu bade? jechuun gaafatuuni. Dubartoonni walta’anii kana raawwatuus dubartii reebamte sana of dura qabanii waan ishee irratti raawwatame maanguddotatti himti. Maanguddoonniis Abbaa manaa haadha manaa reebe sana waamanii haslicha ilaaluun xinxaluuqoratu; hanga sanati dubartoonni dhiibamuu mirga isaanii falmuun akkataa garaa garaatti ibsuun yeedaloon dhiyeeffatu.

Maanguddonni miidhama irra ga’e kana bitaaf mirga ilaaluun erga qoratani booda adabbii kennuun dabarsu. Adabbiin kun horii jiran keessa Kan abbaan manaa sun ija irra kaawwatu yookaan Abbaa manaaf qaalii ta’ ta’uu mala.Seerri siinqee adabbii kenname kana raawwachiisee, dubartoonnis horii qalame gurmuan erga nyaachisani booda yeedaloon farsuun siinqee dubartii reebamtee sana booda gara manatti galchanii booda gara manasaaniitti deebi’u.Yoo abbaan manaa haadha manaa reebe san hiyyessa ta’e, murtii isaa kennaniifi,horii san immoo habisaniifi eebbisanii biraa sokku.

4

Yeroo aseennaa/addibaana dhaqaniif

Mirgoota seerri siinqee dubartootaa kanneen kennan keessaa tokko heerumafi bultii horatanii, haadha siinqee ta'uudha. Akkasuma kanaan dubartoonni osoo hin heerumin mana turte ykn dhiira wa'ii jaallatee itti heerumuu barbaadde, siinqee murattee qopheeffatee, tasa siinqee fi hiddii qabatee, warra gurbaa dhaqxi. Akkuma qe'ee warra gurbaa geesseen siinqee fi hiddii san dallaa warra gurbaarraa qaarirsiistee darbattee mana seentee utubaa manaa qabatti. Dubra aseennaa dhaqxe manaa hin baasan; haadha warraa nama filattee dhaqxe sanaa taati.

Caalakaa caala caalaa

Caalli dubartii waasadii

Tokko deessuu ilmaati

Tokko ulatuu qayyati

Tokko soortuu Abbaa manaati

Jildii-1ffaa (157)

Yaada afwalaloo kanarraa kan hubannu hiree dubartoonnii hawaasa keessatti qaban inni ijoon wantoota ijoon sadan kana akka ta'edha. Kun immoo dubartoonni hiree isaan qaban inni ijoon heerumuun deessee haadha ilmaaniii ta'uudha. Hiikni galumsa jecha kanaa keessatti dubartiin waan hundumaa akka caaltu; kun ammoo ilmaan da'uun akka ta'edha. Haa ta'u malee hiikaa alkallattii isaa yoo xiinxallu ammoo hiree dubartoonnii qaban hawaasa keessatti qabaniifi ittiin caalanii beekaman goota yookaan ilmaan da'uu qofa malee gaheem gootummaas ta'e wantoota biroo akka ta'e kan ibsudha. Kun ammoo dubartiin hiree ishiin hawaasa keessatti qabdu ilmaan qofa da'uun guddisuu akka ta'etti fakkeessuun ittiin leellisuun baratte beekumsa qabduun hawaasa ishii akka hin tajaajille gochuun mul'achaa akka turedha.

Afwalooloon boo'oo sadaffaa immoo dubartii qaayyaa ulachuun miidhagummaa ishii eeggachuuf wantoota haala aadaa uumama jiran sana funaanuun Kan fayyummaafi miidhagina ishee ittiin eegatudha. Akkasuma dubartiin dressee wayyaa ulachuun akka jiru Kan mul'isudha.

Haaluma Kana bo'oo afwalaloo afur irra jiru kun akkaata hiika galumsaan yeroo ilaalu dubartiin abbaan mana ta'eef akka sooramtu isheen immoo isa qofaa soruu qofaa akka ta'e Gaheen isheen mana keessatti qabdu nyaata hojjechuu qofaa ta'u isaati

Afwalaloowwan sakattaa'a dookimeentii argameen kanaan waanti murteessan dubartiin sirna Gadaa keessaatti hiree isheen qabduakkums jirutti yaa ta'u malee baallii fuudhuun biyya bulchuu Kan hindandeenyedha. sababonnii dhiyaatan kan jiran ta'ufi karaa biroon ammoo walqixummaafi Gadaan bu'uura dimookiraasii ammaayyaa ta'ee, garuu walqixxummaa koorniyaa irratti qaawwa qabaachuu kan ibsudha.

Walumaagalatti sirna gadaa Oromoo keessatti dubartoonni gahee guddaa kan qabanii fi wayyuuwwan jahan keessaa kan jiranii fi ilaalchonni hi'eentaa ogafaan keessatti kaafaman duudhaa fi falaasama uummataa kana wajjiin kan wal falleessaniidha.

5. CUUNFAA, ARGANNOO FI YABOO

5.1. CUUNFAA

Qorannoon kun mataduree Xinxala ogafaan dubartoota ibsaan, ogafaan filataman xiyyeeffachuun Godina shawaa bahaa aa aa Aqaaqii irratti xiyyeeffachuun Kan gaggeeffamee jirudha. Iddattoo filatamee dhimma itti ba'amee tooftaalee odeeffannoo afagaaffii marii gareefi sakkatta dookimeentii gargameen od-kennitoota irraa odeeffannoo funaaname jira.

Haaluma kanaan odeeffannoo funaaname jiru kana xinxalamuun Boqonnaa Afur jaalatti mataduree walsiman waliinu jaalatti qacceesananiiru. kunis ammoo dhiyaannaa Mammaaksa,oduu duriifi jechama oromoo dubartoota gad buusan hangam xinsammuuf hamilee dubartoota xuqanifi itti fayyadana og afaan filataman kanaa dubartoota irratti dhibbaa gessisurra

bu'aan argamu waan hin jirreef karaa adda addatti fayyadanuun fakkeenyaaf wagahii barreeffamoota qorannoowwan adda adda irratti hojjechuun ilaachi sun akka hir'atu taasisu.

Gaaffii Bu'uuraafi ka'umsa qorannicha irratti hundaa'uun argannoowwaniifi yaadni furmaataa akkaataa itti aanuun ibsamee jira

5.2 ARGANNOO

Qorannoo kana keessatti ragaalee odeeff kennitootaa, irraa afgaaffiin, marii gareenfi sakatta'a dookimeentii walitti qabamaniifi xiinxalamanii hiikni itti kenname irraa argannoowwan argaman haala gadiin dhiyaataniiru.

1.Ogafaan filataman kana keessatti. jabeettii, kan amanamummaa hin qabne,waa murteessuu kan hin dandeenyeefi akka hubannaa /qalbii akka hin qabneetti akka ilaalaman. Keessummattu durduriifi mammaaksota jechamoota keessatti ammo akka garaa laafeyyiifi sababa qabeeyyiitti yoo hawaasni ilaaluu mul'ateera. Garaagarummaan kun immoo sababoota kufaatii sirna Gadaafi dhiibbaa amantiwwan alaa dhufanii wajjiin wal qabachuu akka danda'u bira gahameera.

Gama birootiin hawaasni amaloonni gadheen dubartoota dhuunfaa biratti mul'atan akka hin babal'anneef akka waan gaarii ta'etti fudhachuun gorsuufi akeekachiisuuf ogafaan kanneenitti fayyadamanii dhaloota ittiin barsiisuuf ogafaan kanneetti fayyadamuu akka danda'an bira gahameera.

2.Ogafaan keessatti gaheen dubartoonni gama hawaasummaa,diinagdee fi siyaasaa keessatti qaban heddumminnaan bifa hi'eentaan kan ibsame ta'uu bira gahameera.Kun immoo immoo yoo namoota ilaalcha kana qabaniif hubannoon kennamee kan hin fooyyofne tahe roga hundaanuu guddinna biyyaa irratti dhiibbaa geessisuu akka danda'a bira gahameera.

3. Sirna Gadaa Oromoo keessatti dubartoonni ulfoowwan jahan keessaa tokko yoo tahan, gaheen isaan rogaa hundaan qaban daran olaanaa akka tahee garuu sababoota garaagaraan baallii fuudhuun biyya bulchuu akka hin qabnefi akkaataan dubartoonni ogafaan keessatti hawaasaan ilaallamaa turan gonkumaayyuu Wal hin madalledha. dhibbaa hammaa dubartoota rakkoo xinsammuuf saxilamu hamileen isaanii illee akka xuqamu tahuu bira gahameera.

5.3 YABOO

5 Kitaabileefi jiildiiwwan hedduun mammaaksota Oduudurii fi jechamoota qabatan addatti hawaasa keessaa guuramanii maxxafamaniiru.mammaksa, Oduuduriifi jechama dubartoota irratti xiyyeffatan osoo qabiyyee garaa garaa jedhaman addatti osoo walitti guuramanii maxxanfamanii bareedaadha. Qaamonni kunneen kun isaan ilaallatu qoratoonni afaaniifi barsiisonni afaanii, qoratoonni dhimma kana irratti gaggeesa akkasuma waajjirii aadaafi turizimii itti dabalees dhaabanii dhuunfaa dhimma afaniif aadaa Oromoo irratti hojjetan akkasumas manneen murtii aadaa yeroo Amma kana haala gaarii irra waan jiraniif lafa qabsiisuu keessatti hojii isaanii keessatti osoo irratti xiyyeeffatanii dhimma kanarratti dansaadha.

Mammaaksota, oduuleeduriifi jechamoota adda addaa yeroo gargaaramnu yoomessa isaa beekuun osoo dhimma itti ba'amee. Sababnisaa gooroolee afoolaa kanneen yeroo fayyadamnu yoomessan ala yoo ta'e, bu'aa isaa caalaa miidhaan isaa guddaa waan ta'eef

Barnoonni walqixxummaa koorniyaa sirna barnootaa keessa galchuun qaamonni baratan hundinuu beekumsa kana gara hawaasa bal'aa barnoota idilee hin qabne biraan akka ga'an taasisuu. Dubartoonni dhiibbaa ogafaan keessatti isaanirratti taasifamuuf harka kennuu osoo hin taane qabatamaan jiruu fi jireenya hawaasummaa, siyaasaa fi diinagdee keessatti hirmaachuun hojii fakkeenyummaa qabu hojjetanii faallaa ilaalchota kanneen ta'uu agarsiisuu qabu

Dhiibbaan ilaalchonni ogafaan keessatti kaafaman dubartootarratti fidan tokko tokkoon lafa kaa'uun hawaasni hundi akka irratti qabsaa'u manneen barnootaa keessatti hojii aartii kanneen akka diraamaa fi walalootiin deeggaruun dubartoonni faallaa ilaalchota kanneenii akka ta'an yeroo maatiin barattootaa sababa adda addaatiin mana barnootaatti argaman dhiyeessuufi.

Hawaasni sirna ittiin bulmaata Oromoo ganamaa kan ta'e sirna gadaarratti hubannoo sirrii akka argatanii fi ittiin wal bulchan taasisuun.

2

WABIILEE

Abbas Haji.(1995).*Arsi Oromo pilotical and military resistance against Shoan colonial Conquest*.Journal of Oromo studies.Volume 2

2

Abdiyo Ketebo.(1999). *A Historical Survey of the Arsi-Oromo, 1910-1974*: Addis Ababa University.Unpublished MA Thesis

Abreham, A. (2007). *Oral Narrative as Ideological Weapon for Subordinating Women; The Case of Jimma Oromo*.The journal of African cultural studies.Vol.19.No.1.Pp.55-79
Rutledge.

Addunyaa Barkeessaa (2011). *Akkamtaa*: Far East Trading Plc. Finfinnee.

(2018). *Seemmoo*:Oromiyaa, Finfinnee

Alamaayyoo Hayilee (1999/2007). *Jildii 1^{ffa}: Sirna Gadaa Oromoo Tuulamaa*:Biiroo Aadaafi
Tuuriizimii Oromiyaa.A.M printing &packing PLC

Asmarom Legesse.(1973). *Gada* : Thre Approaches to the study of African Soccity. New
York.Mcmillan.

Asafa Tefara Dibaba. (1998). *Anaan 'yaa*. Finfinnee

Literature: Jaarsoo Waaqoo poetry:A thesis submitted to the school of graduate
studies.AAU

Ayana, K. (1991). *Some Selected Proverbs and Riddles of Wollega Oromo*. Unpublished
BA Thesis.AAU.Department Of Foreign Language and literature.

Bhatia.M.S.(2009).*Dictionary of psychology and allied science*.New Delhi.New age international

Ltd Publisher.

Biiroo Aadaa fi Turizimii Oromiyaa.(2010).*Sirna Gadaa Sikkoo fi Mandoo*.Finfinee

Oromiyaa.

C. R. Kothari.(2004). *Research Methodology: Methods and Techniques*. New Age

International limited publisher.

Dastaa Dassaalenyi (2002). *Bu'ura Qorannoo*.Finfinnee dhaabbata Manxansaa Boolee

Dirribii Damusee. (2012). *Ilaalcha Oromoo*: Barroo Aadaa, Seenaafi Amantaa Oromoo.

Mana Maxxansaa Finfinnee.

Dorsan Richard. (1972). *Folklore and folklife, An introduction*. Chicago:the University of

Chikago Press.

Eagleton Mary.ed.(2003).*A concise companion to feminist theory*.Malden Blackwell published

Ltd.

Eebbisaa Baayisaa.(2020).*Miiltoo*.Nechsar printing.Finfine

Fekede Azeze. (1984). *Ethiopia Oral Literature: A Preliminary Review and Bibliography*.

Eighth International Conference Of Ethiopian Studies, Addis ababa University:ILS

Filee Jaallataa. (2016). *Beekkumtaa Oromoo-I*: Naqamtee, Oromiyaa

Finnegan, Ruth. (1970) .*Oral literature in Africa*. Nirab Oxford University press.

Geetaachoo Rabbirraa.(2014). *Furtuu*:Kuraz International Pulishing Enterprise.

Jeylan W. Hussien.(2005). *The Function of African Oral Arts: The Arsi Oromo oral arts in*

In focus.African monographs, 26(1)Pp 15-58

John W. Creswell. (2007). *Qualitative Inquiry and Research Design: Choosing Among Five*

Five Approachs.Second edition.University of Nebraske.Sage publication.

_____.(2009). *Research design: Qualitative, quantitative, and mixed methods*

.Approaches.Third edition.University of Nebraske.Sage publication.

Jaarraa W. fi Wasanee B. (2001). *Bantuu Haaraa: Caaslugaafi Ogbarruu Afaan Orommo*.

Finfinnee:Oromiyaa

Fekede Azeze.(1984). *Ethiopia Oral Literature: A Preliminary Review and Bibliography*.

Eighth International Conference Of Ethiopian Studies, Addis ababa University:ILS.

Honeck, p.Q John G. T.(1994). *Proverbs the extended conceptual base and Great chain*

Metaphor.

Kelly.Liz.(1998).*Surviving Sexual Violence*.Cambridge:Polity Press.

Kuwee Kumsaa. (1998). *Oromo Women and Other Oromo National Movement*. Journal Of Oromoo Studies. Vol. 4, Nos 1 and 2.

. Lamalam Tayyee (2013). *Sadarkaa Dhimmoota korniyaa asoosamoota Dheeraa Afaan Orm*

Malaaknah Mangistuu. (2006). *Fundamental of literature: AAU*

Malkaamuu Margoo 2007,Qaacceesss qabiyyee mammaaksa dubartoota Oromoo.MA This Addis Ababa University

Meider Walfgong. (1997).*The politics of proverbs from traditional wisdom to proverb*

Steres Types. University of Misconsia Press

Mitikkuu Dibbeessaa. (1991). *Afoola Oromoo irratti BQWAO Biiroo Aadaafi beeksisa*

Oromiyaa.Wiirtuu Jiildii 4ffaa.Mana Maxxansaa Artistik.Finfinnee

Muluu Itichaa.(2006).*Xiinxala Qabiyyee Mammaaksa Oromoo*.Waraqaa Qorannoo digrii

Lammaffaa Guuttachuuf Dhiyaate.Yuunivarsiitii finfinnee.

Norma Masuku. (2005). *perceived operation of women inzulu folklore: A Feminist critique*,

University,OfSouthAfrica..

Sa'idaa Kadir. (2002).*Sirna Gadaafi Dubartoota*.Finfinnee dhaabbata maxxansaa

Birahanna Salaam.

Sena Gonfa.(2008).*The Image Of Women In proverb And saying Of Oromo In Case Of West*

Arsi.Unpublished MA Thesis.AAU.

Sims and Stephen. (2005). *Living Folklore: An introduction to study of people on their*

Traditions.Longanulah University Press

Statt.David.A.(1998).*A concise Dictionary of Psychology*.Third Edition:Routeledge location

Tufero, B. (2005). *Images of Women in Oromo Proverbs*. Unpublished BA Thesis.AAU

Department Of Foreign Language And literature.

Wandosan Tasfaayee. (1991).*Laguu*:BQWAO Biiroo Aadaafi Beeksisa Oromiyaa, Wiirtuu

jildii 4 ffaa Mana Maxxansa //Artistik, finfinnee.

Wright.Karen.(2010).*Generosity vs Altruism.Philanthropy and charity*.In United state and

United kingdom.

Yaazawu Nugusee.(2012) . *Qaaccessa Ateetee Oromoo Shawaa*.MA Guuttachuuf kan

Kan dhiyaate.Yuunivarsiitii finfinnee.

(<http://www:Feminist com/resource/links>).

Theories. *Metaphor and symbolic activity*. (online).<http: org/wiki/proverb>

DABALEEWWAN

Dabalee A: Ilaalcha dubartoota mammaaksa keessatti

Abbaa mucaa haadha malee namuu hin beeku

Adurreen somba bartee fi beerti dargaggeessa barte takka

Amanteen dubartiif amanteen arrabaa tokko.

Beerti nama qoccoltuu fi manni dhimmisu tokko.

Beerti dhiirsa mootu olla horii hin gootu

Bunni beerti danfiste cabaa fayyisa

Dubartiin beektuu hin qabdu beekaa deessii

Dubartii akka harmi ishee rarra'u qalbiin ishee rarra'a

Dubartiin dheertuu malee beektu hin qabdu

Dubartiifi Qawween kan abbaa bira jiruuti

Dubartiin Abba manaa mootu handaaraa bulti

Dubartiif fi jiboota garaa duwwaa leenjisu.

Dubartiif faradaganama leenjii tolchu

Dubartiif Jiruu ganama moo'atu

Dubarii sangaa fardaa abbaatuu fe'ata

Dubartii manatti, midhaan baakatti hin abdatan

Gursummaan gaafa heerumtu mooyyee qoorafu waggasaatti olla qoraasti

Guddina distiifi guddina durbaatti hin beekan

Humna bishaanii mala dubartii siif haa kennu

Intala warratti, midhaan baalatti hin abdatan

Irbaataa fi haadha ofii hin tuffatan

Intalli akkayyoon guddiste dudduuban laga ceeti

Jaartiin Hamtuun Jaarsa ofii qaanessiti

Jaartiin hamtuun yeroo jaarsi alaa galu gad baatee ala teessi

Jaarsa kiyya miidha jettee jaartiin gondarra teesse

Jaartiin mana ijaaraniif quuncee dhorgatte

Kan dubartiin booneefi kan bossoqqee dhaabbate tokko

Kan qullaa kaattera kan ibsaa ofitti qabdu.

Mootummaan dubartii karra cufaa oolchaa.

Mootummaan dubartii gorroo duubaa

Na caalaa nitii boodaa xaafii Adii fatagdi

Reefuu tola jette jaartiin jaarsi irraa duunaan sanyoo ofiitin

Reefuu naa ifa jette jaartiin mana gubdee

Ulfaachuun kan ulfaati jennaan gowwittiin garaa dhiibde.

Dabalee B-Ilaalcha dubartootaa Oduudurii keessatti

1,Bara durii namicha ilma tokko qofa qabu tokkotu ture.Ilmi tokkichi inni qabu kun haalan kunuunsama waan tureef,yeroo gabaabaa keessatti guddatee sadarkaa jaartii fuudhuu irra gahe.Abbaan isaas ilma isaa tokkicha kana durba durbummaan jirtu itti fuudhuu barbaade.Bu'uuruma kanaan abbaan isaafi maanguddoonni intala isaaf taatu barbaaduu jalqaban.Barbaacha kana keessa ijoollee dubraa sadii kaadhimamtoota dhuma godhaniif dhiyeessaan.Abbaan gurbaa sadeen keessa ishee takka akka baayyee jaallatee akka innis ishee fuudhu itti hime.Garuu durbi ati fuutu durbummaa yoo kan hin qabne tahe qabeenya kiyya dhaaluu akka hin dandeenye akeekkachiise. Durbummaa qabaachuu ishee immoo mirkaneeffachuuf uffata adii uffatee galgala gara ishee akka deemuuf yoo ishiin durba taatee argamte qawwee dhukaasuun gammachuu siifi olla keenyaaf ibsa jedheen.Mucaan isaas tole jedhee fudhatee galgala akkuma itti himameen gara intalaa yoo deemu ishiin durbummaa hin qabdu.Innis baayyee aarun mucatti gara warra isheeti deebise.Ammas yeroo muraasaan booda kaadhimamtuu ishee lammaffaa wajjii gaa'ela raawwate.Ammas haaluma ajajameen galgala gara mucattii yoo deemu ammallee durbummaa dhabe.Gurbichis carraa ofiitii baay'ee aaruun intalatti gara maatii isheetti gaggeesse.Itti aansuun yeroo sadaffaa kaadhimamtuu ishee sadaffaa wajjiin gaa'ela raawwate.Intalli isheen sadaffarratti fudhamtes durba taatee argamte.Abbaan gurbaas baayyee gammaduun qawwee dhukaasee,ummataollaasaa walitti waamuun qalee nyachisee obaase,gurbichis qabeenyaabbaa ofii dhaale jedhama.

(2) Durdur Namichatu haadha mana lama qaba ture Abbaan mana haadha manaa lama fuudhe ammoo dabareedhaan Kan bulanidha. Haadhi mana isheen tokko dhabduudha. Isheen tokko ammoo da'ima qabdi.gaafa mana daa'ima ishee qabduu namichi gammadaadha. Akkasumas ni kolfa gaafa dabaree mana ishee dhabduu bulu immoo callisee nyaata isaa nyaatee gara Lafa ciisaa deemee ciisa gaaffii itti ta'e gaafa inni mana ishee daa'ima qabdu bulu dhokatee dhageeffachuu deemte gaaafa dhageeffatu Abbaan manaa nikolfa ni hasawaa gaaffii itti ta'e gaafa inni dabareen mana ishee buluu dhufu nyaatanii buna danfistee kaaste hanga kana homaa

tokko hin hasawu gaaffii itti ta'e akkas jettee ati yeroo mana sana bultu hoo ni kolfita ni hasoftaa as yeroo dhuftu maaliif calliftaa jennaan achi bar nama ilkaan hin qabnnetu jiraa.jedheen isheen gaafa dabaree ishee ilkaan ofirraa fixxee eegde gaafa ol seene ta'u yoo seeqxu foon ilkaanii qofatu irra jira doomi si'a doomsu jedhe sokke jedhama

(3) Durdur namichatu niitii nama biro jaallatee, gaafa abbaan warraa ishee bira hin jirre gara manaatti waamte. Gaafa kana marqa marqitee nyaachistee, aannan obaastee, miila irraa dhiiqxee koottuu “siree gubbaa bahii ciisi” jetteen. Namichi lakki siree gubbaa ol hin baha naannooma siree kana ciisaa as naaf afi” jedheeni afteefi rafe.Namittiin siree gubbaa baatee ammuma natti ol baha jettee eegdus namichi itti ol bahu sodaate.Yoo lafti gara bariitti dhihaatu namittiin gad jettee namicha harkaan tuttuqaa “bada namana anaa hin badinii gadabii dhuftee lafa hin rafinii ol bahii ciisi” jetteen jedhama.

Durdurii kana keessatti dubartoonni jiruu fi jireenya hawaasummaa isaanii keessatti amanamummaan isaanii baayyee xiqqaa ta’u, akkasumas yeroo abbaan warraa isaanii hin jirre sagaagaltuutti fakkameeffaman. Durduriin kun jiruu fi jireenya hawaasummaa dubartootaa bifa hi’eentaa kaase. Durdurii ‘Eenyutu garaa jabaata’? kan dabalee keessatti kaafamee keessattis gara jabummaan dubartootaa fiixeetti bahuun hanga morma jaarsa ofii galgala yeroo inni rafu muruutti mul’ata.Gama birootiin durduriwwan kanneen akka “Tana moluun dhiiraafi niitii Qeessichaa” jedhan keessatti dubartoonni qaama hawaasaa amanamoo hin taanetti fakkeeffaman

Dabalee C Ilaalcha dubartoota jechama keessatti

A. Nyaara haddattee

B. Foolatee duute

C. Gaangee taate

D. Haadha biddenii

E. Ayyana hin qabdu.

F. Boosetidha

G. Kakkiste

H. Luka fanniste

I. Moyyee yaabatte.

J. Oboomboletti

K. Soqolatte

L. Meeshaa fixxe

M. Addaggee.

Dabalee D: Gaaffilee Afgaaffii

Afgaaffifi kanaaf Odeeffannoo naaf kennuuf eeyyamamtoota taatanii asitti argamuu keessaniif galatoomaa.

1. Akka naannoo keessanitti ilaalcha dubartootaaf qabdan maalfaa dha.
2. Dubartootaaf ilaalcha akkami qabaatamuuqaba jettanii yaaddu?
3. Akka naannoo keessanitti ilaalcha dubartootaaf mammaaksa akkamiin ibsitu?
4. Ilaalcha dubartootaaf qabdan akkamiin Oduuduriin ibsitu?
5. Ilaalcha dubartootaaf qabdan akkamiin jechama keessatti ibsitu?
6. Ilaalchi akkasi Kun dubartooirratti dhiibbaa akkamiin fidaa?
7. Ogafaan akkasii yookaan ilaalcha akkasi fayyadamuun miidhaa akkamiin geesisa?
8. Ilaalchi dubartii ibasan ogafaan keessatti yeroo ammaafi durii akkamiin ibsitu?
9. Ilaalcha hawaasni dubartiif qabu qabu akkamiin hir'isuu yookaan ballessuu danda'ama?

Dabalee C: Gaaffiilee Marii Garee Xiyyeeffannoo

1. Ilaalcha hawaasni dubartiif qabu akkamiin ibsamu?
2. Ilaalcha hawaasni dubartiif qabu mammaaksan mammaakamaniif Kan beektan hiika isaa waliin natti himuun addeessa?
3. Ilaalcha hawaasni dubartiif qabu Oduuduriin akkamiin ibsama hiikani isaa hoo akkamiin ibsama?

4. Ilaalcha hawaasni dubartiif qabu jechama keessatti akkamiin ilaallama?
5. Ilaalchi hawaasni dubartiif qabu Kun akka maatii, Ganda keessanitti akkamiin ibsama?
6. Ilaalcha hawaasni dubartiif qabu Kun ogafaan kanatti fayyadamuun dhibbaa akkamiin fiduu danda'a jettanii yaaddu?
7. Ilaalcha hawaasni dubartiif qabu yeroo ammaa maal fakkaata?
8. Ilaalcha hawaasni dubartiif qabu kana Akkataa isaan Ogafaaniitti gargaaraman dhibbaa isaan didan akkamiin ballessuu yookaan hir'isuu danda'ama?

Dabalee E: Odeeffannoo Waa'ee Hirmaattota Qorannoo

Maqaa guutuu	Saala	Sad/barnoota a	Umrii	Ganda	G/hojii
Makuria Badhanee	Dhi	Hinqaban	78	A/Samu'eel	A/gadaa
Katamaa wayyeecha	Dhi	8ffaa	65	A/saamu'eel	Maanguddoo
Amsaaluu kafanii	Dhi	3ffaa	58	Bilbiloo	Q/bulaa
Tsagaa Amsaaluu	Du	5ffaa	67	Boorataa gujii	Liigii dubarootaa
Tufaan mokonnin	Dhi	Hinbarne	58	Duffaa	Maanguddoo
Tolashii badhanee	Du	Hinqabdu	43	Duffaa	Haadha warraa
Tsigeen g/madiin	Du	4ffaa	47	A/saamu'eel	Haadha warraa
Inaatee qaqqabaa	Du	5ffaa	48	Bilbiloo	Haadha warraa
Kababuush Baacaa	Du	Hinbarne	50	B/gujii	Haadha warraa
Daraartuu taruu	Du	Hinbarne	56	Bilbiloo	Haadha warraa
Tawabuu Abushee	Du	Hinbarnne	60	Duffaa	Maanguddoo
Fallaqech Tasamaa	Du	Digirii	40	A/saamu'eel	I/G/G
Tolasaa Tasfayee	Dhi	Digirii	32	A/saamu'eel	W/aadaafi turuzimii
Leensaa Asfawu	Du	Digirii	35	A/saamu'eel	Adeemsa dhimms dubartootaa
Gazahiny Urgeessaa	Dhi	8ffaa	39	A/saamu'eel	W/aadaafi turuzimii

Iteenash Magarsaa	Du	Hinbarne	47	B)gujii	Q/bulaa
Saxuu dame	Dhi	Hinbarne	50	Duffaa	Q/bulaa
Itaanaa shagganaa	Dhi	6ffaa	28	Bilbiloo	Wardiyya
Cheerinat Darajjee	Dhi	4ffaa	44	Bilbiloo	Q/bulaa
Ifaa Tasamaa	Dhi	9ffaa	27	Duffaa	Wardiyya
Adanaa tarrecha	Dhi	11ffaa	29	Duffaa	Daldaala
Faanosee Tashoomaa	Du	7ffaa	27	A) saamu'eel	Daldaaltuu
Miliyoon mangistuu	Dhi	Hinbarne	69	Bilbiloo	Q/bulaa
Indalaa salamoona	Dhi	12ffaa Kan xummure	24	A/saamu'eel	Barataa
Abdii shimallis	Dhi	12ffaa Kan xummure	22	A/saamu'eel	Barataa
Wasanee wagayyoow	Du	12ffaa Kan xummurte	20	Bilbiloo	Barattuu
Leellisaa Abarraa	Du	12ffaaxummu rte	20	Bilbiloo	Barattuu